

**HAALA DHIYAANNA DHAMJECHOTA
UUMAMTEEFI HORTEE BARNOOTA AFAAN OROMOO
KUTAALEE 11^{FFAA} FI 12^{FFAA} BARA 2005 QOPHAA'AN**

TAARIKUU FIQAADUU GUDDATAA

**WARAQAA QORANNOO DIGIRII LAMMAFFAA (MA)
AFAAN OROMOOFI OGBARRUU BARSIIISUU
GAMISAA GUUTTACHUUF MUUMMEE
AFAAN OROMOO, OGBARRUUF
FOOKLOORIIF DHIHAATE**

**YUUNVARSIIHII ADDIS ABABAA
KOLLEEJJII NAMOOMAA, QORANNOO AFAANOTAAF
JOORNAALIZIIMIIFI QUUNNAMTII OGBARRUUF
FOOKLOORII**

**HAGAYYA, 2019
FINFINNEE**

HAALA DHIYAANNA DHAMJECHOTA UUMAMTEEFI
HORTEE BARNOOTA AFAAN OROMOO
KUTAALEE 11^{FFAA} FI 12^{FFAA} BARA 2005 QOPHAA'AN

TAARIKUU FIQAADUU GUDDATAA

GORSAA: TOLAMARAM FUFEE (PhD)

WARAQAA QORANNOO DIGIRII LAMMAFFAA (MA)
AFAAN OROMOOFI OGUBARRUU BARSIIISUU GAMISAA
GUUTTACHUUF MUUMMEE AFAAN OROMOO,
OGBARRUUFU FOOKLOORIIF DHIHAATE

YUUNVARSIITII ADDIS ABABAA
KOLLEEJII NAMOOMAA, QORANNOO AFAANOTAAF
JOORNAALIZIIMIIFI QUUNNAMTII OGBARRUUFU
FOOKLOORII

HAGAYYA, 2019

FINFINNEE

Yunivarsiitii Finfinnee

Dhaabbata Qorannoo Digirii Lammaffaa

Waraqaa qorannoo kana ulaagaa Digirii Lammaffaa (MA) Gamisaan Guuttachuuf Mata duree "Haala dhiyaannaa Uumamteefi Hortee Dhamjechoota Barnoota Afaan Ororomoo Kitaaba Barataa Kutaa 11^{ffaa} fi 12^{ffaa} Bara 2005 Qophaa'e Taarikuu Fiqaaduu Guddataatiin Qophaa'ee Sadarkaa madaallii yuunvarsitiin kaa'e kan guuteef

.

Koree Qormaataa

Qoraa alaa: Hayilamariyaam Qaqqabaa (PhD) mallattoo_____Guyya_____

Qoraakeessaa: Amaanu'eel Alamaayyoo (PhD) mallattoo_____Guyyaa_____

Gorsaa: Tolamaariyaam Fufaa (PhD) mallattoo_____Guyyaa_____

Itti gaafatamaa muumnee yookaan Qindeessaa sagantaa Digirii Lammaffaa (MA)

Axereeraa

Kaayyoon qorannoo kanaa dhiyaannaa uumamteefi hortee dhamjechoota kitaabilee barnoota Afaan Oromoo kutaa 11^{ffaa} fi 12^{ffaa} bara 2005 qophaa'an keessatti dhiyaatan qaacceessuudha. Innis, uumamteefi horteen dhamjechi qabiyyee caasaa Afaan Oromoo keessaa isa tokko waan ta'eef, kitaabichi hammam caasaa Afaanichaa jeddugaleessa godhatee, haala bilchina qabuun akka qophaa'e xinxaluudha. Kitaabileen barnootaa, barsiisonni Afaan Oromoo barsiisaniifi barattoonni kutaa kana baratan akka iddattootti filatamaniiru. Barattoonni hirmaatan mala iddatteessuu carraa tasaatiin kan filataman yoo ta'an, kunis mala lootoriin yoo ta'u, barsiisonni immoo, mala iddatteessuu mit-carraa keessaa, iddatteessuu akkayyooti gargaaramuun filataman. Kunis, kanneen odeeffannoon irraa fudhatamuun barbaachise murteessuun ta'a. Qorannoon kun gosa qorannoo Ibsaa (descriptive research) ta'ee, meeshaaleen funaansa ragaa kan qorataan itti gargaarame ammoo, mirkaneeffannaa kitaabilee barnootaa, qajeelcha barsiisaa, afgaaffii barsiisotaafi bargaaftii barattootaati. Odeeffannoon meeshaalee kanneeniin walitti qabame mala qorannoo akkamtaafi hammamtaatiin qaacceffameera. Akka argannoo qorannoo kanaatti, maalummaa, qabiyyee, tajaajila uumamteefi hortee dhamjechootaa gadi fageenyaan ibsamuu dhabuu, tokkummaafi garaagarummaa uumamteefi hortee dhamjechootaa adda bahee dhiyaachuu dhabuudha. Akkasumas, gilgaalonni uumamteefi hortee dhamjechoonni kitaabilee barataafi qajeelcha barsiisaa keessatti dhiyaatan bal'inaan kan walhinsimne ta'uu hubatameera, KBfi KQ walsimuu dhabuu, boqonnaalee kitaabilee barnootichaa giddu galeeffachuu dhabuu, qinbdoominni dhiyaannaa uumamteefi hortee boqonnaa gara boqonnaatti, kutaarraa gara kutaatti haala walitti fufinsa qabuun dhiyaachuu dhabuufi kanneen biroodha. Dhumarratti argannoo qorannoo kanaa irratti hundaa'uun uumamteefi horteen dhamjechoonni kitaabilee barnootaa kanniin keessatti dhiyaatan haala ofiin barachuu barattoota giddu galeessa godhatanii dhiyaachuu kan qabaniifi maalummaan, garaa garummaa uumamteefi hortee dhamjechootaa bifa ifa ta'een dhiyaachuu akka qabu yaadni furmaataa kennameera. Kana malees, qabiyyeewwan uumateefi hortee dhamjechootaa boqonnaalee jiran keessaa haala madaalawwaa ta'een gurmaa'anii dhiyaachuu akka qabaniifi KBfi QB akkaataa walsimachuu danda'aniin itti yaadamuun qophaa'uun qabu, kitaabni barattootaaf qophaa'u karaa kallattiifi alkallattii xiyyeeffannoo keessa galchuun afoola adda addaa hammachiisuun dhyeeffamee gaariidha, kitaabni barattootaaf qophaa'u daree keessatti waliin mari'achaa akka baratan kan taasisu yoo ta'e gaariidha; haala jechoonni uumamaniifi itti horan tajaajila caasluga Afaanii adda addaatiif itti ooluu danda'an fakkenyaan deeggaramee kitaabilee barnoota Afaan Oromootiifi sirna barnoota Afaan Oromoo qopheessaniif, qabxiileen kunneen akka yabootti dhiyaatanii jiru.

Galata

Hunda dura waaqayyo nagaafi fayyaa naaf kennee sadarkaa kanaan na ga'uu isaatiif guddiseen galateefadha.

Itti aansuun kallattii hundaan nuffii tokko malee, yeroo isaanii aarsaa gochuudhaan obsaafi hamilee hawwachiisaa ta'een gorsa ogummaa gabbataafi quubsaa ta'e naaf kennuu jalqabaa hanga dhumaatti nacinaa dhabbachuun milkaa'ina qorannoo kanaatiif gumaacha tokkoffaa kan naaf gumaachan gorsaa koo Dr.Tolamaram Fufaaf galata guddaa onneerraa maddeefi dinqisifannaan isaaniif qabu guddaadha. Itti dabalees, yunivarsiitiin Addis Ababaa carraa kana naaf kennee sadarkaa kana akkan gahu kan taasise waan ta'eef galata guddaan galchaaf.

Kanatti aansuun, waraqaa qorannoo koo jabaadhee akkan hojjedhuuf deeggarsa adda addaatiin nacinaa dhabbachuun na jajjabeessaa kan turan hiriyyoota koof galannin qabu isa ol'aanaadha. Akkasumas, barreeffama qorannoo kana yemmuun hojjechaa ture keessatti deeggarsa waraqaafi piriintii naaf gochuun gargaarsa bal'aa gama maraan kan naa taasisaa turte hiriyyaa koo Ababaa Eebbiyyoo guddiseen galateeffadha.

Dabalataan, hiriyoottan koo odeeffannoo barbaachisaa ta'e naa kennuudhaan qorannoon kun milkaa'aa akka ta'u warra nagargaaran waan ta'aniif galata guddaan galchaaf.

Dhumarraatti, milkaa'ina qorannoo kanaatiif qofa osoo hintaane milkaa'ina jiruu kootiif jajjabina ta'uudhaan onnee koo gammachuudhaan guuttee kan najajjabeessaa turte haadha warraa koo Alamituu Tolaatiifi mucaakoo Abdii Taarikuutiif kabajniifi galannii ani isaaniif qabu ol'aanaadha.

Kottoonfee

Kottoonfee

Ibsa

BBO	Biiroo Barnoota Oromiyaa
HUB	Hubachiisa
KB	Kiaaba Barataa
QB	Qajeelcha Barsiisaa

Baafata

Qabiyyee	Fuula
Axereeraa	i
Galata.....	ii
Kottoonfee	iii
Tarreeffama Gabateewwanii	ix
BOQONNAATOKKO.....	1
1.1 Seensa	1
1.2 Ariirrata Qorannichaa	1
1.2 Ka'umsa Qorannichaa.....	5
1.3 Kaayyoo Qorannichaa.....	7
1.3.1 Kaayyoo Gooroo	7
1.3.2 Kaayyoo Gooree.....	7
1.4 Faayidaa Qorannichaa.....	8
1.5 Daangaa Qorannichaa	9
1.6 Hanqina Qorannichaa.....	9
1.7 Qindaa'ina Qorannichaa	9
BOQONNAA LAMA: SAKATTA'A BARRUU.....	11
2.1. Seensa Qorannichaa	11
2.2. Dhamjechaafi Jecha	11
2.3. Firjecha	11
2.4. Dhamjecha	12
2.4.1. Akaakuuwwan Dhamjechootaa	12
2.4.1.1. Dhamjecha Walabaa.....	13
2.4.1.1.1. Dhamjecha Hiikaa.....	14
2.4.1.1.2. Dhamjecha Tajaajilaa.....	14
2.4.1.2. Dhamjecha Hirkataa	14
2.5. Jecha.....	15
2.5.1. Qaamolee Jechaa	15
2.5.1.1. Hundee Hirkataa.....	15
2.6. Fufii.....	16

2.6.1. Akaakuu Fufii.....	16
2.6.1.1. Bu'uura Tajaajilaatiin.....	16
2.6.1.1.1. Fufii Yaasaa	16
2.6.1.1.2. Fufii Hortee.....	19
2.6.1.2. Bu'uura Bakkaatiin.....	24
2.6.1.2.1. Fufii Duree	24
2.6.1.2.2. Fufii Naannee.....	25
2.6.1.2.3. Fufiii Duubee	26
2.6.1.3. Bu'uura Qabiyyeetiin	26
2.6.1.3.1. Fufii Tajaajil-heddee.....	26
2.6.1.3.2. Fufii Dhokatee	27
2.6.1.3.3. Fufii tajaajil Tokkee.....	28
2.7. Hormaata Jechoota Afaan Oromoo.....	28
2.7.1. Lakkoofsa	28
2.7.2. Koorniyaa	30
2.7.3. Koorniyaa maqibsiirratti.....	30
2.8. Uumama Jechoota Afaan Oromoo	31
2.9. Gahee Dhiyaannaa Kitaaba Barnootaa	36
2.10. Gahee Qopheessitoota Dhiyaannaa Qabiyyee Barnoota Afaanii Keessatti.....	37
2.11. Faayidaa Dhiyaannaa Qabiyyee Dhamjechoo Kitaaba Barnootaa Keessatti	38
2.12. Akkaataa Dhiyaannaa Uumamteefi Hortee Dhamjechootaa Kitaaba Barataa	
Keessatti	39
2.13. Qindoomina Dhiyaannaa Uumamteefi Hortee Dhamjechootaa Kitaaba Barnootaa	
Keessatti	39
2.13.1. Karaa Kallattii Yookaan Ifa Ta'een	41
2.13.2. Karaa Alkallattii	41
2.13.3. Qaaccessa Dhiyaannaa Uumamteefi Hortee Barreeffama Keessatti.....	41
2.13.3.1. Waliin Haasawaa yookaan Marii Gochuu Keessa	41
2.13.3.2. Afoola Adda Addaan Walqabsiisuun Dhiyeessuu	42
2.13.3.3. Mala Faayidaa Murtaa'aaf Dhiyeessuu	43
2.13.3.4. Murtaa'aatii Gara Dimshaashaatti (Inductive Method) Dhiyeessuu	43
2.13.3.5. Dimshaashaa Gara Murtaa'aatti (Deductive Method) Dhiyeessuu.....	43

2.14. Sakkatta'a Barruu Wal-fakkii	44
BOQONNAA SADI: ADEEMSAAFI MALLEEN QORANNICHAA.....	46
3.1. Seensa	46
3.2. Maddoota Ragaalee.....	46
3.3. Mala Filannoo Iddattoo.....	47
3.4. Qaacceessa Kitaabilee Barnoota Afaan Oromoo	48
3.5. Meeshaalee Funaansa Ragaalee	48
3.6. Mala Qindaa'inaafi Qaacceessa Ragaalee	48
BOQONNAA AFUR	50
ODEEFFANNOO QAACCESSAA, HIIKAAFI DHIYEESSA	50
4.1 Seensa	50
4.2 Qaacceessa Odeeffannoo Kitaabilee Barataarraa Argame	50
4.2.1 Odeeffannoo Kitaabilee Barataarraa Argame	50
4.2.1.1 Uumamteefi Hortee Akaakuu Dhamjechootaa.....	52
4.2.1.2 Haala dhiyaannaa uumamteefi hortee dhamjechootaa	57
4.2.2 Haala Uumama Jechoota Afaan Oromoo	61
4.2.2.1 Akkaataa Dhiyaannaa Uumamtee Dhamjechoota Afaan Oromoo Kitaabilee Barnootaa Keessatti	61
4.2.3 Qaacceessa Odeeffannoo Qajeelcha Barsiisaa.....	64
4.2.3.1 Akaakuu Uumamteefi Hortee Dhamjechoota Afaan Oromoo	64
4.2.3.2 Haala Dhiyaannaa Uumamteefi Hortee Dhamjechootaa.....	65
4.2.3.3 Akkaataa Dhiyaannaa Uumamteefi Hortee Dhamjechoota Afaan Oromoo Kitaabilee Keessatti Maal Akka Fakkatu Ilaalchisee.....	67
4.2.3.4 Akkaataa Dhiyaannaa Uumamteefi Hortee Dhamjechoota Afaan Oromoo Kitaabilee Keessatti Maal Akka Fakkatu Ilaalchisee.....	68
4.3 Akkaataa uumama jechoota Afaan Oromoo	68
4.4 Qaacceessa Afaaffii Barsiisotaa	69
4.4.1 Akaakuu Uumamteefi Hortee Dhamjechoota Kitaabilee Barnootaa Keessatti Hammatamuu Isaanii.....	70
4.4.2 Qindoominni Dhiyaannaa Uumamteefi Hortee Dhamjechoota Afaan Oromoo Kitaabilee Barataa Keessatti Dhiyaatan Fedhii Barachuu Barattootaa Kakaasuu Danda'uu Isaanii.....	70

4.4.3 Walsimannaa Uumamteefi Hortee Dhamjechoota Kitaaba Barataafi	
Qajeelcha Barsiisaa Keessatti Dhiyaatanii Ilaalchisee	71
4.4.4 Miidhaa Haqinaaleen Dhiyaannaa Uumamteefi Hortee Dhamjechootaa Baruu	
Barsiisuu Keessatti Fiduu Danda’u	72
4.4.5 Haalli Dhiyaannaa Uumamteefi Hortee Dhamjechoota Kitaabilee Barnootaa	
Keessatti Hammatamanii Qabiyyee Barnootichaa Guutuu Taasisuu Isaanii	
.....	73
4.4.6 Hanqinaalee Haala Dhiyaannaa Uumamteefi Hortee Dhamjechoota Afaan	
Oromootiif Ka’umsi Maal Ta’uu Danda’a Kan Jedhamuuf.....	73
4.4.7 Hanqinaalee Dhiyaannaa Uumamteefi Hortee Dhamjechoota Afaan Oromoo	
Maqsuuf Yaada Furmaataa Ilaalchisee.....	74
4.5 Qaaccessa Odeeffannoo Bargaaffii Barattootarraa Argame	74
4.2.3 Qaaccessa Deebii Hubannoo Barattootaa.....	75
4.6. Qaaccessa Akkaataa Dhiyaannaa Uumamteefi Hortee Dhamjechootaa.....	82
4.6.1. Qaaccessa Dhiyaannaa Uumamteefi Hortee Karaa Kallattii.....	83
4.6.2. Qaaccessa Dhiyaannaa Uumamteefi hortee Karaa Alkallattii	84
4.6.2.1. Qaaccessa Dhiyaannaa Uumamteefi Hortee Barreeffama Keessatti.....	85
4.6.2.2. Qaaccessa Dhiyaannaa Uumamteefi Hortee Dhamjechootaa Afoolaan	
Walqabatu.....	87
4.6.2.3. Qaaccessa Mala Uumamteefi Hortee Dhamjecha Faayidaa Murtaa’aaf	
Dhiyeessuu	88
4.6.2.4. Qaaccessa Mala Murtaa’aatii Gara Dimshaashaatti Uumamteefi Hortee	
Dhiyeessuu	90
4.6.2.5. Qaaccessa Mala Dimshaashaa Gara Murtaa’aatti	91
4.7. Qindoomina Dhiyaannaa Uumamteefi Hortee Dhamjechootaa Kitaabilee	
Barattootaafi Qajeelcha Barsiisaa Keessatti.....	92
BOQONNAA SHAN	97
CUUNFAA, ARGANNOOFI YABOO	97
5.1. Cuunfaa.....	97
5.2. Argannoo.....	98
5.3. Yaboo.....	101
Wabii	
Dabaleewwan	

Tarreeffama Gabateewwanii

Fuula

Gabatee: (4. 1) Haala dhiyaannaa uumamteefi hortee akaakuu dhamjechootaa kitaabilee barattootaa keessatti	52
Gabatee (4.2) Haala dhiyaannaa uumamteefi hortee dhamjechoota kitaabilee barnoota Afaan Oromoo	57
Gabatee (4.3) Akkaataa dhiyaannaa uumamtee dhamjechoota Afaan Oromoo kitaabilee barataa keessatti	61
Gabatee (4.4) Uumamteefi hortee dhamjechootaa qajeelcha barsiisaa keessatti	64
Gabatee (4.5) Uumamteefi hortee dhamjechoota Afaan Oromoo qajeelcha barsiisaa keessatti.....	66
Gabatee (4.6) Dhiyaannaa uumamteefi hortee dhamjechoota Afaan Oromoo qajeelcha baransiisaa keessatti	67
Gabatee (4.7) Akkaataa dhiyaannaa uumama uumamtee jechoota Afaan Oromoo qajeelcha barsiisaa keessatti	68
Gabatee (4.8): Yommuu qabiyyee dhiyaannaa uumamteefi hortee dhamjechoota Afaan Oromoo kutaa keessatti barattu hubannoo qabiyyichaa bal'inaan argatteettaa?.	75
Gabatee (4. 9) Qindoominni uumamteefi hortee dhamjechootaa maal akka fakkaatu ilaalchisee	76
Gabatee (4.10) Haala dhiyaannaa hortee dhamjechoota Afaan Oromoo caasluga agarsiisuun kitaaba barattootaa keessatti dhiyaatee argamuu isaa ilaalchisee	78
Gabatee (4.11) Haala dhiyaannaa uumamtee uumama jechootaa keessatti akkaataa dhamjechoonni garaagaraa jecha duraan ture jijjiiruudhaan garee jechaa haaraa uumuuf Afaan Oromoo keessatti tajaajilan kitaaba barattootaa keessatti ibsamuusaa	79
Gabatee (4.12) Shaakalliifi gilgaalli dhiyaate uumamteefi hortee dhamjechootaa hubachiisuu isaanii ilaalchisee.....	80
Gabatee (4.13) maalummaa uumamteefi hortee ilaalchisee ibsi kitaabilee barnootaa keessatti kenname gahaa ta'uu isaa.....	81

BOQONNAATOKKO

1.1 Seensa

Boqonnaan kun ariirrata, ka'umsa, kaayyoo, faayidaa, daangaafi Hanqina qorannichaa of keessatti hammatameera.

1.2 Ariirrata Qorannichaa

Afaan meeshaa dhalli namaa aadaa, eenyummaa jiruufi jireenya isaa ittiin ibsatudha. Afaan Oromoo, afaan sabni Oromoo: aadaa, eenyummaafi haala jiruufi jireenya isaa ittiin ibsatudha. Afaan Oromoo Afrikaa keessatti afaan namoota baay'een dubbataman gurguddoo sadii: Afaan Arabaa, Siwaahiliifi Hawusaatti aanee afaan sadarkaa araffaa irratti dubbatamuudha; Itoophiyaa keessatti ammoo afaan uummata dhibbeentaa afurtamaa (40%) oliin dubbatamu, afaan duraati. Kanaaf, Afaan Oromoo afaan saba bal'aa yoo ta'u, maatii Afaan Kuushi (Cushitic language family) keessaa tokko ta'ee, biyyoota Baha Afrikaa keessatti argaman: Sumaaliyaa, Keeniyaa, Ugaandaafi kan biroo keessattis baay'inaan nidubbatama. Afaan Oromoo afaan akka Baha Afrikaatti sadarkaa duraarratti argamuufi yeroo ammaa kana immoo: afaan barnootaa, afaan hojii, afaan qorannoofi qo'annoo, afaan saayinsiifi tekenoolojii ta'ee jirudha (Asafaa 2009:12).

Xinqooqni akka damee barnoota tokkootti dhaabbatee, baratamuufi barsiifamuu kan eegale jaarraa 20^{ffaa} keessa ture (Lyons, 1981:171; Stern, 1983; Mahadi 1995; Tamane, 2000: 125).

Xiinqooqni saayinsii afaanii ta'ee, afaanota addunyaa sagaleerraa kaasee hanga hiikaatti kan qoratuufi kana bira darbee beekumsaawwan biroo waliin walitti dhufeenya qabu dameewwan isaa adda addaatiin kan qoratudha. Kunneen immoo, akka waliigalaattii yoo ilaalaman kanneen akka itti fayyadama afaanii, ijaarsa jechootaa, seera afaanii kan ofkeessatti qabatudha. Innis,xinjecha, xinsaga, xinhimaafi xinhiika ofkeessaatti hammata. Kanneen keessaa qorannoo akkaataa ijaarsa jechoota afaan tokkoo irratti kan xiyyeeffatu xinjecha afaan sanaa kan ilaaluudha (Lyons, 1981:180; Mc Carty, 2001:77).

Xinjechi damee xinqooqaa keessaa isa tokko ta'ee, saayinsii jechoota afaan tokko xiinxaludha. Saayinsiin kunis, afaanonni adda addaa akkamitti jechoota isaanii akka

ijaarratan qorachuun yaadiddama waliigalaa kan dhiyeessudha. Xiyyeeffannaan yaadiddama kanaa immoo, haala hawaasni afaan sana dubbatu eeguu qabu kan ibsudha. Kana malees, jechoonni afaan tokkoo ulaagaa maaliin akka ramadamaniifi akkamitti ijaaramuu akka danda'an adda baasee ifa gochuun xiinxala. Akkasumas, haala jechoonni afaan tokkoo itti uumamaniifi horuudhaan seerluga agarsiisan xiinxala(Stern, 1983: 88; Matthews, 1991: 125; Yule, 1996: 199).

Dabalataanis xinjechi akkaataa ijaarsaafi uunkaa jechoota afaan tokkoo haala saayinsawaa ta'een xiinxaluun jechoota afaan sana keessatti argaman qorachuun garee addaa addaatti niqooda, dhamjechoota afaan tokko keessatti argamanis nixiinxala. Kana malees, loogawwan adda addaa afaan tokko keessatti argaman keessaa kanneen bal'inaan tajaajilan fudhachuudhaan afaanicha waalteessa. Kun immo, namoonni loogawwan adda addaa afaanicha dubbatan salphaatti akka waliigalan gargaara.

Karaa biraatiin immoo, xinjechi jecha yaada haarawaa bakka bu'uu moggaasuudhaan ykn jecha yaada haarawaa waliin gara afaanichaatti fudhatame haala afaanichaaf mijatuun uunkaa jechichaa amma tokko jijjiiree fudhachuudhaan afaanicha waaltessa (Radford, et al, 1999: 139; Sharma and Tuteja, 2005: 60).

Kaayyoon qorannoo xinjecha afaan tokkoo, caasaa ijaarsa jechootaafi akkaataa casaaleen adda addaa walitti dhufeenya ijaarsa jechoota keessatti qaban adda baasuun kan xiinxaluudha. Kunis, jechoota afaan tokko keessa jiran bu'uureffachuun jechoota adda addaa hedduu ijaaruun itti danda'amu xiinxala. Jechoota kana ijaaruufi kan ijaarames hubachuuf immoo, akkaataa dubbataan afaanichaa itti gargaaramu bu'uureffachuun bu'aa guddaa qaba. Afaan tokko hiika qabeessa ta'ee ergaa guutuu akka dabarsuuf sagaleewwan dubbii afaanichaa sanaan jechoota ijaaruudhaan seerluga afaanichaa agarsiisuudha(Anderson, 1992: 7).

Afaan tokko akka waliigalaatti mataasaa danda'ee sadarkaa sagaleerraa hanga hiikaatti haala ittiin dhiyaatu qabaachuu qaba. Qindoominni dhiyaannaa afaanichaas ta'ee, akkaataan ijaarsa jechoota afaanichaa galma ga'iinsa sagantaa barnoota afaan sanaaf gahee guddaa qaba. Sagaleewwanis, seera afaan tokkoo eegani wal-duraa duubaan walitti aananii qindaa'anii yoo ijaaraman malee, ergaa hiika qabeessa ta'e dabarsuu hindanda'an.

Kunis, kan mul'isu haalli jechoonni afaan tokko keessatti argaman itti ijaaramanii tajajilaaf oolan kan afaan gara biraatiin adda ta'uusaati. Innis, kallattiin haala qaacceessaafi qorannoo xinjecha afaan tokkoo kan ilaallatudha (Lyons, 1981; Stern, 1983).

Dhamjecha (Morpheme) jechuun qaama xiqqaa hiikaa ofdanda'ee yookaan hirkatee argamuun tajaajila (hiika) tokko qofa kennuudha. Unki jechaa tokko addaan qoodamee hiika dhabeessa yoo ta'e, dhamjecha jedhama. Hiika qabaachuunis, jecha hiika tokko qofa qabuun walfakkeessa. Kana jechuun dhamjecha hiika tokko qofa kan qabuufi yoo addaan qoodame hiika qabaachuu kan hindandeenye ta'uu isaati. Dhamjechi addaan qoodamee qofaatti hiika kan hinqabne yoo ta'u, bakka jiru sanatti hiika kan qabuufi tajaajila adda addaa kan kennuudha.

Fakkeenyaaf /e/ qofaa dhaabbattee dhamsagarraa adda kan ta'e hiika hinqabdu. Jecha 'kufe' jedhu keessatti, garuu {-e} n hiika gochichi hennaa darbe keessatti raawwatamuu isaa mul'isti. Fufiileen Afaan Oromoo tajaajila isaaniirratti hundaa'uun, warra tajaajila caaslugaa dabalaniifi warra tajaajila garee jechaa ykn hiika jijjiiran jechuun bakka lamaatti qoodamu. Isaanis; fufiilee yaasaafi fufiilee hortee yoo ta'an, qooddii isaanii inni guddaan tajaajila isaaniiti. Fufii yaasaa ykn uumamteen garee ykn hiika jechaa jijjiiruuf qaama jechaatti fufamu. Fufiin horteen akaakuu dhamjecha hirkataa ta'ee, tajaajila caaslugaa agarsiisuuf hundee ykn bu'uura jechaatti kan maxxananidha.

Kanaaf, qorannoon kun yaaxxina caaseffamaa (Structural Theory) kan bu'uureffateedha. "Yaaxinni caaseffamaa seeraafi caasaa afaanii ibsuu irratti xiyyeeffata" jedha. Qorannoon kunis, caasaa dhamjechootaa tokko tokkoon kan ibsuufi kitaaba barataa keessatti uumamteefi horteen dhamjechoota Afaan Oromoo akkamiin akka dhiyaatanii jiran, akkamiin dhiyaachuu yookaan maal ta'uu akka qaban ibsuu irratti waan fuuleffatuuf yaaxxina kana gargaarameera (Chomesky, 1965:163; Addunyaa, 2012:89).

Qorannoon kunis, haala dhiyaannaa uumamteefi hortee dhamjechoota Afaan Oromoo kitaaba barataa Kutaa 11^{ffaa} fi 12^{ffaa} xiinxaluun waan ta'eef, xinqooqa jalatti ilaalama. Xinqooqa keessatti tooftaaleen, yaaxxinniifi argannoowwan rakkoo hawaasaa kan sababa afaaniitiin mudatan furuuf itti tajaajilamuun hujummaa xinqooqaa mul'isa. Kanaaf, mataduree kana jalatti rakkoowwan kitaaba barnoota Afaan Oromoo keessatti gama

dhamjechootaan xiyyeeffannoo barbaadan qoratani dhiyeessuun namoota qorannoo geggeessuu barbaadan, qopheessitoota sirna barnootaa, guddinaafi itti fayyadamtoota afaanichaa nigargaara. Qorannoon haala dhiyaannaa uumamteefi hortee dhamjechoota Afaan Oromoo kitaaba barataa kutaa 11^{ffaa} fi 12^{ffaa} ilaalchisuun kallattiin geggeeffame waan hinjirreef, qorannoon kun qopheessitoota sirna barnoota kanaaf bu'uura ta'a.

Kana malees, hiika dhamjechi tokko jecha keessatti qabdu adda baasanii hubachuuf dubbistoota qorannoo kanaa nigargaara (Addunyaa, 2011: 8)

Kitaabni barattootaaf qophaa'u daree keessatti waliin mari'achaa yookaan waliin haasa'aa akka baratan kan taasisu yoo ta'e gaariidha. Silabasiin qajeelcha barsiisaas haala dhiyaannaa uumamteefi hortee bu'uureffachuun kan qophaa'u ta'uu qaba. Faayidaan kanaas, caasaa afaanii barsiisuu qofa osoo hinta'iin dandeettii dhaggeeffachuufi dubbachuu akka gabbifatan isaan gargaara jedha.

Walumaagalatti, qorannoon kun bu'uuraan kan irratti xiyyeeffatu, haala dhiyaanna uumamteefi hortee dhamjechoota barnoota Afaan Oromoo kitaaba barataa kutaa 11^{ffaa} fi 12^{ffaa} keessatti: maalummaa uumamteefi hortee, akaakuu uumamteefi hortee, haala dhiyaannaa uumamteefi hortee dhamjechoota Afaan Oromoo ibsuu, akkaataa dhiyaannaa uumamteefi hortee dhamjechoota, qindoomina uumamteefi hortee kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa keessaa maal akka fakkaatu ibsuufi hanqina gama dhiyaannaa uumamteefi hortee dhamjechoota Afaan Oromoo kitaabicha keessatti mul'atu adda baasuun dhiyeessuufi furmaata kaa'uudha. Qorannoon kun yaaxina dhamjechoota xiyyeeffannoon isaa Afaan Oromoo keessatti maal akka ta'e dhiyaannaa kitaaba barnoota Afaan Oromoo keessatti galma gahumsa sagntaa barnootaan walqabsiisuun adda baasee kan ibsuudha.

Kana malees, uumamteefi horteen dhamjechoonni barnoota Afaan Oromoo keessatti akkamiin akka ramadamaniifi akkamitti ijaaramuun sagntaa barnootaaf kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa 11^{ffaa} fi 12^{ffaa} keessatti dhiyaachuu akka danda'an adda baasee dhiyeessuudha (Lyons, 1983: 89).

1.2 Ka'umsa Qorannichaa

Uumamteefi hortee dhamjechoota Afaan Oromoo irratti qorannoo akkan gaggeessuuf kan na kakaase, dhiyaannaa xinjecha Afaan Oromoo irratti hanqinaalee dhiyaannaa uumamteefi hortee dhamjechootaa kitaabilee barnootaa keessatti jiraachuu, hanqinni qabiyyee kitabilee barnootaa keessa jiraachuu, garaagarummaan KBfi QB gidduutti mul'atu jiraachuu waan hubatee fidha. Akkuma kanas, rakkoo kana adda baasuun furmaata kaa'uun kan adeemsifamu ta'a. Kanarraa ka'uun qorataan haala dhiyaannaa uumamteefi hortee dhamjechoota Afaan Oromoo kitaabilee barnoota Afaan Oromoo kutaalee 11^{ffaa}fi 12^{ffaa} bara 2005 qophaa'anii dhiyaatan irratti qorannoo gaggeessuun hanqinaalee haala dhiyaannaa uumamteefi hortee dhamjechootaan walqabatanii mul'atan adda baasuun qaaccessessee dhiyeesse.

Harmer (1991: 58) "One of the teacher job is to show how the new language is formed, how the grammar works and how it is put together. One way of doing this is to explain the grammar in detail using grammatical terminology and giving a mini lecture on the subject" jedha.

Kana jechuun hojii barsiisaa keessaa inni tokko barumsa afaanii keessatti akkaataa wanti haaraan tokko barnoota afaanii keessatti itti dhiyaachuu danda'u, seerlugni afaanii tokko akka itti ijaaramu, walitti dhufeenyaafi hojiiarra oolmaa caasaa afaanichaa agarsiisuudha. Kun ammoo caasaa afaanichaa bu'uuraan beekuufi hiika caasaafi qabiyyee barnootichaa gosa barnoota tokkoo keessatti ibsa murtaa'aa tokko kennuu danda'uu ibsa.

Beekumsaafi itti fayyadama afaan tokkoo keessatti seera afaanichaa qixaan beekuun baay'ee barbaachisaadha. Kunis, amala jechoonni bu'uuraafi ijaaraman qabaniifi seerota isaan ittiin to'ataman balballoomsuurraa eegala. Seerri afaanii kunis, seerluga, ijaarsa jechootaafi kkf sirriitti beekamuu qabu. Haaluma kanaan, akkaataa qindoomina ijaarsa jechoota Afaan Oromoo hubachuuf, haalli dhiyaannaa xinjecha afaanichaa bu'uura godhachuun adda baasanii beekuun barbaachisaadha. Seera qindoomina ijaarsa jechoota Afaan Oromoo beekuun ammoo, seera afaanichi itti dhiyaatu hubachuuf beekumsa gonfachiisu argachuudha (Sharma and Tuteja, 2005).

Guddina afaan tokkotiif jechoonni afaanicha keessatti argaman baay'ee murteessoodha. Tajaajilli jechoonni afaan tokkoo dagaagina afaanichaatiif kennanis: namoonni afaanicha hinbeekne fedhiin afaanicha barachuuf, kanneen beekan ammoo babal'isanii ibsuuf, seera afaanichaa kanneen qubeessuu, ijaarsa sagaleelee, itti fayyadama jechootaafi kkf baay'ee barbaachisaadha (Asafa, 2009).

Jechoota kanneen ijaaruufis ta'e, kanneen ijaaramanii argaman irraa hubannoo argachuuf immoo haalli qindoomina dhiyaannaa uumamteefi hortee dhamjechoota Afaan Oromoo kitaabilee barnoota Afaan Oromoo keessatti galmaga'insa adeemsa baruu-barsiisuu qabiyyee xinjechaa irratti dhiyaatan iddoo guddaa qabu.

Xinjechi qindoomina ijaarsa jechoota kanneen akka dhamjechoa, akaakuwwan dhamjechoa, haala jechoonni itti uumamaniifi horuu jechoota Afaan Oromoo kan xinxaluudha (Addunyaa, 2011).

Qorannoo kanaan dura xinjecha Afaan Oromoo irratti gaggeeffame gama hormaata jechootaafi uumama jechoota Afaan Oromoo ilaalchisee (Ijaaraa, 1999) "Haala Dhiyeessa Xiinlatii Afaan Oromoo Manneen Barnootaa Qophaa'ina Godina Baalee keessatti" jedhu irratti kan xiyyeeffatedha. (Gurmeessaa, 2014) "Qaaccessa caasaa jechaafi hima Afaan Oromoo kitaabilee barumsaafi kitaabilee wabiirratti kan xiyyeeffate" (Duulaa, 2016) "Qaaccessa Qabiyyee Dhamjechoota Afaan Oromoo Kitaaba Barataa Kutaa 12^{ffaa} irratti yoo ta'u, qorannoon kunis, xixala dhamjechoota irratti irratti xiyyeeffate yoo ta'u, kunis, dhamjechoota walabaafi hirkatootti qoodee kan ilaaledha. Kaayyoon qorattoota kanneenii akka waliigalatti yoo ilaallee haala dhiyeessa xiinlatii Afaan Oromoo, caasaa jechaafi himaafi dhamjechoota Afaan Oromoo adda addaarratti kanxiyyeeffatedha. Xiyyeeffannaan qabiyyee qorannoo isaan armaan olitti eeramaniin adda kan isa taasisus, qaaccessa dhamjechootaafi dhiyaannaa xiinxala ijaarsa jechootaafi himaa osoo hinta'iin haala dhiyaannaa uumamteefi hortee dhamjechoota Afaan Oromoo kitaabilee barnoota Afaan Oromoo kutaa 11^{ffaa} 12^{ffaa} bara 2005 qophaa'an irratti kan xiyyeeffatedha.

Kaayyoon isaas, hanqinaalee dhiyaannaa uumamteefi hortee dhamjechoota Afaan Oromoo kitaabilee kanneen keessatti dhiyaatan adda baasuun, haala isaan baruu-barsiisuudhaaf itti dhiyaachuu danda'an ibsuudha.

.Qorannoo haala dhiyaannaa uumamteefi hortee dhamjechoota Afaan Oromoo sagantaa adeemsa baruu-barsiisuutiif kitaabilee barnoota Afaan Oromoo kutaa 11^{ffaa}fi 12^{ffaa} bara 2005 qophaa'an irratti adeemsifamu keessatti gaaffileen bu'uuraa armaan gaditti dhiyaatan deebii argatu.

1. Akaakuun dhiyaannaa uumamteefi hortee dhamjechoota Afaan Oromoo kitaabilee keessatti dhiyaate maal fa'i?
2. Uumamteefi hortee dhamjechoota Afaan Oromoo kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa kutaa 11^{ffaa}fi 12^{ffaa} keessatti haala madaalawaa ta'een uumamteefi horteen dhiyaatee jiraa?
3. Akkaataan dhiyaannaa uumamteefi hortee dhamjechoota Afaan Oromoo kitaabilee keessatti maal fakkaata?
4. Qindoominni dhiyaannaa uumamteefi hortee dhamjechootaa maal fakkaata?
5. Haalli dhiyaannaa qabiyyee uumamteefi hortee dhamjechoota Afaan Oromoo kitaabilee barataa Kutaa 11^{ffaa}fi 12^{ffaa} keessatti haala akkamiin dhiyaachuu qaba?

1.3 Kaayyoo Qorannichaa

1.3.1 Kaayyoo Gooroo

Kaayyoon gooroo qorannoo kanaa haala dhiyaannaa uumamteefi hortee dhamjechoota barnoota Afaan Oromoo kitaabilee barataa kutaa 11^{ffaa}fi 12^{ffaa} bara 2005 keessatti haala ittiin dhiyaataniifi akkamitti akka dhiyaachuu qaban adda baasuudha.

1.3.2 Kaayyoo Gooree

Kitaabilee barnoota Afaan Oromoo kutaa 11^{ffaa}fi 12^{ffaa} bara 2005 qophaa'an keessatti haala dhiyaannaa uumamteefi hortee dhamjechoota barnoota Afaan Oromoo hojiirra oolmaa/ dhiyaannaa isaa adda baasuun ibsuudha.

1. Akaakuu dhiyaannaa uumamteefi hortee dhamjechootaa Afaan Oromoo kitaabicha keessa jiran ibsuu;
2. Haala dhiyaannaa uumamteefi hortee dhamjechoota Afaan Oromoo kitaabilee barataa Kutaa 11^{ffaa}fi 12^{ffaa} keessaa ibsuu;
3. Akkaataan dhiyaannaa dhamjechoota uumamteefi hortee Afaan Oromoo kitaabilee barataa keessatti maal akka fakkaatu ibsuu;

4. Qindoomina dhiyaannaa uumamteefi hortee dhamjechootaa Afaan Oromoo kitaabilee barataafi qajeelcha barsiisaa maal akka fakkaatu ibsuu;
5. Hanqina dhiyaannaa dhamjechoota uumamteefi hortee Afaan Oromoo kitaabicha keessatti mul'atan adda baasuufi akkamitti dhiyaachuu akka qaban ibsuu;

1.4 Faayidaa Qorannichaa

Hojiirra oolmaa haala baruu barsiisuu qabiyyee xiinjecha Afaan Oromoo keessatti akkaataa dhiyaannaa xiinjecha Afaan Oromoo beekuun barbaachisaadha. Qorannoon kunis, haala dhiyaannaa uumamteefi hortee dhamjechoota Afaan Oromoo sagantaa barnootaaf, kitaabilee barnoota Afaan Oromoo kutaa 11^{ffaa} fi 12^{ffaa} bara 2005 qophaa'an keessatti dhiyaataniifi hojiirra oolmaa qabiyyichaatiif qorannoo bu'uuraa ta'uu ni danda'a.

Kanaaf, milkaa'ina qorannoo kanaan bu'aan argamu qaamota kanaa gadiif faayidaa qaba jedhamee abdatama.

1. Sirni barnoota Afaan Oromoo kutaalee kanneenii qophii isaanii kallattii kanaatiin yoo fooyyessan, barattoonni sadarkaa kana baratan uumamteefi hortee dhamjechoota Afaan Oromoo irratti hubannoo argachuu danda'u; kunis, karaa BBO, Wajjira barnootaa, Mana kitaabaafi kkf fayyadamuu danda'u;
2. Qorannoo gadi fageenyaa uumamteefi hortee dhamjechoota Afaan Oromoo irratti namoota gaggeessuu barbaadaniif ka'umsa ta'uu danda'a;
3. Namoota kitaaba barataa, qajeelcha barsiisaafi silabasii sadarkaa kanatti qopheessaniif akka ka'umsaatti gargaaruu danda'a;
4. Barsiisonni mana barumsaa kana barsiisan rakkoo qindaa'ina uumamteefi hortee dhamjechoota Afaan Oromoo mul'atu hubachuun xiyyeeffannaa akka itti laatan taasisa;
5. Hanqina haala dhiyaannaa uumamteefi hortee dhamjechootaan kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa keessatti argamuufi boqonnaalee qabiyyee uumamteefi hortee keessatti argaman adda baasee ibsuu;

1.5 Daangaa Qorannichaa

Qorannoon kun kan irratti daanga'e kitaabilee barnoota Afaan Oromoo kutaalee 11^{ffaa} fi 12^{ffaa} bara 2005 qophaa'an irratti ta'ee, qabiyyee kitaabilee kanneenii keessaa qo'annoon kun haala dhiyaannaa uumamteefi hortee dhamjechoota barnoota Afaan Oromoo kutaalee 11^{ffaa} fi 12^{ffaa} irratti. Kunis, haalli qophii kitaaba baarnootaa adeemsa barnootaa keessatti iddoo guddaa waan qabuufidha. Kanas, hubachuuf bifa kamiin akka dhiyaate kitaabilee barataa, qajeelcha barsiisaa barnoota Afaan Oromoo xiinxaluu irratti kan daanga'edha.

1.6 Hanqina Qorannichaa

Qorannoon kun kan gaggeeffamu kitaabilee barnoota Afaan Oromoofi qajeelcha barsiisaa kutaa 11^{ffaa} fi 12^{ffaa} irratti adeemsifama. Sababni inni kitaabilee barnoota Afaan Oromoo hunda irratti gaggeeffamuu hin dandeenyeef inni jalqabaa Hanqina yerooti. Innis, qorataan hojii baruu- barsiisuu adeemsisaa qorannoo kana waan gaggeessuuf, hanqinni yeroo mudachuu danda'a. Kana jechuun akka barbaadetti bilisa ta'ee qoranicha qofaaf bakka kennee hojjechuu, kitaabilee wabii adda addaa kan gabaarraa bitamuufi mana kitaabaa yookaan dubbisatti deddeebi'uuf rakkoon yeroo mudachuu mala. Inni lammaffaa, baajatni qorannoo kanaaf ramadame illee ga'aa ta'uu dhiisuu waan danda'uuf. Baajanni kenname kitaabilee wabii bituu, koppii gochuuf meeshalee barreessaa adda addaa guuttachuuf hanqinoonni mudachuu danda'u.

1.7 Qindaa'ina Qorannichaa

Qorannoon kun boqonnaa shanitti qoodamee kan gaggeeffamu yoo ta'u, boqonnaa 1^{ffaa} keessatti: ariirrata qorannichaa, ka'umsa qorannichaa keessatti gaaffilee bu'uuraa qorannicha deebisa jedhamee yaadaman dhiyaataniiru. Kaayyoon qorannichaas, kaayyoo gooroofi kaayyoo gooreetti qoodamanii dhiyaataniiru. Faayidaan qorannichaas, bu'aawwan qorannicha irraa ni argamu jedhamee yaadamu tarreessuun kan qindaa'e yoo ta'u, daangaan qorannichaa immoo kitaabilee 11^{ffaa} fi 12^{ffaa} irratti kan daanga'e yoo ta'u, hanqinni qorannichaas dhiyaateera. Boqonnaa lama keessatti sakatta'insi barruufi barruu walfakkii kan dhiyaate yoo ta'u, haalli dhiyaannaa dhalatoofi hortee dhamjechoota Afaan Oromoo sakatta'uun yaada beektotaa walqabsiisuun duraa duubaan dhiyaatee jira. Boqonnaan sadii mala qorannichaa yoo ta'u, maddi ragaalee, malli filannoo iddattoofi

iddatteessuu, malli funaansa odeeffannoofi meeshaaleen funaansa odeeffannoo, mala qindaa'inaafi qaaccessa ragaalee dhiyataniiru. Boqonnaa afur keessatti haalli dhiyaannaa dhalatoofi hortee dhamjechoota barnoota Afaan Oromoo KBfi QB Kutaa 11^{ffaa} fi 12^{ffaa} keessatti argaman tokko tokkoon dhiyaataniiru. Dhuma irratti gudunfaa, argannoofi yaboon qorannichaa boqonnaa shan keessatti qindaa'ee dhiyaateera.

BOQONNAA LAMA: SAKATTA'A BARRUU

2.1. Seensa Qorannichaa

Boqonnaa kana keessatti maalummaa uumamteefi hortee, akaakuu uumamteefi hortee, akkaataa dhiyaannaa uumamteefi hortee dhamjechootaa KBfi QB keessatti dhiyaatanii, haala qindoomina uumamteefi hortee dhamjechootaa fi haala dhiyaannaa uumamteefi hortee dhamjechoota kitaabilee barnootaa keessatti haala inni itti dhiyaachuu qabu yaadolee hayyootaan walqabsiisuun dhiyeessuudha. Yaaxinni qorannoo kanaas, yaaxina caaseffamaati. Chomesky (1965: 163) “Yaaxinni caaseffamaa seeraafi caasaa afaanii ibsuurratti xiyyeeffata” jedha. Kanaaf, qorannoo kunis, caasaa qabiyyee uumamteefi hortee dhamjechoota Afaan Oromoo KBfi QB keessatti argaman waan ibsuuf yaaxina kana gargaarameera

2.2. Dhamjechaafi Jecha

Maalummaafi walitti dhufeenya jechaafi dhamjechaa ilaalchisee hayyoonni adda addaa yaada garaagaraa kennanii jiru. Jechi tokko ergaa tokkoo ol ofkeessaa qabaachuu ni danda'a. Haala kanaan immoo, dhaamsa adda addaa agarsiisan sana addaan baafatanii beekuun ni danda'ama. Kana jechuun, jechi tokko dhamsa tokkoo ol dabarsuu ni danda'a jechuudha(Stren,1983: 20).

Dhamjechi ofdanda'ee yookaan hirkatee argamuudhaan hiika tokko qofa kan qabudha. Kanaafuu, uunki xinqooqaa tokko addaan qoodamee hiika dhabeessa yoo ta'e, dhamjecha jechuudha. Hiika qabaachuun isaa immoo jecha hiika tokko qofaa qabuun walirra oolcha (Finch, 2005: 99).

2.3. Firjecha

Dhamsagni tokko dhimma sammuu waanta'eef, kan dubbii fi barreeffama irratti mul'atu firsaga isaatiinidha. Finch (2005: 100-1) “Allomorphemes are the physical realization of phonemes” jedha.

Yaada hayyuu kanarraa wanti hubannu dhamjechi dhimma sammuu kan bakka bu'u yoota'u, firjechaan immoo dubbii fi barreeffama irratti kan mul'atudha.

Yaadolee armaan oliitti eeraman irratti hundaa’uun Afaan Oromoo keessatti haala dhamjechiifi firjechi itti galaniifi tajaajilan ilaaluun nidanda’ama.

(2)

- a) Jabbilee, fardeen, saawwan
- b) Diimtuu, gurraattii, gabaabduu
- c) Himbeeknu, hinbeeknu, hirrafne

Fakkeenya (a,b fi c) keessatti jechoota dhihaatan irratti kan jala sararaman tajaajila caasluga tokkoof dhaabbatan. Tajaajilli kunis, (a)n {-lee},{-een}fi {-wwan}n danoomina,(b)n {-tuu}, {-ttii}fi {-duu}n koorniyaa dhalaafi (c)n {him-},{hin-}fi {hi-}n immoo,hi’eentaa ykn mormii agarsiisu. Fakkeenya sadanuu keessatti dhamjechiifi firjechi kallattii garaagaraan galuun bifa garaagaraa haaqabaatan malee, hiika tokkoof waan dhaabbataniif, firjecha dhamjecha tokkooti (O’ Grady, 1996: 114; Finch, 2005: 118).

2.4. Dhamjecha

Dhaamjechi sadarkaa jechaatti qaama xiqqaa afaanii hiika qabeessa ta’ee, ofdanda’ee ykn hirkatee argamuun hiika tokkoof qofa kan dhaabbatudha. Hockette (1970:123), “Morphemes are the smallest individually meaningful elements in the utterance of a Language,” jedha. Kana jechuun dhamjechi caasaa qaama xiqqoo afaan tokkoo ta’ee hiikaafi tajaajila caasluga tokko qofaaf kan dhaabbatu jechuudha. Qaama xiqqaa afaanii hiika qabeessa ta’ee, ofdanda’ee ykn hirkatee argamuun hiika tokko qofaa kan qabudha. Kanaafuu, unki xinqooqaa tokko addaan qoodamee hiika dhabeessa yoo ta’e, jecha irratti dabalamuun hiika jechichaa kan jijjiiru yookaan kan dabaluu fi tajaajila caaslugaaf kan oolu dhamjecha jedhama (Addunyaa, 2011: 73; Addunyaa, 2012: 89; Filee, 2015:73).

2.4.1. Akaakuuwwan Dhamjechootaa

Afaan Oromoo keessatti, akkuma afaanota kanneen biroo unkawwan xinqooqaa mataa isaanii danda’anii hindhaabbanne kanneen ofdanda’anitti fufamuun hiika dabalataa yookaan tajaajila caaslugaaf agarsiisu. Bu’uuruma kanaan dhamjechoonni Afaan Oromoo bakka garaa garaatti qoodamu. Bu’uurri qooddii kanaas, irra caalaa tajaajila, uunkaafi qabiyyee isaaniti. Dhamjechi afaan tokko keessatti walabaa, afaan biroo keessatti ammo,

hirkataa ta'uu mala. Afaan Oromoo keessatti uunka isaaniirratti hundaa'uun dhamjechoota walabaafi dhamjechoota hirkataa jechuun bakka gurguddaa lamatti qoodamu. Dhamjechoonni afaan biraa keessatti hirkatoo ta'uu danda'u. Qooddiin kunis, guutummaatti amala afaanichaa bu'uureffata (Bauer,1988: 63; Haspelmath, 2002: 25; Addunyaa, 2011: 18-13).

2.4.1.1. Dhamjecha Walabaa

Uunki xinqooqaa ofdanda'ee dhaabbachuun hiika tokko qofaa qabu ykn uunkaalee tajaajila garaagaraa agarsiisanitti addaan qoodamuu hindandeenye dhamjecha walabaa jedhama. Akkuma kanas, dhanjechi walabni qofaa isaa kan dhaabbatu ta'ee, uunka tokko qofaan dhiyaate ta'uu ibsa (Abarraafi Kaawwan,1998: 38; Tolamaariyaam, 2002:47;).

Yaadni kun kan inni ibsu dhamjechi tokko tokkoo olitti yoo qoodamuu danda'e jecha malee dhamjecha ta'uu hindanda'u.

Dhamjechi walabaa bakka lamatti qoodamu. Isaanis: dhamjecha hiikaafi dhamjecha tajaajilaa jedhammu (O' Grady, 1996: 122; Yule, 1996: 122; Addunyaa, 2011; 10-12).

Yaada kana dhugoomsuuf, fakkeenya kenname keessaa yoo ilaallu:

a.nama	namni	namoota	namummaa	namoome
b. horii	horiin	horsiise	hormaata	

Fakkeenya (a) jalatti kenname keessatti hundeen jechaa{nam-} kan jedhudha. Kunis, jechoota kennaman hunda tokko taasisa. Kanneen adda taasisan ammoo, {-a, -n, -oota, -uummaafi -oome} ta'u. Kanneen keessaa{-a, -nfi -oota} hortee yoo ta'an, kanneen akka {-ummaafi -oome} immoo fufii yaasaati. Akkuma kana kanneen (b) jalatti kennaman hundeen tokko isaan taasisu {hor-} yoo ta'u, kan adda taasisummoo {-ii, -n, -siis-, -maata, -oom-, -e} yoo ta'an, kanneen keessaa fufii horteen{-ii, -n, -e, -maata, -} kan ibsan yoo ta'u, kan akka {-siis-, -oom-,} immoo fufii yaasaa ta'u.

Wanti fakkeenya kannamerraa hubatamu, dhamjecha jecha tokko qofaa kan ofkeessaa qabu ta'uu kan ibsudha. Yoo tokkoo olitti qoodamuu danda'e garuu, jecha malee dhamjecha ta'uu hindanda'u.

Dhamjечи walabaa bakka lamatti qoodamu. Isaanis: dhamjecha hiikaafi dhamjecha tajaajilaa jedhammu (O' Grady, 1996: 123; Yule, 1996: 125; Abarraafi Kaawwan, 1998: 38).

2.4.1.1.1. Dhamjecha Hiikaa

Akaakuu dhamjecha walabaa ta'ee, qabiyyee mataa isaa kan qabuufi hiika tokko qofaaf kan dhaabbatudha. Akaakuun dhamjecha kanaa walaba ta'ee, qabiyyee mataa isaanii kanneen qaban ofkeessatti haammata. Dhamjечи hiikaa akaakuu dhamjecha walabaa ta'ee, qabiyyee mataasaa kan qabuufi hiika tokkoof kan dhaabbatudha. Fakkeenyaaf, sangaa, horii, mataa, jechoonni kennaman kun bakka aantimaa haajiraatan malee, dhamjecha ittiin ibsinu waan hinqabneef mallattoo (ϕ) bakka buusna. Kun immoo kan nama hubachiisu qabiyyee mataa isaanii qabaachuufi ofdanda'anii dhaabbachuun akkasumas, mummuramuu waan hindandeenyeef, dhamjecha hiikaa jala galchuu dandeenya (Addunyaa, 2013: 10).

2.4.1.1.2. Dhamjecha Tajaajilaa

Dhamjечи tajaajilaa qabiyyee mataa isaa kan hinqabneefi kanneen qabiyyee mataa isaanii qaban waliin ta'uun tajaajila tokkoof kanneen dhaabbatanidha. Dhamjechoonni kunneen jechoota qabiyyee waliin tajaajila tokkof kan oolaniifi tajaajila tokko agarsiisuuf uunka ofdanda'e kan qabanidha. Kan adda taasisu garuu, hiika ykn qabiyyee mataa isaanii dhabuufi tajaajila tokkoof dhaabbachuudha. Kanaaf, ammoo murteessitoonni (sana, kana, sun, kun,) jedhaniifi durduubeewwan (cina, gara, keessaafi wkf) akka fakkeenyaatti dhiyaachuu danda'u (Addunyaa, 2011: 12).

2.4.1.2. Dhamjecha Hirkataa

Dhamjечи hirkataan bu'uura tajaajilan, kanneen jijjiirraa hiikaa yookaan garee jechaa jijjiiraniifi tajaajila caaslugaa adda addaa agarsiiniin jechuun bakka lamatti qoodamu. Dhaamjechoonni caasluga agarsiisan kanneen hiikas ta'e garee jechaa jijjiiran ammo, qaama jechichaatti fufamuun hiika jechichaas kanneen jijjiiranidha. Akkuma kana jecha ykn hundee jechaa irratti fufamuun hiika jechaa dabaluu fi garee jechaa jijjiiruun jechoota haaraa uumuu keessatti gahee qabu.

Fakkeenyaaf, kanneen tajaajila caaslugaa agarsiisan{-oota, -ota, -lee, -efi kkf} yoo ta'an, warreen garee jechaa jijjiiran ammo{-ummaa, -oom- siis-fi kkf} nidha. Akaakuun dhamjecha kanaa kanneen ofdanda'anii hindhaabbannedha.

Afaan Oromoo keessatti dhamjecha hirkataan ykn fufiin qabiyyee fi tajaajila qaban irratti hundaa'uu: hundee jechaa, fufiilee: fufii duraa, gidduu, boodaafi naanneetti qoodamu (Yule, 1996: 90; Abarraafi Kaawwan, 1998:42; Jaarraa, 2000: 83).

Fakkeenyaaf, kanneen tajaajila caaslugaa agarsiisan {-oota, -ota, -lee, -efi kkf} yoo ta'an, warreen garee jechaa jijjiiran ammo{-ummaa, -oom-, siis-fi kkf} nidha. Akaakuun dhamjecha kanaa kanneen ofdanda'anii hindhaabbannedha.

2.5. Jecha

Hayyoonni, jecha karaa adda addaatiin hiika laataniifi jiru. Qaama xiqqaa walabaa, daangeffamaa hiika qabaachuu isaarratti xiyyeeffatu ta'uu isaati. Qaama himaa kan gama lamaaniin bakka duwwaan daangeffame jechuun hiiku. Dablataanis, jechi qaama himaa kan hiika mataasaa qabu kan muuxaannoo haawaasa tokkoo ibsuufi bakka bu'ee waan tokko kan yaadrimee bakka bu'u sanaa baatuudha (Crstal 1997: 77).

2.5.1. Qaamolee Jechaa

Jechi tokko qaamolee garaa garaa of irraa qabaachuu danda'a. Qaamoleen kunis, hundee jechaa, bu'uura jechaafi bu'uur hortee ta'u. Qaamoleen kunneen waliin ta'uun jecha hiika qabeessa tokko argamsiisu.

2.5.1.1. Hundee Hirkataa

Hundeen qaama jechaa kan erga fufiileen irraa haqamanii argamu, yaadrimee bu'uuraa kan baatudha. Hundeen jechaa qaama murteessaa bu'uuraa hiika baatuufi ofdanda'ee dhaabbatu, fufiilee yaasaafi hortee fufachuuf dhaamjecha banaa ta'edha. Afaan Oromoo keessatti hundeen jechootaa baay'een isaanii ofdanda'anii hinargaman. Hundeen qaama jechaa kan erga fufiileen irraa haqamanii argamu, yaadrimee bu'uuraa kan baatudha. Afaan Oromoo keessatti hundeen jechootaa baay'een isaanii ofdanda'anii hinargaman (Bauer1983: 20 ; Mc Graw Hill, 2000: 318; Filee, 2015: 71)

Fakkeenyaaf:

a.furdaa	b. goota	c. diimaa
furdaa	gootummaa	diimate
furdise	gootomse	diimina

Fakkeenya (a) kenname keessatti hundeen {furd-} kan jedhu yoo ta'u, {b} jalatti immoo{goot-} yeroo ta'u, akkuma kana (c) jalatti {diim-} kan jedhudha.

Kun immoo, kan inni mul'isu Afaan Oromoo keessatti hundeen jechaa baay'een isaanii hirkatoo ta'uu mul'isa.

2.6. Fufii

Fufiin gosa dhamjecha hirkataa ta'ee, qaamolee jechaa adda addaatti fufamuun hiika kan jijjiiru ykn tajaajila caaslugaa garaagaraatiif kan gargaarudha.

2.6.1. Akaakuu Fufii

Afaan Oromoo keessatti fufiileen bu'uuraalee adda addaatiin bakka garaa garaatti qoodamuu danda'u. Bu'uurri qooddii kanaa, tajaajilaafi qabiyyee xiyyeeffachuuni. Kana malees, bu'uura bakka argamaatiin fufiilee afaanichaa iddoo adda addaatti qoodamu (Addunyaa, 2011: 14).

2.6.1.1. Bu'uura Tajaajilaatiin

Fufiileen Afaan Oromoo tajaajila qaban irratti hundaa'uun warra tajaajila caaslugaa dabalaniifi warra tajaajila garee jechaa ykn hiikaa jijjiiran jechuun qoodamu.

Bu'uura kanaanis, fufiilee yaasaafi fufiilee hortee jedhamuun iddoo lamatti qoodamu. Kunis, tajaajila isaanii bu'uureffachuun ta'a.

2.6.1.1.1. Fufii Yaasaa

Fufiin yaasaa tajaajilli isaanii inni olaanaan garee ykn hiika jechaa jijjiiruuf qaama jechaatti fufamu. Fufiin kun yoo fufii hortee waliin hiriire hundee jechaatti aanee gala. Adeemsa fufannaa keessatti si'a tokko fufii yaasaa tokko qaama jechaarra gallaan fufiilee

yaasaa kanneen biroofi fufiilee hortee dabalachuuf qophaa'aata'a. Akaakuun dhamjechaa kun hundee jechaatti irratti fufamuun gareefi hiika jechaa jijjiiruun jechoota haaraa uumuuf kan tajaajiludha. Latiin yaasaa ammalli inni ittiin beekamu jecha tokkotti maxxanee yeroo mul'atu hiika bu'uuraa yookaan garee jechichaa geeddaruu isaati. Faayidaan latii yaasaa jechootuma duraan afaan tokko keessa jiran hiika ykn garee isaan duraan qaban geeddaree jechoota haaraa umuudha. Kun immoo, horterraa kan adda taasisudha (Addunyaa, 2011: 51; Addunyaa, 2012: 98).

Fakkeenyaaf fufiilee yaasaa kanneen jedhaman (-ummaa, -maata, -aa, -ee, -eenya, -s-, -at-, -am-, -siis-, -sis-, -ina, wkf) dha. Fufiilee kunniin gareeykn hiika jechaa jijjiiruuf ga'ee qabu. Dhamjечи uumamteen garee jechaa afaan tokkoofi hiika jecha afaan tokkoo jijjiiruuf qaama jechaatti kan maxxanu. "The derivational morphemes are used to make a new words in the language and are often used to make words of a different grammatical category from the stem" (Yule, 1996).

Dhamjечи uumamteen Afaan Oromoo keessattis, akkuma afaanota biroo keessatti mul'atu, garee jechoota maqaa, maqibsiifi xumuraarratti maxxanuun yemmuu jechoota haarawaa itti uumu nimul'ata "The Oromo language is very productive in word formation by different means. One method is the use of different derivational suffies" (Gragg, 1976; Catherine, 1987; Matthews, 1991).

Uumama jechootaa kana keessatti dhamjecha hirkataafi ofdanda'aan walitti qindaa'uun jechoota haarawaa tokko uumuu danda'u. Haala uumama jechoota kana keessatti jechi uumame tokko dhamjecha of danda'aa hiika tokko qofa qabuufi dhamjecha hirkataa hiika hinqabne irraa kan uumamudha. Jechi kunis, kan hiika lamaafi isaa ol qabaachuu kan danda'uufi garee jecha duraarraa kan adda ta'e ta'uu danda'a (Yule, 1996; Radford, et al. 199; Ijaaraa, 1999).

Afaan Oromoo keessattis, dhamjechoonni hundee jechaatti maxxananii jechicha gara maqeessituu, gochimmeessituu xumuraattiifi maqibsootatti jijjiiran nimul'atu (Gragg, 1976; Catherine, 2001).

1. Maqeessituu

(5)

Jecha	Dhamjecha maqeessituu	Jecha uumame
fagoo	-eenya	fag-eenya
nama	-ummaa	nam-ummaa
nama	-ooma	nam-ooma

Fakkeenya kana keessatti maqaaleen tarreessaman dhamjechoota boodaa {-umma,-eenyafi -ooma} ofitti maxxanfachuun maqaalee uumamtee uunkaan adda ta'an uumanii jiru. Uunkaaleen maqaalee uumamtee jalatti argaman uunkaalee maqaa killayyaa ti. Maqaan “Dubartii, fagoofi nama” jedhaman maqaalee mul'atan yoo ta'an, kanneen isaanirraa uumaman “Dubartummaa, fageenya, namummaafi namooma” immoo, uunkaalee maqaalee killayyaati. Haaluma kanaan Afaan Oromoo keessatti maqaan tokko dhamjechoota adda addaa ofitti maxxanfachuun maqaa biraa uumuu akka danda'u hubachuu dandeenya (Abarraafi Kaawwan, 1998: 43).

2. Maqibsoota

(6)

Jecha	Dhamjecha maqibsootaa	Jecha uumame
hiyyeessa	-ttii	hiyyee-ttii
gabaabaa	-duu	gabaab-duu
dheeraa	-tuu	dheer-tuu
Yaasaa Xumurootaa		

Afaan Oromoo keessatti akaakuu yaasaa afurtu jira. Isaanis, willaa bu'uura ta'eerratti latiilee gargaraa fufuudhaan yookiin birdumaan (Reduplication) ijaaramu. Isaanis:- Qabatimaa (causative), Ceelaa (passive), Birduma (Reduokicative), Ufna (Reflexive) jedhamu.

1. Qabatima: Qabatimni, matimni gocha san raawwate latii(-s, -is yookiin siis) wixina gochimoondi hundumtuu latii (-i/s, -i/sis, -siis-) fufatanii qabateffamuu (causativized) danda'u.

Fknf, deeb (i) sis- jijjiir-siis-)

2. Ceelaa (Passive): Gochi tokko hoggaa matimarratti raawwatamu gochimarratti latii /-**am**-/ mxxansuudhaan gara gochima ceelaatti (passive) jijjiirama. Fknf, Dabalaan ni jijjiirama
3. Birduma (Intensive): Willaan gochima akaakuu akkanaa, gochi tokko altokkoo ol deebi'ee kan raawwatamu ta'uu mul'isa. Gochimni deddeebiidhaan tolfamu tokko, dhamsagoota calqaba wixina gochimaatti walitti aananii dhufan lama deebisuudhaan, dhamsaga calqaba wixina gochimaa jabeessuu, jabeessuu dhiisuus danda'u.

Fknf, Fayyisaan ni **ciccira**. Gochi raawatamu tokko kan deddeebi'ee raawwatamuu danda'u yoo ta'e malee birduma dhamsagootaa mul'isuun hin danda'amu.

4. Ufnaa (Reflecive): Matimni faayidaa ofiisaatiif jecha gocha tokko hoggaa raawwatu latiin {-**adh**} jedhamu wixina gochaarratti fufamuun nul'isa. Fknf, Ani nan gurgur-**adh**-a.Fakkeenya kana keessatti dhamjechoonni {-ttii,-duufi -tuu} maqibsiitti maxxanuun maqibsi haaraawaa koorniyaa dhalaa agarsiisu uumanii jiru (Gragg, 1976; Abdulsamad,1994)

2.6.1.1.2. Fufii Hortee

Fufii horteen akaakuu dhamjecha hirkataa ta'ee, tajaajila caaslugaa agarsiisuuf hundee ykn bu'uura jechaatti kan maxxanudha. Latiin latoorsaa/horteen latii jecha tokkotti yeroo maxxanfamu hiika bu'uuraa jecha sanaafi garee jechichaa hingeddareedha. Latiin gosa kanaa haala tajaajilaatiin caasaa jecha itti maxxanfame tokko keessatti yeroo xiinxalamu tajaajila seerlugaa kan kennu. Tajaajilli seerlugaa inni kennu fakkeenyaaf, gulantaa, koorniyaa, lakkoofsa,heddummina, haala raawwii, ramaddii, aantima, matima, hennaa fi k.k.f agarsiisuudha.

Tajaajilli kun ammo gareewwan jechootaa garaagaraatti argamuun walta'insa mathimaafi garee jechootaa kanneen biroo mirkaneessa. Afaan Oromoo keessatti gochimni tokko dhamjecha gochimeessituu ofitti maxxanfachuun gochima biraa uumuu nidanda'a (Owens,1985; Mitikkuufi Tashoomee, 1992: 28-31; Abarraa, 1999: 22)

1. .Gochimeessitoota

Gochimoonni gareewwan jechootaa adda addaarraa uumamuu danda’u. Dhamjechoonni gochatti maxxanuun gochima uumanis bifa adda addaa qabu. Isaanis, fakkeenya itti aanu keessatti ibsamaniiru.

(7)

Jecha	Dhamjecha gochimeessituu	Gochima uumame
adii	-eess/-e	addeesse
garba	-oom/-se	garboomse
nama	-oom/-se	namoomse

2. Irradeddeebii Gochimaa

Afaan Oromoo keessatti gochimoonni irra deddeebiin uumaman gochi tokko irra deddeebi’amee hojjetamuu isaa agarsiisu (Abdulsamad, 1994: 170; Abarraafi Kaawwan, 1998:45).

(8)

Hundee		
gochimaa	Irra deddeebii	Gochima irra deddeebiin uumame
cab-	ca-	caccabe
mur-	mu-	mummure
tum-	tu-	tuttume
but-	bu-	bubbute

Fakkeenya kana keessatti gochimni irra deddeebiin sagalee jalqabaa hundee jechaarra jiran irra deddeebi’uuniifi sagalee jalqabaa hundee jechaarra jiru tokko immoo, jabeessuun kan uumaman ta’uu hubanna. Akkasumas, hormaata jechootaa keessatti dhamjechoonni afaan tokkoo walitti dhufanii tajaajila seerluga afaanichaa agarsiisuuf oolu.

1. Koorniyaa

(9)

Jecha	Dhamjecha	Koorniyaa horame
deem-	-t	deem-t-e
nyaat-	-t	nyaat-t-e

(Abarraafi Kaawwan, 1998; Abdulsamad, 1994).

2. Henna

(10)

Fufilee henna adda addaa agarsiisan

Jechoota	<u>{-e}</u>	<u>{t-e}</u>	<u>{-n-e}</u>	<u>{-an}</u>	<u>{-t-an}</u>
deem-	deeme	deemte	deemne	deeman	deemtan
nyaat-	nyaate	nyaatte	nyaanne	nyaatan	nyaattan

Fakkeenya kanarraa kan hubannu hennaan Afaan Oromoo dhamjechoota garaagaraa ofitti maxxanfachuun tajaajila caaslugaa adda addaatiif ooluu isaaniiti (Abdulsamad, 1994; Abarraafi Kaawwan, 1994).

3. Maayii

(11)

Jechoota	Dhamjecha	Jecha maayii matimaafi aantimaa mul'isu
lafa	-ni	laf-n-i
muka	-ni	muk-n-i
nama	-ni	nam-n-i

Fakkeenya kana keessatti dhamjechoonni {-ni} fi {-i}n maayii matimaa mul'isuuf kan galanidha (Abdulsamad, 1994; Gragg, 1976; Baye, 1986; Catherine, 2001).

4. Lakkoofsa

(12)

Jecha	Dhamjechoota	Jecha horettee
gaangee	-olii	gaangolii
meeshaa	-lee	meeshaalee
sa'a	-wwan	saawwan
illma	-an	ilmaan

Fakkeenya kana keessatti maqaaleen eeraman hundi dhamjechoota danoomnia agarsiisan {-olii,-lee,-wwan,-an, fi } ofitti maxxanfachuun lakkoofsa qeenxee irraa gara danuutti kan geedaraman ta'uu isaanii hubachuu dandeenya (Gragg, 1976; Mitikkuufi Tashoomee, 1992; Abdulsamad, 1994; Catherine, 2001).

Fakkeenyaaf:

(-e - ota, -yyii, -lee, -oota, -t-, -n, -lii kkf). Fufiileen kanneen garee jechaas ta'e, hiika jijjiiruu hindanda'an.Hojiin isaanii tajaajila caaslugaa olitti tarreessine agarsiisudha.Bakki argama isaaniiis hundee jechaa ykn fufiilee yaasaa booda. Si'a tokko fufiileen horteen hundee jechaatti fufamnaa, fufiilee yaasaan hundee jechaatti fufamuu hindanda'u. Walii isaanii

fufaachuu garuu, ni danda'u. Haata'u malee, fufiin tokko tajaajila caaslugaas ta'e, tajaajila hiika jechaa jijjiirus raawwachuus nidandeessi. Fakkeenyaaf, jechoota 'loltuu, diimtuu' jedhan

keessatti fufiin jala murame hortees, yaasaas ta'ee jira. Jecha{lol-} jedhu gara maqaatti waan jijjiireef maqeessituudha.

Isa lammataa keessatti ammoo, hundee maqibsaa{diim-} jedhurra galee naayee ta'uu maqaa ibsame sana agarsiise. Kun ammoo, tajaajila lamaaniifuu oolee jira jechuudha.

Fufiileen yaasaa warra horterra danuudha. Bu'uuruma kanaan jechoota haaraa uumuun kuusaa jechoota afaanichaa kanneen gabbisan warra yaasaa yoo ta'an, tajaajila caaslugaatiif kan horan ammoo warra horteedha.

Warri yaasaan qaama jecha tokkootti aanuun warri horteen akka faana hordofan taasisuuf mijatoo yoo ta'an, warri horteen garuu altokko qaama jechaatti fufamnaa warra yaasaatti karaa cufu. Kanaafuu, jecha tokkorratti tartiibni isaaniillee murtaa'aadha.

Fakkeenyaaf:

qab-	-at-	-am-	-n- e
hundee jechaa	fufiilee yaasaa	fufiilee hortee	

4. Latii matimaa (Nominalizer): Maqaaleen Afaan Oromoo dhimmi isaan latoorsa fayyadamaniif inni biroon, qaamni himaa tokko matima ta'uu isaa mul'isuuf. Latiileen matimaa yeroo hedduu mul'atan (**-n /-in** yookiin **-i**) dha. Fakkeenyaaf, hima 'Tolaan foon nyaate' jedhu keessaa matimmi *Tolaa* ta'uu kan mulisu **-n** dha. Akkasumas, hima 'Jireenyi gaariidha' jedhu keessaa matimmi Jireenya ta'uu kan mulisu **-i** dha.

Latoorsa Xumurootaa

Latorsi xumuroota Afaan Oromoo, willaa xumura tokkorratti latii garagaraa fufuudhaan walitti dhufeenya caasimaa kanniin akka gulantaa, lakkoofsa, kornaya, henna, haalafi k.k.f mul'isuuf fayyada. Tokkoon tokkoon isaanii adda addaan mee armaan gaditti haa ilaallu.

1.Gulantaa: Gulantaan matimaafi gochima waliin walsimuu qaba. Afaan Oromoo keessatti latiin gulantaa agarsiiftu **/-t-/** gulantaa lammaffaa, sadaffaa (naayye) qeentee keessattiifi gulantaa lammaffaa danuu keessatti qofaa argamti. Isaan biroo keessatti latiin gulantaa hin mul'attu. Fknf, Qeentee keessatti **/an arge/**, **/ati argite/**, **/isheen argite/**, **/inni arge/ jenna**.

2.Danuu keessatti ammoo, **/nu argine/**, **/isin argitan/**, **/isaan argan/ jenna**.

2. Lakkoofsa: Afaan Oromoo keessatti dhamjechoonni danummaa maqaa ni agarsiisu. Kaayyoo latoorsa xumuroota Afaan Oromoo keessaa inni lammataa lakkoofsa mul'isuudha. Deemsa latoorsa xumuroota Afaan Oromoo keessatti, lakkoofsi danummaa

wixina xumura yookiin matima yookiin gulantaa mul'ftuutti aanee dhufa. Yoo latiin danummaa xumurarratti mul'achuu baate matimni qeentee ta'uun ni beekama. Danummaan latii /-(a)n/ xumurarratti fufame galuutiin adda ba'a. Nuti ni sirbi **-n-a**, Isin ni sirbi **t-an**, Isaan ni sirb-**an**. Kana keessatti, danoomni gulantaa tokkoffaa keessatti latii /-n-/, isaan lammaffaafi sadaffaa keessatti ammoo latii /-an/ jedhamuun mul'ata(Geetaachoo, 2009: 100- 1003).

3. Korniyaa : Kaayyoo latoorsa xumuroota Afaan Oromoo keessaa inni sadaffaan kornayaa mul'isuudha. Afaan Oromoo keessaatti, gulantaa tokkoffaafi lammaffaa qeentee keessatti latiin gulantaa mul'isu hinjiru. Gulantaa sadaffaa qeentee keessatti garuu latii /-i/ xumurarratti dabalamuudhaan matimni naayyee ta'uu isaa agarsiifama.

4. Henna : Faayidaan latoorsa xumuroota Afaan Oromoo inni biroon henna agarsiisuudha. Xumuroonni Afaan Oromoo deemsa latoorsaatiin henna akka : ammennaa (present tense), amsiqaa (present continuous tense), raawwima ammennaa /present perfect/, tarsiqaa (past continuous), raawwima dabarennaa/past perfect/, duranaa /future definite/fi, muranaala /future indefinite/ jedhaman agarsiisa.

2.6.1.2. Bu'uura Bakkaatiin

Afaan Oromoo keessatti bakka argama isaaniirratti hundofnee fufii duree, fufii,fufii duubeefi naannee jechuun qooduu dandeenya.

2.6.1.2.1. Fufii Duree

Fufiin dureen akkuma maqaa isarraa hubachuun danda'amu, jecha ykn qaama jechaatti karaa fuulduraa fufamuun argama. Kun birsaga tokko ykn tokkoo ol kan qabu ta'ee, hundee jechaa dursee ykn jalqaba jechaa irratti galuudhaan hiika hundee jechaa kan jijjiiru ykn dabaludha.

Afaan Oromoo keessatti gosoonni fufiilee kanaa hiika jijjiiruu keessatti qooda fudhatu(Geetaachoo, 2009: 61)

Fufiileen duree garee jechaa kan jijjiiran osoo hintaane hiika jechaa kan jijjiiranidha. Fufiileen kunis, ofdanda'anii waan hindhaabbanneef jechatti maxxananii barreeffamuu

qabu. Sababni kun jedhameef, barreeffamni hanga yoonaatti dhiyaatan hedduun isaanii jecharraa butuun waan barreessaniifi. Kun ammoo, akka jecha ofdanda'aa jechuu ibsa.Kanaaf,fufiin ofdanda'aa +++immoo hinjiru.Fufiileen dureen{hin-, ni-, yaa-, haa-, al-, mit-, wal-fi wkf}dha. Fufiileen dureen baay'een isaanii hiika jechaa waan jijjiiraniif, fufiilee yaasaa jalatti ramadamu.

Fakkeenyaaf:

Mit-mootummaa	yaadeemnu
Alasoosama	haadeemnu

Fufiileen kunneen garee jechaa kan jijjiiran osoo hintaane hiika jechaa kan jijjiiranidha. Fufiileen kunis, ofdanda'anii waan hindhaabbanneef jechatti maxxananii barreeffamuu qabu. Sababni kun jedhameef, barreeffamni hanga yoonaatti dhiyaatan hedduun isaanii jecharraa butuun waan barreessaniifi. Kun ammoo, akka jecha ofdanda'aa jechuu ibsa.Kanaaf,fufiin ofdanda'aa immoo hinjiru.Fufiileen dureen{hin-, ni-, yaa-, haa-, al-, mit-, wal-fi wkf}dha. Fufiileen dureen baay'een isaanii hiika jechaa waan jijjiiraniif, fufiilee yaasaa jalatti ramadamu.

2.6.1.2.2. Fufii Naanee

Fufiin tokko si'a tokkicha duraafi duuba jecha tokkoo galuun hiika jechaa kan jijjiiru yookaan tajaajila garee jechaa kan jijjiirudha. Si'a tokko jecha tokkotti maxxananii galuudhaan tajaajila tokkoof kan dhaabbatanidha (Matthews, 1991; Abarraafi Kaawwan, 1998: 49; Haspelmaths, 2002:28; Addunyaa, 2011: 19). Kunis, fakkeenyaan yoo ibsamu:

a. dhedheeroo	dhe- dheer- oo
b. diddiimoo	di- diim- oo
c. hindeemne	hin- deem- n- e
d. hindhufne	hin- dhuf- n- e

Fakkeenya olitti kenname keessatti (afib) jalatti {dhe-fi di-}n dhiyaatan fufiilee{-oo} waliin duraafi duuba hundee jechaatti fufamuun danummaa agarsiisanii jiru. Akkuma kana fufiin naanneen {hin...-n-} kanaafuu, fufiileen kun bakkaan naanee ciccitaadha.

Fufiileen kunneen bakkaan naannee, caasaan ammoo ciccitaa ta'uu isaanii {di...oo, dhe-...oo, hin-...-n-} kanaan mul'atu.

2.6.1.2.3. Fufiii Duubee

Akaakuun fufii kanaa duuba hundee jechaa galuun tajaajila caaslugaatiifis ta'e, tajaajila hiika jijjiiruutiif oola. Birsaaga tokko ykn tokkoo ol kan qabu ta'ee, hundee jechaa booda galuun hiika jechaa kan dabaluu ykn kan jijjiiru (Mc Dougal, Littel 1989: 338).

Fufii duubee kanneen jedhaman kanneen duuba hundee jechaatti fufamuun tajaajila caaslugaafi jijjiirraa hiikaa keessatti tajaajilanidha.

Fakkeenya fufiilee duubss:

<u>Barattoota</u>	<u>ijaare</u>
<u>Qalate</u>	<u>qalame</u>

Fakkeenya armaan olii keessatti fufiileen{-oota, -e, -at-, -am-, -e} jedhaman kanneen duuba hundee jechaatti fufamuun tajaajila caaslugaafi jijjiirraa hiikaa keessatti tajaajilu.

2.6.1.3. Bu'uura Qabiyyeetiin

Fufiileen afaanichaa qabiyyee isaaniirratti hundaa'uun yoo qorannu fufii tajaajil-heddee, fufii dhokatee, fufii tajaajil tokkeefi fufii duwwee jedhamuun qoodamu.

2.6.1.3.1. Fufii Tajaajil-heddee

Dhamjechoonni uunkaalee adda addaa qabaatanii tajaajila tokkoof ykn hiika walfakkaatuuf afaan tokko keessatti dhiyaatanii argaman dhamjechoota tajaajila tokkoo ta'u. Afaan Oromoo keessatti akkuma afaanota biroo, fufiin tokko tajaajila tokkoo oliif dhaabbachuudanda'a. Kanneen akkasiitiin tajaajil-heddee jenna (Abdulsamad, 1994; Catherine, 2001; Addunyaa, 2011).

Kun immoo, fufiileen uunkaan tokko ta'anii tajaajilan hedduu ta'uu mul'isa.

Fakkeenyaaf, himoota gadii yaa ilaallu.

- a) Caalaan fardaan midhaan guure.
- b) Leenjisa dheeraa sana bira deemaa jira.
- c) Loltuu diimtuu sana badhaasan.

Hima (a) irratti fufiin jala murame uunkaan tokko ta'ullee, tajaajila adda addaatiif oolee jira.

Faaydaan kunis, duraa duubaan maayii, mathimaa agarsiisuufi durduubee ta'uudha. Hima (b) irratti fufiin jala sarame {-aa} n maqeessaa, saala mul'isuufi raawwii fufinsa qabu agarsiisuuf gale. Hima { c } keessatti fufiin jala murame {-tuu}n uunkaan tokko haata'u malee, akka maqeessaafi koorniyaa mul'istuutti galee jira. Kun immoo, kan fufiileen uunkaan tokko ta'anii tajaajilan hedduudha.

2.6.1.3.2. Fufii Dhokatee

Akaakuun fufii kanaa kanneen tajaajilli isaanii beekamee, uunki xinqooqaa bakka bu'e tokko hinjirre ilaallata. Dhokatee kan taasises, tajaajila beekamaa tokko qabaachuun uunka ittiin mul'atan dhabuu isaaniiti. Wanti dhokate uunka jechuudha. Tajaajilli isaanii jecha tokko keessatti akka dhamjechoota biroo ifa ta'anii hinmul'atan; malee jiraachuufi dhabamuun isaanii hiika jechaas ta'e, himaa hinjijjiiran Fufiilee akkasii Afaan Oromoo keessa bal'inaan nijiru (Matthews, 1991: 188; Addunyaa, 2011: 22).

Fakkeenyaaf:

- | | |
|------------|-----------|
| a. ilkaan | c. deeme |
| b. bishaan | d. deeman |

Jechoonni (afib) jalaa bifa qabaniin bakka mathimaas ta'e galuu danda'u. Yoo bakka mathimaa galan kan waa'een isaanii dubbatamu ykn kan gocha tokko raawwatan, yoo bakka aanntimaa galan ammoo kan gochaan irratti raawwate ta'uu isaanii salphaatti hubachuu dandeenya. Haata'u malee, akka kanneen biro mathima/ antima mul'istuu fufachiisuu hindandeenyu. Jechoonni (c fi d) jalaas fufiilee tajaajila caaslugaa agarsiisan

ofirraa qabu. Gariin tajaajila kanaa uunka xinqooqaatiin yoo mul'atan, gariin ammoo tajaajila isaanii qofaatu beekama. Dhamjechi tokko uunkaa mul'atee tajaajilaan yoo hinmul'anne fufii dhokatee jennaan (ϕ) kaa'ama.

2.6.1.3.3. Fufii tajaajil Tokkee

Fufiin tajaajil tokkeen kanneen uunka adda addaa ta'anii tajaajila tokko qaban kan ofkeessatti hammatudha.

Fkn. a. Obbo Gadaan hoolota, saawwan, korbeeyyii, gaangolii baay'ee qaba.

b. Namoonni ganda sanaa wasiillaniifi eessumman Kumeeti.

Himoota armaan olitti fakkeenya kennaman (a) keessatti {-ota, -wwan, -yyii, -olii} kanneen jedhaman uunkaan adda adda ta'aniyyuu, tajaajilli isaanii heddummina agarsiisuudha. Hima (b) keessatti immoo{-ni, -nii, -n} akkuma (a) heddummina kan ibsanidha(Addunyaa, 2011: 32).

2.7. Hormaata Jechoota Afaan Oromoo

Hormaanni jechaa adeemsa dhimma seerlugaatiif jedhamee jechoota afaan tokkootti latiilee adda addaa addaa maxxansuudhaan ykn sagaleelee jecha muraasarra deebi'uudhaan caasluga afaanichaa mul'isuuti. Iasaanis: lakkoofa, maqaalee, koorniyaa, maqibsi, koorniyaa ramaddii, hennaafi gochimarrattiifi kkkf irratti mul'isan fakkeenya waliin keeyyatan keeyyatan akka itti aanutti ibsamaniiru(Crstal, 1987; Abdulsamad, 1994; Gabbaroo, 2007 ; Addunyaa, 2011).

2.7.1. Lakkoofsa

lakkoofsi qeenxummaa ykn danummaa waan tokkoo agarsiisa. Kunis, Afaan Oromoo keessatti maqaa, bamaqaa, maqibsiifi gochimarratti mul'achuu danda'a. Maqaan jecha nama, iddoo, yaada waan tokkotiif kkf bakka bu'a. Maqaan nama, iddoo, yaada waan tokkoo qofa yommuu agarsiisu maqaa qeenxee jedhama. Yoo waan tokko ol kan agarsiisu ta'e ammoo, maqaa danuu jedhama. Afaan Oromoo keessatti maqaaleen qeenxeen dhamjechoota hinmaxxanfatan. Maqqleen danummaa agarsiisan garuu, dhamjechoota

adda addaa maxxanfachuun mul'atu. Isaan keessaa kanneen bal'inaan mul'atan: -oota, -wan, -lee, -ota, -en, -een, -yyii, -an –oliifi kkfdha.

Dhamjechoonni olitti tarreeffaman kunneen maqaaleetti fufamuun danummaa maqaalee mul'isu. Kana jechuun danummaan maqaalee dhamjecha maxxanfachu qofaan kan

danummaa agarsiisu jechuu keenya miti. Maqaaleen osoo hinmaxxfanfatiin qeenxummaa ykn danummaa agarsiisan waan jiraniifidha. Fkn jecha 'aadaa' jedhu yoo fudhanne qeenxeefis ta'e, danuuf nitajaajila. Bamaqaa jecha iddoo ykn bakka maqaa bu'uudhaan tajaajilu ta'ee, akka maqaa dhamjechoota garaagaraa ofitti maxxanfachuudhaan danummaa kan agarsiisu osoo hintaane, maqaa qeenxeefi danuu bakka bu'uudhaan gosa garaagaraa qabaata. Bamaqaa qeenxee bakka bu'uun kan beekamu, si'i, ishii, ana, isa kanneen jedhaman yoo ta'an, bamaqaa danuu bakka bu'uun kanneen beekaman ammoo, isaan, isin nu'i kanneen jedhamanidha.

Qabxiin biroon, qeenxummaafi danummaa keessatti mul'achuu danda'u ammoo, maqibsiidha. Karaaleen maqbsiin qeenxummaafi danummaa ittiin mul'isuu danda'anis, maxxanfachuufi irra deddeebiidha. Fkn gurraacha, gugurraacha, furdaa, fufurdaa, diimaa, diddiimaa kkf. Akkasumas, maqbsiin yeroo itti dhamjechoota danummaa agarsiisu adda addaa maxxanfachuudhaan danummaa agarsiisan ni argamu. Fkn hiyyeessa, hiyyeeyyii, dabeessa, dabeeyyii Kanaafuu, Afaan Oromoo keessatti danummaan maqibsaaa maxxanfachuufi irra deddeebiin danooma ni agarsiisu. Qabxii inni xumuraa, lakkoofsa agarsiisuun beekamuu gochimaati. Gochimni yeroo matima waliin galu adeemsa fufannaa keessatti dhamjechi danummaa agarsiisu nijira. Fkn gochima 'deem-an' jedhu kun matimni isaa 'isaan' kan jedhu agarsiisa. Dhamjechi '-an' jedhu gochima ramaddii sadaffaa keessatti danummaa matimaa agarsiisa.

Walumaagalatti, Afaan Oromoo keessatti jechoonni garee adda addaa haala garaagaraan caasluga lakkoofsaa agarsiisu. Maqaaleen Afaan Oromoo danummaa agarsiisuuf osoo dhamjechoota hinmaxxfanfatiin danummaa ni agarsiisu. Bamaqaan dhamjechoota adda addaa maxxanfachuun danummaa kan agarsiisan osoo hintaane, jechuma danummaa agarsiisu qabu.

Maqibsiin dhamjechoota adda addaa maxxanfachuufi sagaleelee jalqaba maqibsii qeenxee irraatti argaman irra deddeebi' uudhaan danummaa agarsiisa(Mitikkuufi Tashoomaa, 1992; Addunyaa, 2011).

2.7.2. Koorniyaa

Afaanonni hundinuu caasaa afaanii kan sirna koorniyaa ittiin agarsiisan kan mataa isaanii qabu. Caasluga Afaan Oromoo keessatti koorniyaan jechoota garee adda addaa irratti mul'ata. Kunis, maqaa irratti koorniyaa agarsiisuuf fufiileen tajaajila qabaachuu isaaniiti(O'Grady, 1996: 4; Addunyaa, 2011: 78).

Gareewwan adda addaa dhamjechoonni koorniyaa agarsiisan irratti mul'atanis: maqaalee uumaman, maqibsiifi gochimadha.

Koorniyaa maqaalee uumaman irratti- maqaaleen gochimarraa uumamuu nidanda'u. Fkn Maqaa 'nyaataa ykn nyaattuu' jedhuu gochima 'nyaaate' jedhu irraa uumame. Maqaan nyaataa jedhu kun dhamjecha '-aa' jedhu maxxanfachuudhaan gochima 'nyaata' jedhu irraa uumame. Akkasumas, 'nyaata' gochima jedhurratti '-tuu dabaluu maqaan uumame 'nyaattuu' kan jedhudha.

Dhamjechoonni '-aa ykn -tuu'jedhaman dhaamsa adda addaa lama dabarsu. Tokkoffaa gochima gara maqaatti jijjiiruun garee jechaa kan jijjiiran yoo ta'an, lammaffaan ammoo, koorniyaa agarsiisuudha. Kunis, 'nyaataa' yoo jenne '-aa'n koorniyaa dhiiraa yoo agarsiisu '-tuu'n maqaa 'nyaattuu' keessaa immoo koorniyaa dhalaa agarsiisa. Kanaafuu, koorniyaan maqaalee gochima adda addaa irraa uumaman irratti mul'achuu danda'u jechuudha.

Bamaqaa keessatti koorniyaan ramaddii sadaffaa qeenxee qofaa keessatti mul'ata. Innis, ishiifi isa kanneen jedhaman irratti. Kunis, bamaqoota kanatu dhamjechoota koorniyaa mul'isan maxxanfatu osoo hinta'iin bamaqootuma kanatu koorniyaa mul'isu.

2.7.3. Koorniyaa maqibsiirratti

Afaan Oromoo keessatti maqibsoonni koorniyaa agarsiisan nimul'atu. Dhamjechoonni saala dhiiraa agarsiisan ' -cha, -aa, -ssa dha. Fkn gurraacha, sooressa, hamaa yoo ta'u;

kanneen saala dhalaa agarsiisan ammoo ‘-tuu, -oo, -ttiidha. Fkn hamtuu, qalloo, hiyyeettiifi kkfdha.

Koorniyaa, ramaddiifi ennaa gochimarratti- Afaan Oromoo keessatti saalli gochimarratti argamuu nidanda’a. Jechi saala gochima hunda keessatti agarsiisu ramaddii hunda keessatti mul’atus, qaamaan gochimaa hunda keessatti mul’achuu dhiisuu nidanda’a.

Fkn Ani deem-e

Ati deem-t-e

Inni deem-e

Isheen deem-t-e

Isin deem-t-an

Isaan deem-an

Gochimoota armaan olii keessatti ‘-t- ‘n ‘Ati deemtee keessa jiruufi ‘-t-‘n ‘Isheen deemtee’ jedhu keessa jiru garaagarummaa qaba. ‘-t-‘n hima ‘Ati deemteefi Isin deemtan jedhu keessa jiru ramaddii 2ffaa kan agarsiisu yoo ta’u, ‘-t-‘n hima ‘Isheen deemte ‘ jedhu keessa jiru garuu, saala dhalaa agarsiifti. Kunis, dhamjechi ‘-t-‘n ramaddii lammaffaa agarsiisu kuniifi saala dhalaa agarsiiftu kun unkaan tokko taatus tajaajilaan adda. Dhamjechoonni unkaan walfakkaatanii tajaajilaan gargar ta’an kunniin dhamjechoota unk-tokkee jedhamuun beekamu. Dhamjechoonni kunneen henna waan agarsiisaniif gocha yeroo darbees agarsiisu.

Walumaagalatti, dhamjechoonni kunniin saala, ramaddiifi henna agarsiisu.

2.8. Uumama Jechoota Afaan Oromoo

Haala jechoonni afaan tokkoo ittiin uumamanii tajaajila caaslugaaf ooluu danda’an addaan baasuun kan ibsu xinjecha afaan sana keessatti tajaajila kennudha. Kaayyoon qorannoo kanaa qabiyyee uumamteefi hortee dhamjechoota kitaaba barnoota Afaan Oromoo keessaa addaan baasuufi qaaccessuu dha. Haata’u malee, qabiyyeefi haala jechoonni itti uumaman hanga tokko kaasuun haala dhiyaannaa uumamteefi hortee ka’umsa ta’uu danda’a. Yaadota olitti kennaman irraa ka’uudhaan haala uumama jechoota afaanii akka waliigalaatti, kan Afaan Oromoo immoo qabxileen bu’uura ta’u jedhaman ni ka’u.

Uumama jechoota keessatti dhamjechi hirkataafi ofdanda'aan walitti qindaa'uudhaan jechi haaraa ta'e tokko garee jechaa jijjiiruudhaan yoo ijaarameefi tajaajile jechi haaraan uumame jedhama. Haala uumama jechootaa keessaatti jechi uumame tokko dhamjecha ofdanda'aafi dhamjecha hirkataa irraa kan uumamuu dha. Jechi kunis kan hiika lamaafi isaa ol qabaachuu danda'uufi garee jechaa biroo kan duraa irraa adda ta'uu danda'a. Yaada kana irraa waanti hubatamu, dhamjechi of danda'aan qofaa isaa dhaabbatee hiika tokko qabaachuu kan danda'u ta'uu isaati. Garuu dhamjechi hirkataan dhamjecha of danda'aa biroo irratti osoo hin maxxanin of danda'ee hiika qabaachuu hin danda'u. Kan biroo, jecha bu'uuraafi jecha uumame gidduutti garaagarummaan garee jechaa kan mul'atu ta'uu isaati. Haala uumama jechootaa kana irraa, dhamjechi tokko dhamjecha biroo irratti maxxanuudhaan garee sana jijjiiree garee haaraa biroo yoo kan uumu ta'e uumama jechaa jedhama (Crystal, 1987; Yule, 1996; Radford, et al., 1999).

Afaan Oromoo keessatti jechoonni maxxanfachuudhaan, makuudhaaniifi adeemsa suphuutiin uumamuu danda'u. Maxxanfachuu keessatti dhamjechoonni hundee jechaa irratti maxxananii kan jecha uumame gara maqaatti, maqibsiittiifi gochimaatti jijjiiruudhaan tajaajilantu mul'ata. Afaan Oromoo keessatti gareewwan jechootaa adeemsa kanaan uumamanis maqaa fi gochima (Mitikkuu fi Tashoomaa, 1992: 37: Abarraa fi kaawwan, 1998: 88 ; Adduyaa, 2011: 57-65).

Uumama Maqaa: Fkn 1. Maqaa maqibsii irraa yommuu uumamu

Maqibsii	Dhamjecha maqeessituu	Maqaa uumame
gaarii	-ummaa	gaarummaa
diimaa	-ina	diimina
hamaa	-eenya	hammeenya

Fkn 2. Maqaan gochima irraa yommuu uumamu

hundee gochimaa	dhamjecha maqeessituu	maqaa uumame
hat-	-tuu	hattuu
jeeq-	- umsa	jeequmsa
deem-	-sa	deemsa
mal-	-a	mala

Fkn 3. Maqaan maqaa irraa yommuu uumamu

maqaa	Dhamjecha	Maqaa uumame
-------	-----------	--------------

nama	-ummaa	namummaa
saree	-ummaa	sarummaa

Maqaan maqaa irraa uumamu kun maqaa waan hinmul'+annee jedhamuun beekama. Kan umamus maqaa waan mul'atuu irratti.

Fkn2. Maqibsii makoodhaan uumaman

Jehoota ida'aman	maqibsii uumames
Ija- jabaa	ija jabaa
Bifa- badii	bifa badii
Faara- tole	faara tolaa

Gabaabumatti, Afaan Oromoo keessatti jechoonni adda addaa lama walitti ida'amuudhaan jechoota garaagaraa uumuu danda'u. Jechoonni diigalaan yeroo uumaman amala gaalee osoo hin ta'iin amala jechaa qabaatu (Mitikkuufi Tashoomaa, 1992: 44; Addunyaa, 2011: 63).

Suphaanis adeeemsa jecha haaraa uumuu keessaa isa tokko. Kunis jechoota lama ykn sanaa ol qaama isaanii irraa mummuruun kanneen hafan walitti makuun geggeeffama (Yule, 1996: 145; Addunyaa, 2011: 65).

Afaan Oromoo keessatti adeemsa kanaan jechoota uumuuf tooftaa garaagaraatu jiru. Tokkoffaa, jechoota walitti makaman keessaa tokko akkuma jirutti fudhachuun isa biraa immoo, birsaga muraasa fudhachuun walitti makuu dha.

Fkn Jechoota suphaman	Jecha uumame
Xiinxala- qooqa	xinqooqa
Harree- diida	hardiida
Saree - diida	sardiida

Tooftaa biraan jechoota walitti makaman irraa qaama muraasa mummuruun kanneen hafan walitti fiduun akka isaan walfudhatanii jecha tokko ta'anitti ijaaruudha.

Fkn Jechoota suphaman	Jecha uumame
Mataa- hima	matima
Gocha- hima	gochima
Caasaa- hima	caasima

Fakkeenyi olii irratti hunda'uudhaan Afaan Oromoo keessatti gochimaa, gochimeessitoota fayyadamuun maqaa, maqibsii fi gochima duraa irraa garee gochima haarawa akkaataa ittiin uumuun danda'amu hubachuun ni danda'ama (Addunyaa, 2011: 58-63).

Maqaa

Maqaan garee jechaa keessaa isa tokko. Jechoonni akkaataa maxxaffannaafi bakka galumsaatiin garee kan jala galuu danda'u. Akkaataa maxxanfannaa yoo jennu, jechi tokko fufiilee yaasaas ta'e, fufiilee hortee maxxanfachuun maqaa ta'uu danda'a(Addunyaa, 2018: 35).

1. Maqaa Dhuunfaa (Proper noun)

Eeyyee! Maqaawwan namoonni baakkeen ykn waantonni dhuunfaan ykn mataan ittiin beekaman maqaa dhuunfaa jedhama.

Fakkeenyota maqaa dhuunfaa

- a. Maqaa Namaa:-Tulluu, Gadaa, Gssddisee
- b. Mawaa Biyyaa:- Oromiyaa, Ugaandaa, Jarman
- c. Maqaa Haroo:- Wancii, Laangaanoo, Danbal,
- d. Maqaa Mukaa:- Araarsaa, Qilxuu, Ittacha, Ejersa
- e. Maqaa Magaalotaa:- Jimma, Finfinnee, Amboo, Gimbii, Ciiroo, Dirree

2. Maqaa Gamtaa (common noun)

Gosti maqaa kun namoota ykn waantota gosaafi sadarkaan tokko ta'aniif kan kennamudha.

Fkn:- a .Horii

b. Muka

c. afaan

d. Saree

e. laga

Maqaawwan gamtaa akka maqaa dhuunfaa osoo hintaane dhamjechoota baay'ina agarsiisan ni maxxafatu.

2.9. Gahee Dhiyaannaa Kitaaba Barnootaa

Adeemsa baruu-barsiisuu afaanii keessatti galma ga'iinsa sagantaa barnoota afaan tokkootiif, dhiyaannan kitaaba barnootaa iddoo guddaa qaba. Kitaabni barattootaa gosa barnootaa tokko qofa qabatee, tooftaadhaan kan sadarkeeffamu, sadrkaa barnoota tokkootti itti fayyadamuuf kan qophaa'ufi sagantaa barnoota tokkoof meeshaa barnootaa isa ol'aanaadha. Kitaabni barattootaa qabiyyee mijaa'aa kan qabu, tooftaa dhiyaannaa baruu barsiisuu waliin kandeemu, sirriitti qindaa'ee barattoota kan kakasuufi barsiisaan bal'isee dhiyeessuuf kan mijatu ta'uu qaba (Good, 1973).

Kana malees, faayidaa kitaabni barattootaa adeemsa baruu barsiisuu keessatti qabu akka kanaa gadiitti tarreessameera.

- Barattoonni akka dandeettii isaanitti akka barataniif carraa kenna
- Barattoonni waan daree keessatti baratan irra deebi'anii akka sakatta'an dhiyeessa
- Waan yaadatan mirkaneeffachuufi kkf. gargaara (Brown, et al, 1989)

Walumaa galatti, kitaaba barattootaa qopheessun xiyyeeffannoo kan gaafatuudha. Kitaabni barattootaa fedhii barattootaa kan kakaasuufi dandeettii barattootaa kallattii bal'isuu danda'uun qophaa'uu qaba.

Gama biraatiin immoo, gaheen kitaaba barnootaa barsiisota muuxannoo hinqabneef haala isaan karoora baafatanii itti barsiisan qajeelchuuf kan gargaaru ta'uu qaba (Richards, 2001)

Akka waliigalaatti, yoo ilaalamu gaheen kitaabni barnootaa sagantaa barnoota Afaanii keessatti qabu ol'aanaadha. Isaan keessaa warreen ijoo ta'an:

- Gilgaalota barattoonni Afaanicha ittiin barataniifi waliin barachuuf isaan gargaaru dhiyeessa Qabiyyeewwan Afaanii seerluga, ijaarsa jechootaa, dandeettiwwan Afaanii akka cimsan dhiyeessa
- Barsiisota maraaf haala walfakkaatuun dhiyeessa

Kanamalees, qabxiilee akka faayidaa kitaaba barnootaatti ilaalaman keessaa:

- Sagantaa barnoota Afaanii caasaafi qajeelfama akka qabaatu taasisa

- Barnoonni afaanii bifa walfakkaatuun akka baratamu taasisa
- Kan sirriitti qindaa'e yoo ta'e, qulqullina barnootaa agarsiisa
- Akkaataafi ciicata afaan barsiisuu bu'a qabeessa ta'e dhiyeessuu danda'a (Richards and Renandya, 2002: 65).

Karaa biraan, kitaabileen barnootaa hanqinaalee adda addaa qabaachuu nidanda'u. Akka haqina kitaabaatti ka'an keessaa:

- Qabiyyeewwan dhiyeessuu keessatti dogagora uumuu nidanda'a
- Qabiyyee fedhii barattootaa ofitti hinharkisne ta'uu danda'a
- Dandeetti barsiisotaa qabiyyee dhiyeessuu daangeessuu nidanda'a (Richards and Renandya, 2002: 67).

Kanaafuu, qabxilee akka ciminaafi hanqinaatti kitaaba barnoota afaanii keessatti dhiyaatan qabiyyee dhamjechaa barsiisuu kessatti midhaa mataasanii akka qaban kan nama hubachiisu ta'uu hubanna.

2.10. Gahee Qopheessitoota Dhiyaannaa Qabiyyee Barnoota Afaanii Keessatti

Adeemsa sagantaa qophii qabiyyee barnoota afaanii keessatti qaamni qabiyyicha qopheessuun dhiyeessu galma ga'iinsa qabiyyee dhiyaatu sanaaf qooda guddaa qaba.

Adeemsa baruu barsiisuu qabiyyee barnoota afaanii tokko mijataa taasisuuf qabiyyeewwan hammataman murteessuufi sadarkeessuun mala qindaa'ina qabiyyeewwan dhiyaatu keessaa isa tokkodha. Yaada kana haala qophii dhiyaannaa qabiyyee dhamjecha Afaan Oromoo walqabsiisuun ilaaluu dandeenya. Kunis,gama murteessuun qopheessitonni yemmuu qabiyyee dhamjecha afaanichaa dhiyeessan sadarkaa adda addaa jechoonnii Afaan Oromoo itti ijaaramuu danda'an adda baasuun dhiyeessuu qabu. Sadarkeessuun immoo,qindaa'ina qabiyyee xinjecha Afaan Oromoo keessatti akkaataa adeemsa baruufi barsiisuutiif mijataa ta'uu danda'uun caasaa salphaarraa gara cimaatti walduraa duuban dhiyaachuu qabaniin qopheessuudha(Sharma and Tuteja,2005).

2.11. Faayidaa Dhiyaannaa Qabiyyee Dhamjehaa Kitaaba Barnootaa Keessatti

Adeemsa baruu barsiisuu qabiyyee barnootaa keessatti akkaataa meeshaaleen barnootaafi malleen qabiyyeen barnootaa dhiyaatan ittiin galma ga'an beekuun barbaachisaadha.

Qabiyyeen afaanii tokko yemmuu barnootaaf wixineeffamu wantoota ilaalacha keessa galan sadarkaa barattoonni irra jiran, qabiyyee barnootaafi sadarkaa barattoonni irra jiran, akaakuu qabiyyee barnoota dhiyaate sana keessattin hammatamaniifi kaayyoo baratamuuf beekuun murteessaadha (McDonugh and Shaw, 1993: 151).

Qabiyyeen dhamjecha Afaan Oromoo sagantaa barnootaaf dhiyaate barattoota afaanicha akka afaan dhalootaatti baratiiniifi. Afaan tokko dhalootaan beekuun ammoo, madda qaama afaanichaa beekuu waan hintaaneef, madda qaama afaan tokkoo hubachuuf beekumsi sunbarnootaan deeggaramuu qaba .Kanaafuu, dhiyaannan dhamjecha Afaan Oromoo kan adeemsa baruu-barsiisuu keessatti jechoota dubbii afaanichaa bu'uura godhatan taasisuun, galma ga'iinsa ijaarsa jechoota afaanichaa sagantaa barnootaaf qopheesuun barbaachisaadh.

Barattoonni caaseffama seerlugaa yeroo tokko qofa barachuun waan hunda qabachuu hindanda'an. Sirreeffama caasaa tokkoo uunkaa, hiikafi itti fayyadama hawaasummaa bifa guutuu ta'een fayyadamuu akka danda'an beekumsa adeemsa keessa horataniin ta'uu qaba malee akkuma jirutti dheedhii isaa barsiisuudhaan ta'uu hinqabu. Kanaafuu, caaseffama isaanii yeroo tokko barsiisuurra yeroo adda addaa irra deebi'uun barsiisuu dha (Mucia, 1991:281; Feeman, 1997: 89).

Seerluga yemmuu barsiifnu galmi inni dhuma seerluga ta'uu hinqabu. Barnoonni hiika afaanichaa hawaasummaafi itti fayyadama xiinqooqaa, galumsaafi kkf akka beekan isaan kanneeniin walqabsiifnee barsiisuu qabna (Celce-Murcia, 1991:466-67).

Kitaabileen kunniniis qabiyyee armaan olitti tuqaman irratti hundaa'uun kan qaaceffamaniidha. Ulaagaaleen ittiin qaaceffamanis isaanuma kanarratti hundaa'uun, barsiisota mana barumsichaa keessatti Afaan Oromoo kutaalee eeraman barsiisan wajjiin ta'uun kan xiinxalamee qaaceffameedha. Qcceessi taasifame ammoo, qaacceessa barreeffamaan dhiyaateerratti xiyyeeffata. Kanaaf, qorannoon kun qaaccessa qabiyyee

mala qorannoo saayinsawaa kan qaacceessa odeeffannoo barruu sadarkaa isaa eeggate kan qorattooni odeeffannicha ittiin xiinxalaniidh (Krippendorff, 1980:21-27; & Weber, 1990: 912).

2.12. Akkaataa Dhiyaannaa Uumamteefi Hortee Dhamjechootaa Kitaaba Barataa Keessatti

Galma ga'iinsa baruu barsiisuuf akkaataan dhiyaannaa kitaaba barataa baay'ee murteessaadha. Kitaabni qophaa'u, sadarkaa barataan kan walsimatu, barattoota kan hawwatuufi qabiyyee barattoota mariisuuf mijatu; akkasumas, irra deddeebii kan hinqabneefi kan barattoota xiinxalsiisuufi hubannoo isaanii cimsu ta'uu qaba. Kitaabni qophaa'uu kan barattooni daree barnootaa keessatti waliin mari'achaa yookaan haasa'aa akka baratan taasisu yoo ta'e gaariidha; kunis, karaa kallattiifi alkallattii ta'uu danda'a. Kana jechuun qabiyyeen barnoota qophaa'uu kan barattooni kallattiin irraatti mari'ataniifi fayyadama yookaan galumsa keessa akka barataniif kan qophaa'u ta'uu qaba. Dhamjecha Afaan Oromoos kallattiifi barreeffama keessatti dhiyeessuun akka barattooni ofiin xiinxalanii wanta barbaadame bira ga'an gochuun nidanda'ama. Kitaaba barataa kutaa 11^{ffaa} fi 12^{ffaa} keessattis karaa alkallattiin dhamjechoota adda addaa barreeffama keessa galchuun qophaa'ee osoo dhiyaatee barattooni akka ofiin shaakalaniif waan gargaaruuf, dhuunfaan yookaan gareen hojjetanii hubannoo gahaa akka argataniif isaan gargaara. Akkaataa dhiyaannaa dhamjechootaa kitaaba barataa barnoota Afaan Oromoo kutaa 11^{ffaa} fi 12^{ffaa} bara 2005 qophaa'e yoo ilaalle immoo kallattiin ibsa laachuurratti waan xiyyeeffatuuf barattooni akka ofiin hojjetan hintaasisu. Kanaaf, qopheessitooni sirna barnootaa qorannoo kana bu'uura godhachuun qophii kitaaba itti aanuu keessatti haala olitti ibsame kanaan dhiyeessuu qabu (Harmer, 1987: 47).

2.13. Qindoomina Dhiyaannaa Uumamteefi Hortee Dhamjechootaa Kitaaba Barnootaa Keessatti

Adeemsa baruu-barsiisuu qabiyyee barnootaa keessatti akkaataa meeshaaleen barnootaafi malleen qabiyyee barnootaa dhiyaatanii ittiin galma ga'an beekuun barbaachisaadha.

Qabiyyeen afaanii tokko yommuu barnootaaf wixineeffamu wantoota ilaalcha keessa galuu qaban, sadarkaa barattoonni irra jiran, qabiyyee barnoota sadarkaa barattoonni irra jiranii, akaakuu qabiyyee barnoota dhiyaatu sana keessatti hammatamaniifi kaayyoo baratamuuf beekuun murteessaa ta'uu isaati (McDonugh and Shaw, 1993).

Qidaa'inni dhiyaannaa uumamteefi hortee dhamjecha Afaan Oromoo sagantaa barnootaaf dhiyaate barattoota afaanicha akka afaan dhalootaatti barataniifi. Afaan tokko dhalootaan beekuun ammo, madda qaama afaanichaa beekuu waan hintaaneef, madda qaama afaan tokoo hubchuuf beekumsi sun barnootaan deeggaramuu qaba. Kanaafuu, dhiyaannaan uumamteefi horteen dhamjecha Afaan Oromoo kan adeemsa baruu-barsiisuu keessatti jechoota dubbii afaanichaa bu'uura godhatan taasisuun, galma ga'insa ijaarsa jechoota afaanichaa sagantaa barnootaaf qopheessuun barbaachisaadha.

Barattoonni caaseffama seerlugaa yeroo tokko qofaa barachuun waan hunda qabachuu hin danda'an. Sirreeffama caasaa tokkoo, uunkaa, hiikaafi itti fayyadama hawwaasummaa bifa guutuu ta'een fayyadamuu akka danda'an beekumsa adeemsa keessa horataniin ta'uu qaba malee, akkuma jirutti dheedhii isaa barsiisuudhaan ta'uu hinqabu. Kanaafuu, caaseffama isaanii yeroo tokko barsiisuurra yeroo adda addaa irra deebi'uun barsiisuudha (Muci, 1991: 98 ; Feeman, 1997: 75).

Seerluga yemmuu barsiifnu galmi inni dhuma seerluga ta'uu hinqabu. Barnoonni hiika afaanichaa hawaasummaafi itti fayyadama xinqooqaa, galumsaafi wkf akka beekan isaan kanneeniin walqabsiifnee barsiisuu qabnaadha (Celee-Murchia, 1991: 466-67)

Ulaagaaleen ittiin qaaceffamanis isaanuma kanarratti hundaa'uun, barsiisota mana barumsichaa keessatti Afaan Oromoo eeraman barsiisan wajjiin ta'uun kan xiinxalamee qaaceffamudha. .Kanaaf, qorannoo saayinsaawaa kan qaaccessa odeeffannoo barruu sadarkaa isaa eeggate kan qorattoonni odeeffannichaa ittiin xiinxalaniidha (Krippendorff, 1980: 21-27 Webber, 1990:912).

Walumaa galatti, qorannoo kun xiinxala haala dhiyaannaa uumamteefi hortee dhamjechoota barnoota Afaan Oromoo kutaalee 11^{ffaa} fi 12^{ffaa} irratti.

2.13.1. Karaa Kallattii Yookaan Ifa Ta'een

Kana jechuun karaa ifa ta'een caasaa afaanii barsiisuu jechuudha. Karaa kallattii ta'een caasaa afaanii barsiisuu keessatti kitaabni qophaa'u matadureen booda, fakkeenya adda addaa kennuun barattoonnis fakkeenya kenname irratti hundaa'uun akka shaakalan kan taasisu ta'uu qaba.

As keessatti kitaabni waa'ee haalli dhiyaannaa uumamteefi hortee dhamjechootaa irratti ibsa gahaafi ifaa ta'e kennuun dhiyaata jechuudha. Dhamjechoota: hennaa, ramaddii, koorniyaa, lakkoofsa, matima, garee jechootaa jijjiiran ilaalchisuun ibsuufi fakkeenyi gahaan kitaaba barataa keessatti qophaa'uun dhiyaachuu qaba kan jedhudha. Kun caasaa afaanii kallattiin barsiisuu waan ta'eef, ibsiifi fakkeenyi gaariin kitaaba keessatti qophaa'uun dhiyaachuu qaba jechuudha. Fakkeenyaaf; kitaabicha keessatti kan dhiyaatu dhamjechoota maqaa uumuuf gargaaran yoo ta'e, dura maalummaa dhamjechoota kanaa ibsuufi itti aansuun fakkeenya garaagaraa kennuun kan dhiyaatuudha. Barsiisaas ta'e, barataan fakkeenya kenname kana hordofuun hojjetu jechuudha, jedha(Harmer, 1987:4 ;John Atkins, 1995:41).

2.13.2. Karaa Alkallattii

Kun immoo deemsa keessa barattoonni caasaa afaanii akka baratan kan taasisuudha. Kunis, tooftaalee adda addaan dhiyaachuu danda'a.

2.13.3. Qaaccessa Dhiyaannaa Uumamteefi Hortee Barreeffama Keessatti

Uumamteefi hortee dhamjechootaa barreeffama gabaabaa keessatti dhiyeessuun barattooni achi keessatti uumamteefi hortee dhamjechootaa akka baratan taasisuun ga'umsa isaan caasaa afaanii adda baasanii barachuuf qaban nidabala (Katamba, 1993: 3).

2.13.3.1. Waliin Haasawaa yookaan Marii Gochuu Keessa

Kitaabni barattootaaf qophaa'u daree keessatti waliin mari'achaa yookaan waliin haasa'aa akka baratan kan taasisu yoo ta'e gaariidha. Faayidaan kanaas, caasaa afaanii barsiisuu qofa osoo hinta'in dandeettii dhaggeeffachuufi dubbachuu akka gabbifatan isaan gargaara

jedha. Kana malees, beekumsaafi muuxannoo barattoonni duraan qaban akka waljijjiiraniif waan gargaaruuf achi keessa dhamjechoota adda addaa barachuuf gargaara. Fakkeenyaaf; haasaawaa Afaan Oromoo nagaa walgaafachuuf geggeeffamu walsimsiisuu keessatti gahee dhamjechoonni qaban olaanaadha. Eessa deemtan? Eessa dhufta? Kan jedhan keessatti dhamjechoonni {-tan}n matima 'isin' jedhu kan saala hin ibsne ta'us baay'ina garuu ni ibsa; {-t} kan jedhu immoo matima 'ati'jedhu kan ibsaniidha. Tooftaan kun afaan kan ilaalu meeshaa waliigaltee ta'uu isaatiin waan ta'eef, barattoota irraa dandeettii xinqooqaafi waliigaltee gahaa ta'eetu eegama. Dandeettii xinqooqaa jechuun unkaa afaanichaa beekuu yoo ta'u, dandeettii waliigaltee jechuun immoo tajaajila afaanichaa beekuu jechuudha. Kanaaf, waa'ee dhamjechoota waliin haasawaa keessa akka barataniif kitaaba barnootaa qopheessuun fudhatamummaa murteessaa qaba jechuudha (Harmer, 1987: 42).

2.13.3.2. Afoola Adda Addaan Walqabsiisuun Dhiyeessuu

Qophii kitaaba barataa keessatti afoolawwan adda addaa kanneen akka oduu duriifi baacoon walqabsiisuun uumamteefi hortee dhamjechoota dhiyeessuun haala salphaa ta'een akka barataniif gargaara. Biyyoota guddachaa jiran keessatti afoolli sirna barnootaa keessatti hammatamuun isaa guddina afaanichaaf gahee guddaa qabaata; barnootichas baay'ee jaallatamaa taasisa; akkasumas, aadaa hawaasa afaan barataa sanaan walbarsiisuun barsiisuudha. Kanas gara keenyatti as fiduun afoola kanneen akka oduu durii keessatti haala dhiyaannaa uumamteefi hortee dhamjechootaa hammachiisuun kitaabilee barnootaa qopheessuun barattoota kan hawwatuufi si'eessu; akkasumas, aadaa hawaasa isaaniitiin walbarsiisa jechuudha. Kana malees, haala salphaa ta'een barruu qophaa'e keessatti waa'ee dhamjechootaa akka barataniif gargaara. Kanaaf, osoo afoola adda addaa kan akka oduu durii, mammaaksa, hibboo, baacoofi kkf. Keessatti dhamjechoota garaagaraa dhiyeessuun kitaaba barataa qopheessuun fudhatamummaan isaa olaanaa ta'a. Sababni isaas, afoola kana keessatti dhamjechoota hortee: danooma maqaafi maqibsootaa; ramaddiiwwan argisiisan; hennaa darbe, gocha raawwatamaa ture; matimaafi antima mul'istoota; walsimannaa matimaafi gochimaa mul'isan dhiyeessuun barsiisuun nidanda'ama. KB akkaataa ibsame kanaan qindaa'ee dhiyaachuu dhabuun barattootaan hawwatamuu isaa xiqqeessuu danda'a (Brumfit C.J. fi R.A. Carter, 1986:17).

2.13.3.3. Mala Faayidaa Murtaa'aaf Dhiyeessuu

Malli kun kan bu'uureffatu haala qabatamaa kitaaba barnootaa qophaa'uuti. Barattooni maal beekuu qabu kan jedhu yookaan maal barachuu barbaadu kana jedhuun walsimsiisuudhaan qophaa'ee hojii irra ooluu qaba. Kunis, kan irratti xiyyeeffatu: fedhii barattootaa, haala qabatamaa kana jechuunis, kitaabni barataa yeroo qophaa'u, qabiyyee isaa keessatti wantoota qabatamaan naannootti argaman aadaafi duudhaa hawaasaa barsiisu waliin walqabsiisuun dhiyeessuun bu'a qabeessa ta'uu isaa argisiisa. Dabalataanis, caasaaleen haaraa yemmuu qophaa'an, unka afaanichaa qofa osoo hinta'in tajaajila unkaan afaanii sun ooluuf waliin walqabsiisuun qophaa'ee dhiyaachuu qaba. Kanaafuu, namni sirna barnootaa qopheessu: akkaataa uumamaa, seeraafi haala hormaata jechootaafi unka caasaa haaraa qophaa'u sanaa; fakkeenyaaf, unkaafi tajaajila dhamjechootaafi kkf irratti hubannoo gahaa qabaachuu qaba.

Egaa kitaaba kana keessattis, faayidaa dhamjechootaa murteessuun dhiyeessuun kallattiin barumsicha qabatamaa taasisuuf gargaara; hawaasa naannoo, duudhaafi aadaa hawaasaati (Richards and Rodgers, 2001:1).

2.13.3.4. Murtaa'aatii Gara Dimshaashaatti (Inductive Method) Dhiyeessuu

Kunis adeemsa caasaan afaanii kitaaba keessatti ittiin qophaa'ee barsiifamu ta'ee, seera waan barachaa jirani akka ofii isaaniin bira gahan gochuuf gaaffilee murtaa'oo adda addaa ibsuun eegala. Dursa kitaabicha keessatti ibsi fakkeenya gabaabaa waliin barattootaaf waan dhiyaatuuf fakkeenya kenname irratti hundaa'uun caasaa afaanichaa akka baratan taasisa. As keessatti fakkeenya kenname seera waliigala afaanichaa kan mata duree kenname akka barataniif gargaaruudha. Akka fakkeenyaatti waa'ee dhamjechoota danooma mul'isani kan dhiyeessu yoo ta'e, kana irraa ka'uun waa'ee dhamjechoota waliigalaa akka ofiin barataniif kan qopheessu ta'uu qaba (Fireman, 2000:19).

2.13.3.5. Dimshaashaa Gara Murtaa'aatti (Deductive Method) Dhiyeessuu

Kunis, kitaabicha keessatti erga seerri murtaa'aan tokko ibsameen booda fakkeenyaifi gilgaalonni dhiyaatan karaa to'atamaa shaakalsiisuuf kan qophaa'uudha. Kunis, fakkeenyaan yoo ibsamu dhamjechoota maqibsa adda addaa uumuu keessatti tajaajila

kenneen erga ibsameen booda, fakkeenya bal'aa kennuun ibsuudha. Fakkeenya kenname kana irratti hundaa'uun barattoonni dhamjechoota biroo maqibsoota adda addaa kenname keessaa akka addaan baasaniif kan shaakalsiisuudha (Tashoomaa, 2005:216).

Kana jechuun dhamjechoota maqibsa uumuuf gargaaran erga ibseen booda, fakkeenya garaa garaa kan hubannoo bal'aa kennu dhiyeessuudha. Egaa, barattoonnis, gilgaala kitaabicha keessatti dhiyaate irratti hundaa'uun dhamjechoota maqibsa biroo uumuuf gargaaran jechoota kennaman keessaa akka addaan baasan shaakalsiisuuf kan isaan qopheessu ta'uu qaba jechuudha.

2.14. Sakkatta'a Barruu Wal-fakkii

Kutaa kana keessatti barruulee xinjecha waliin hariiroo yookiin walitti dhufeenya qabantu sakatta'amee dhiyaate. Barruuleen kunniinis, walitti dhufeenya xinjecha waliin qaban kan ibsaniidha.

Qorannoo kanaan dura xinjecha Afaan Oromoo irratti gaggeeffame gama hormaata jechootaafi uumama jechoota Afaan Oromoo ilaalchisee (Ijaaraa, 1999) “Haala dhiyeessa xiinlatii Afaan Oromoo daree barnootaa keessatti mana barumsaa qophaa'ina Oromiyaa irratti kan bu'uureffatedha. Kunis, tooftaan xiinlatii daree barnootaa keessatti ittiin barsiifamuufi meeshaaleen barnootaa haala walfakkaattuun dhyaaichuu akka qabu dhiyeessseera. Qorannichis, sirna barnootaa duraa ykn isa moofaa barnoota Afaan Oromoo Kutaa 11^{ffaa} irratti kan adeemsifamedha. (Gurmeessaa, 2014) “Qaaccessa caasaa jechaafi hima Afaan Oromoo kitaabilee barumsaafi kitaabilee wabiirratti kan xiyyeeffate” Qorannoon kun kan xiyyeeffate jechaafi hima irratti yoo ta'u, kan xiyyeeffatees kitaabilee barnootaafi kitaabilee wabiirratti. Kanaaf, qorannoo kun hima ilaalchisee waan baay'ee kaa'eera. Garuu, xiyyeeffannaan isaafi kan qorannoo kiyyaa walitti dhufeenya hinqaban. (Duulaa, 2016) “Qaaccessa Qabiyyee Dhamjechoota Afaan Oromoo Kitaaba Barataa Kutaa 12^{ffaa} irratti yoo ta'u, qorannoon kunis, xixala dhamjechootaa irratti irratti xiyyeeffate yoo ta'u, kunis, qorannoon kunis, xixala dhamjechootaa irratti irratti xiyyeeffate yoo ta'u, kunis, dhamjechoota walabaafi hirkatootti qoodee kan ilaaledha. Dhajechi walabaa ofdanda'ee dhaabachuun hiika mataa isaa kan qabu yoo ta'u, dhamjecha hirkataan immoo qofaa isaa of danda'ee dhaabachuun hiika kan hinlaannedha.

Kaayyoon qorannoon kanaa xiyyeeffannoon isaa qabiyyeewwan dhamjechoota Afaan Oromoo kitaaba barattoota Kutaa kudha lammaffaa irratti kan bu'uureffatedha.

Kaayyoon qorattoota kanneenii akka waliigalatti yoo ilaallee Qaaccessa dhamjechoota Afaan Oromoo adda addaarratti kanxiyyeeffateedha. Xiyyeeffannaan qabiyyee qorannoo isaan armaan olitti eeramaniin adda kan isa taasisus, qaaccessa dhiyaannaa dhamjechoota, qaaccessa caasaa jechaafi hima dhiyaannaa xiinxala ijaarsa jechootaafi himaa osoo hinta'iin haala dhiyaannaa uumamteefi hortee dhamjechoota Afaan Oromoo kitaabilee barnoota Afaan Oromoo kutaa11^{ffaa}12^{ffaa} bara2005 qophaa'an irratti kan xiyyeeffatedha Kaayyoon isaas, hanqinaalee dhiyaannaa uumamteefi hortee dhamjechoota Afaan Oromoo kitaabilee kanneen keessatti dhiyaatan adda baasuun, haala isaan baruu-barsiisuudhaaf itti dhiyaachuu danda'an ibsuudha.

BOQONNAA SADI: ADEEMSAAFI MALLEEN QORANNICHAA

3.1. Seensa

Qorannoon kun Qaaccessa haala dhiyaannaa uumamteefi hortee dhamjechoota kitaabilee barnoota Afaan Oromoo Kutaa 11^{ff} fi 12^{ffaa} bara 2005 qophaa'an irratti kan bu'uureffate yoo ta'u, gosoota qorannoo keessaa mala ibsaatti kan gargaameef ragaaleen qorannoo kana keessatti funaanamanii walitti qabaman mala qorannoo akkamtaafi ammamtaatti gargaaramuun kan qaaceffamedha. Sabani gosoota qorannoo kanatti gargaaramuun barbaachiseef, kaayyoon qorannoo kanaa haala dhiyaannaa uumamteefi hortee dhamjechoota kitaabilee barnoota Afaan Oromoo Kutaa 11^{ffaa} fi 12^{ffaa} bara 2005 qophaa'an keessatti argaman adda baasee qaaccessuu waan ta'eefidha. Akkasumas, haala kitaabicha keessatti argamu adda baasee qaaccessuun dhiyeesseera. Qorannoon kun yeroo gaggeeffamutti meeshaaleen ragaaleen ittiin funaanaman, mala filannoo iddattoo, maddoonni ragaalee, malli qindaa'inaafi akkaataan ragaalee kun ittiin qaaceffaman ibsameera.

3.2. Maddoota Ragaalee

Qoratiichi, madda ragaalee qorannoo kanaaf barbaachisan kanneen haala armaaan gadiitti dhiyaatan jedhamee abdatudha. Waa'ee madda ragaalee ilaalchisee Cohn (1994: 50) yommuu ibsu

Primary datas are those items that have had adirect physical relationship with the events being reconstructed. This cathegory would include not only the written and orally testimony provided actual participants themselves. Documents considerd as aprimary resources include manuscripts, characters, laws, archives of officials minutes or records, files letters,...recordings, and research reports. All these are, intentionally or unintentionally, capale of transmitting afirst hand account of anevent and are there fore considered as asource of primary data. Other instances of secondary sources ...text books, encyclopedias...jedha.

Qorannoo kana akka madda ragaa tokkooffaatti kitaabilee barataafi qajeelcha barsiisaa Kutaa 11^{faa} fi 12^{ffaa} bara 2005 qophaa'an, barsiisota Afaan Oromoo kutaalee 11^{ffaa} fi 12^{ffaa} barsiisaniifi barattoota kutaalee kanneen keessatti Afaan Oromootiin barataniidha.

3.3. Mala Filannoo Iddattoo

Qorannichaaf oddeeffannoo barbaachisu argachuuf qaamoolee kallattiin dhimmicha waliin walitti dhufeenya qaban barsiisotaafi barattoota mana barumsaa Qophaa'ina Aliiboo keessatti barsiisan mala iddatteessuu mit-carraa keessaa iddatteessuu akkaayyootti gargaarame Berg (2001:32) Sababni qorataan kun mala kana filateefis, haala dhiyaannaa uumamteefi hortee dhamjecha Afaan Oromoo irratti mul'atan ilaaluun, hanqinaalee jiran adda baasuufi furmaata kennuuf filatamaadha jedhee waan yaadeefi.

Barsiisota

Barsiisota waliigala mana barumsichaatti barsiisan shantamii ja'a keessaa barsiisonni kutaa 11^{ffaa} fi 12^{ffaa} Afaan Oromoo barsisan sadii yemuu ta'an sadanuu afgaaffii qophaa'efi mirkaneffannaa kitaabilee barataafi qajeelcha barsiisaa irratti akka qooda fudhataniif mala iddatteessuu akkaayyoo (Purposive Sampling) tiin filatamaniiru. Iddattoo akkaayyoo/iddattoo itti yaadee /purposive sampling/ yeroo ibsu "...mala kanaan iddatteeffachuun kan barame. Yommuu mala kan fayyadamnee odeeffannoo funaannu odeef- kennitoota itti yaanneetuma filanna" (Dastaan, 2013: 195). Kutaa barsisoonni kunniin seenanii barsiisan ilaalchisee, barsiisonni lama kutaa 11^{ffaa} barsiisaan tokko ammoo kutaa kudhalammaffaa barsiisu. Kanaafuu, haalli filatamuufi hirmaachuu isaanii kallattiin kan isaanuma ilaallatuudha. Karaa biraatiin seenduubni dhuunfaa barsiisoota kanaa, sadan isaanii dhiira yoo ta'an Digirii 2^{ffaa} kan qabaniifi Afaan Oromootiin kan xumuraniiru

Barattoota

Qorannoo kana keessatti barattoonni mana barumsaa qorannichi irratti geggeeffamu kitaabilee barnoota Afaan Oromoo Kutaa 11^{ffaa} fi 12^{ffaa} tiin baratan yaada kennuun hirmaataniiru. Filannoo iddoattoo barattootaaf taasifame immoo adeemsa hordofe ni qaba. Jalqabaa irratti barattoonni akka mana barumsichaatti kutaa 11^{ffaa} fi 12^{ffaa} baratan adda bahanii akka beekaman ta'e. Barattoonni mana barumsaa Qophaa'ina Aliiboo Kutaa 11^{ffaa} n 1159 yoo ta'an, barattoonni Kutaa 12^{ffaa} baratan immoo 269 dha. Kanneen keessaa dhiirri 756 yoo ta'an, shammarran 672 dha. Walumaagalatti, Kutaa 11^{ffaa} fi 12^{ffaa} kan baratan 1428 dha. Barattoota kanneen keessaa mala iddatteessuu carraa tasaa (random

Sampling)tti gargaaramuun kutaa lamaan keessayyuu %10 kan ta'an filatamaniru. Kunis, hamma argametti fayyadamuudha. Sababni isaa, kallattiidhaan kan dhimmi isaan ilaallatu osoo hin taane odeeffannoo dabalataatiif kan filatamaniidha.

3.4. Qaaccessa Kitaabilee Barnoota Afaan Oromoo

Qorannoo kanaaf maddi odeeffannoo jalqabaa kitaabilee barnoota Afaan Oromoo kutaa 11^{ffaa} fi 12^{ffaa} bara 2005 qophaa'anidha. Haaluma kanaan, haala dhiyaannaa qabiyyee uumamteefi hortee dhamjechoota kitaabilee kanneen keessatti dhiyaatan ilaalchisee, ragaa funaanuuf jecha haala dhiyaannaa uumamteefi hortee dhamjechoota kitaabilee barnoota Afaan Oromoo, kitaabilee barataafi qajeelcha barsiisaa akka meeshaa qorannoo tokkootti itti fayyadameera. Kanumarratti ragaa barbaachisaa ta'an argachuuf immoo, qabxiilee mirkaneeffannaa qaaccessa kitaabilee, qabiyyee dhamjechootaa agarsiisan ykn ilaallatan dursee qopheeffachuun barsiisotaaf raabsuun akka guutaman godhameera.

3.5. Meeshaalee Funaansa Ragaalee

Adeemsa qorannoo kana gaggeesuu keeaatti qorataan odeeffannoo qabatamaafi quubsaa ta'e argachuun odeeffannoo funaannate qindeesseera. Meeshaaleen ragaaleen ittiin walitti qabame keessaa inni tokko Qaaccessa kitaabilee barnoota Afaan Oromoo Kutaa 11^{ffaa} fi 12^{ffaa} bara 2005 qophaa'anii hojiiradha. Inni kan biroon immoo, odeeffannoo afgaaffiifi bargaaaffiin walitti qabamanidha. Afgaaffiifi bargaaaffiin kan qophaa'eef immoo, barsiisotaafi barattoota kutaalee kana barsiisaniifi barattoota kutaalee kana keessatti baratan irraa odeeffannoo haala dhiyaannaa uumamteefi hortee dhamjechoota Afaan Oromoo maal akka fakkaatuufi haala kamiin akka dhiyaate ragaa argachuuf kan qophaa'edha.

3.6. Mala Qindaa'inaafi Qaaccessa Ragaalee

Odeeffannoon qorannichaaf barbaachisu meeshaalee garaagaraatiin walitti qabameera. Akkaataan qorannoo kun ittiin qidaa'e immoo, adeemsa qorannoo makaa hordofuun kan qaaceffamedha. Sababni isaa adeemsa akka qorataan hordofu taaasises, qorataan haala ragaa ittiin funaannatee argate irratti hundaa'uun malleen qorannoo akkamtaafi ammataatti fayyadamuun ragaa argame bakka itti dhiyeesseefi qindeeseen waan

walqabatuufi. Ragaan Qaaccessa kitaabileen barnoota Afaan Oromoo irraa argame adeemsa qorannoo akkamtaan ibsameera. Haaluma kanaan, ragaan afaaffii barsiisota irraa argame mala qorannoo akkamtaan kan ibsame yoo ta'u, ragaan barattoota irraa argame amanamummaan qaaccessameera.

Karaa biraatiin, ragaa barattoonni kennan irratti hundaa'uun bargaaaffii barattootaa lakkoofsatti jijjiiramee haala qorannoo ammamtaatiin qaaccessuun ibsameera. Adeemsa kana keessatti dursa barattoota deebii bargaaaffii walfakkaataa kennanii lakkaa'uun akka bakka tokkotti walitti qabaman taasifameera. Lakkoofsi isaaniis dhibbentaa (%) tti erga jijjiiramee booda tokkoo tokkoo gaaffilee hunda erga gabatee keessatti guutamani booda ibsiifi hiikni gahaan itti kennamuun qaaccessameera.

Walumaagalatti, ragaaleen barbaachisoo ta'an haala armaan oliin erga qindaa'ee ibsameen booda qaaccessuun haala argannoon isaa irraa argameen ibsameera. Akkasumas, argannicha irratti bu'uureffachuun yaadni furmaataa nita'a jedhamee yaadame dhumarratti dhiyaateera.

BOQONNAA AFUR

ODEEFFANNOO QAACCESSAA, HIIKAAFI DHIYEESSA

4.1 Seensa

Odeeffannoo kana funaannachuuf malli qorannoo akkamtaafi ammamtaa dhimma itti bahameera. Haala kana keessatti meeshaalee garaa garaatti fayyadamuudhaan odeeffannoo funaaname walitti qabamee dhiyaateera. Qaaccessa odeeffannoo kitaabilee barataafi qajeelcha barsiisaarraa argame qabxiileen sakatta'insaaf dhiyaatan gabateen erga dhiyaatee booda jalatti jechaan ibsameera. Itti aansuun qorataan afgaaffii barsiisotarraa bifa odeeffannoon argame jechaan ibsuun qaaceffameera. Akkasumas, bargaaffiin barattootarraa funaaname gabatee keessatti lakkoofsaan gara dhibbentaatti (%) erga deebisamee booda jechaan jalatti ibsameera.

4.2 Qaaccessa Odeeffannoo Kitaabilee Barataarraa Argame

As jalatti kan ilaalamu KBfi QB Kutaa 11^{ffaa} fi 12^{ffaa} iddoo itti qaaceffamudha.

4.2.1 Odeeffannoo Kitaabilee Barataarraa Argame

Adeemsa baruu barsiisuu keessatti haala meeshaaleen barnootaa ittiin qophaa'u adda baasanii beekuun adeemsa baruu barsiisuu galmaan gahuurratti iddoo olaanaa qaba. Akaakuun barnootaa qophaa'u tokko sadarkaa dandeettii barattootaa bu'uureffachuun akka qophaa'uu qabu barreessitoonni kun niibsu (Mc Donoughand Shaw, 1993: 156).

Yaada kana bu'uura taasifachuudhaan uumamteefi hortee dhamjechoota kitaaba barnoota Afaan Oromoo Kutaa 11^{ffaa} fi 12^{ffaa} irratti boqonnaa kitaabilee garaa garaa keessatti xiyyeeffannaan sadarkaa isaa eegee akka dhiyaatee mul'atu sakatta'amee dhiyaatee jira. Kitaabileen kunniin kan qophaa'an bara 2005/ 2013 yommuu ta'an, Biiroo Barnoota Oromiyaatti qajeelcha qophii qo'annoofi qorannoo sirna barnootaatiin yoo ta'u, kutaa 11^{ffaa}, n boqonnaa 17 fuula 224 yoo ta'u, Kutaa 12^{ffaa} 'n boqonnaa 18 fuula 172 qaba. Kitaabilee barnoota Afaan Oromoo Kutaa 11^{ffaa} fi 12^{ffaa} barattoota barnoticha akka afaan tokkoffaatti ykn dhalootaatti barataniif yommuu ta'u, barattoonni kunneenis, gama walquunnamtii afaanichaan walii galuurratti rakkoo hammaataa kan hinqabne ta'uu isaati.

Sababni isaas, tokkoffaa afaan dhalootaa itti afaan hiikkatan waan ta'eefi; lammaffaa akka afaan naannootti kutaa tokkoo eegalee hanga kutaa 10^{ffaa}tti qubeerraa kaasee ogummaawwan ga'umsa afaanii haala gahaa ta'een waan barataniif deendettiiwwan irratti hanqina bal'aa hinqabani. Kana malees, barattoota barnoota sadarkaa olaanaaf qophaa'an kanneen gara kolleejjiifi Yuunivarsiitiitti ce'aniif kan qophaa'edha. Kanaafuu, qabiyyeen barnootichaa kitaabilee kanneen keessatti haammataman kan akaakuu qabiyyee afaanii adda addaa bal'inaan qabataniifi irra caalaa barattoonni hubannaa caasaa afaanicharratti gabbifachaa akka deeman gochuurra darbee afaan sana barachuf kaka'umsa guddaa isaan keessatti kan uumuu danda'u ta'ee qophaa'uu qaba. Meeshaaleen barnootaa tokko jalqabaarratti yommuu wixineeffamu ilaalchaa sadarkaa dandeettii barattootaa qabiyyee sana baratani irratti argamuu hubannoo keessa galchuun barbaachisaadha. Kana malees, sadarkaa sanarratti qabiyyeen barnootaa isaaniif qophaa'u filatamuun dhiyaachuu akka qabu barreessitoonni niibsu (Mc Donough and Shaw, 1993:159).

Qabiyyeen kitaabilee barnoota Afaan Oromoo kutaa 11^{ffaa} fi 12^{ffaa} bara 2005 qophaa'anii dhiyaatanii baratamaa jiran kan duraarra fooy'ina qabaatus, gama uumamteefi hortee dhamjechootaatiin qabiyyee irratti yeroo ilaalamu immoo, qabiyyeen kitaabilee kallattii barnoota uumamteefi hortee dhamjechootaatiin kan xiyyeeffannoo keessa galuu qabu ta'uu isaati. Ulaagaaleen armaan gadii gabateewwan sakatta'a kitaabaatiif qophaa'an kan irratti hundaa'an ibsoota ulaagaaleen kitaabni barattootaa guutuu qabu jedhamee qorannicha keessatti dursee ibsame irratti hundaa'anii kan qophaa'anidha. Kanarratti hundaa'uun sakatta'insa kanarratti kan hirmaatan ammoo barsiisotuma Afaan Oromoo kutaalee kanneen barsiisanidha. Kunis, sakatta'insa kitaabilee eeramanirratti kan hundaa'edha.

4. Eeyyee; akka gaariitti- qabiyyee sana ibsa gahaa ta'e waliin tokko tokkoon qoqqoodee yoo dhiyeesse.
3. Eeyyee; hanga tokko- qabiyyeen sun ibsa gahaa malee darbee darbee kan mul'atu yoo ta'e.
2. Hammana miti- qabiyyeen sun ibsa gahaa malee kallattiin kan hinibsamne yoo ta'e.
1. Homaa- qabiyyee sana ilaalchisuun wanti dhiyaate hinjiru yoo ta'e.

Haala argama isaanii ilaalchisuun bakka fuuldura isaaniitti mallattoo (√) mul'isan adda bahee erga dhiyaate booda qaaceffameera.

4.2.1.1 Uumamteefi Hortee Akaakuu Dhamjechootaa

Kitaabilee barataa barnoota Afaan Oromoo Kutaa 11^{ffaa} fi 12^{ffaa} bara 2005 qophaa'an keessatti uumamteefi hortee akaakuu dhamjechootaa Afaan Oromoo dhiyaatan isaan kam akka ta'aniifi haala maaliin akka dhiyaatan adda baasuun qaaceffamedha. Dhamjechootaa kanneen adda baasuuf ammoo gabatee (4. 1) keessatti tarreeffamanii jiru. Haala dhiyaannaa uumamteefi hortee dhamjechootaa kitaaba barataa keessatti

Gabatee: (4. 1) Haala dhiyaannaa uumamteefi hortee akaakuu dhamjechootaa kitaabilee barattootaa keessatti

Lakk	Qabyeewwan	Mul'istoota			
		4	3	2	1
1	Haala dhiyaannaa uumamteefi hortee akaakuu dhamjechootaa				
1.1	Akaakuu uumamteefi hortee dhamjechoot kanneenii maal irratti hundaa'anii akka qoodaman kitaabicha keessatti ibsameeraa?		√		
1.2	Uumamteefi horteen dhamjechootaa Afaan Oromoo isaan kam akka ta'an addaan ba'anii ibsamaniiruu?		√		
1.3	Akaakuun uumamteefi hortee dhamjechootaa Afaan Oromoo kitaaba barataafi qajeelcha barsiisotaa keessatti dhiyaataniin walsimuu?			√	
1.4	Fufiileen uumamteefi hortee dhamjechootaa kanneenii ifaan ifatti kitaabicha keessatti adda bahee ibsameeraa?			√	

Fakkeenya 3 Keessatti jechoota kanaa gadiirraa fufiilee jiran dureefi duubetti addaan qooduun gabaatee keenname keessatti guuti (Kitaaba barataa Kutaa 11ffaa Gilgaala 9 C fuula 19)

	Akaakuu fufii	
	Fufii duree	Fufii duubee
Deemsise		
Yaadeemnu		
Namoota		
Mummurame		
Qale		
Nama		
Niyaada		

Jechoota kenname ilaalchisee (Qajeelcha barsiisaa fuula 18) Deebii Gilgaala (13 C)

Jechoota	Fufiilee	Gosoota fufii
deemsise	-sis-e	duubee(booda)
Haadeemnu	haa-	Duree
	-nu	Duubee
Namoota	-oota	Duubee
Mummurame	mu-	Duubee
	-ame	Duubee
Qale	-e	Duubee
Nma		
Niyaada		

Gaaffiin kitaaba barataa keessatti kennameefi deebiin qajeelcha barsiisaa keessatti deebi'e walhinsimu. Gilgaalli kitaaba barataa keessatti kenname gilgaala **9C** yoota'u, deebiin qajeelcha barsiisaa keessatti kenname immoo, gilgaala **13(C)** jechuun deebii kenna. Akkuma kanas, gaaffileen kitaaba barataa keessatti kennaman keessaa '**mummurame**' kan jedhuuf yeroo deebii kennu fufii '**mu-**' jedhuun fufii duubee jechuun deebii laateera; garuu fufiin kun fufii dureedha. Ittuma dabalee, qajeelcha barsiisaa keessatti jecha '**mummurame**' jedhurraa yeroo fufii baasu '**-ame**' jechuun akka fufii duubeetti deebii

kenna kun immoo fufiin kun akkuma tokkootti ilaalamuusaa mul'isa kun immoo sirrii natti hin fakkaatu; kan ta'uu malu' -am-, -e 'yoo ta'e filatamaadha. Sababni isaas, barattoonni sadarkaa kanarra jiran uumamteefi hortee irratti hubannoo bal'aa argaachuu waan qabaniif. Bifuma walfakkaatuun kitaaba barataa keessattis ta'e, qajeelcha barsiisaa keessatti fufiileen kun tajaajila caaslugaas ta'e, garee ykn hiika jechaa jijjiiruu keessatti gaheen isaanii wanti ibsame hinjiru.

Haala dhiyaannaa kana keessatti qajeelcha barsiisaa Afaan Oromoo keessatti akaakuu dhamjecha duree, duubee, giddeefi naannee jechuun qooduun alatti tokkoo tokkoo isaaniif ibsi kenname hinjiru.

Fakkeenya 4: Jechoota armaan gadiirraa fufii addaan baasuun akaakuu isaanii jalatti ramaddi.

Jechoota	Fufii		
	Duree	Duubee	Naannee
Hindeemu			
Agarre			
Namooman			
Altokko			
Fardoo			
Hinnyaanne			

(Kitaaba barataa Kutaa 12^{ffaa} Gilgaala 5 F fuula 55)

Jechoota gabatee keessatti kennaman ilaalchisee qajeelcha barsiisaa keessatti deebiin kenname

F. Jechoota	Duree	Duubee	Giddee	Naannee
1. hindeemu	hin-	-u	-	? -
2. agarre	-	-e	-a	
3. namooman	-	-an	-	-
4. filmaata	-	-maata	-	-
5. altokko	al-	-	-	-
6. faradoo	-	-oo	-	-
7. hiyyaanne	hin-	-ne	-	hin...ne

(Qajeelcha barsiisaa Kutaa 12^{ffaa} fuula 49)

Jechoota kitaaba barataaf deebiin qajeelcha barsiisaa keessatti laatame wal hinsimu. Jechi kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa keessatti kennaamellee addaa adda. Fufiileen duree, duubeefi naannee jechuun kitaaba barataa keessatti yeroo kennu qajeelcha barsiisaa keessatti immoo fufiilee duree, duubee, giddeefi naannee jechuun deebii kenne. Akkuma kanas, kitaaba barataa keessattis ta'e qajeelcha barsiisa keessatti fufiileen maalirratti hundaa'anii akka qoodamaniifi akkamitti akka qoodaman wanti ibsame hinjiru. Inni biraan, '**hindeemu**' kan jedhu keessatti 'hin-' fufii duree '-u' fufii duubee jechuun deebii yoo kennu fufiin **naanneen** garuu akka hinjirreetti ibseera. Fufiin tokko fufii dureefi duubee ta'ee hundee jechaa tokko irratti argamna fufiin sun fufii naannee qaba jechuudha. Bifuma walfakkaatuun Kitaaba barataa keessatti '**hinnyaanne**' jechuun gaaffii yoo gaafatu, qajeelcha keessatti immoo '**hiyyaanne**' jechuun jecha kennee hin...ne jechuun fufii naannee jechuun deebii laata. Inni biroon immoo, jecha'hindeemu'jedhu fufii dureefi duubee akka qabutti ibsee fufii naannee garuu akka hinqabnetti kaa'eera.

Kanaaf, akaakuun dhamjechoota uumamteefi hortee kitaaba barataa keessatti gaaffiin kennameefi qajeelcha barsiisaa keessatti deebiin kenname bal'inaan kan wal hinsimne ta'uu isaati.

Fakkeenya 5 Gilgaala 8 B Shaakala Fufii

Himoota armaan gadii keessatti qaamoleen jechaa jala sararaman maal agarsiisu

1. Magarsaan saroota narraa ari'e.
2. Isheen kubbaa saaphanaa taphachuu jaallatti.
3. Abbaan Ganamee barumsa alidileen dubbisuufi barreessuu baratan.
4. Jarri bishaan dhugan.
5. Inni bishaan dhuge
6. Isheen bishaan dhugde.
7. Nuti bishaan dhugne. (Kitaaba barataa Kutaa 12^{ffaa} Gilgaala 8 B fuula 69)

Hub. Fakkeenyi armaan olii kan ibsan kitaabni barnoota Afaan Oromoo fufii barsiisuuf dhiyaatedha. Deebiin qajeelcha barsiisaa irratti gaaffii gaafatamee deebi'e

Deebii Gilgaala 8B

- a. Lakkoofsa (heddummina)
- e. Haala raawwii

- b. Gochima raawwate
- c. Lakkoofsa (heddummina)
- d. Lakkoofsa (heddummina) (Qajeelcha barsiisaa Kutaa 12ffaa fuula 55)
- f. ramaddiifi haala raawwii
- g. heddumminaafi haala raawwii

Qajeelcha barsiisaa keessatti fufiilee ilaalchisee ibsi kenname fufiin dura ykn duuba jechaa galuun tajaajila caaslugaa ykn jijjiirraa hiikaa kan agarsiisudha. Akaakuu fufii keessaa tokko fufii hortee yoo ta'u, tajaajilli isaas caasluga agarsiisuudha.

Dhiyaannaa qabiyyee akaakuu dhamjechootaa keessatti dura akaakuun dhamjechootaa afaan sana keessaatti argaman adda bahanii erga ibsamani booda, uunkalee isaanii qofa osoo hintaane tajaajilaafi hiika dhamjechoonni adda addaa qaban walcina qabuun ibsamuu qabu (Harmer, 1997: 10).

Yaada kenname kanarraa wanti hubachuun danda'amu dhiyaannaa uumamteefi hortee dhamjechoota Afaan Oromoo caasaa afaanicharratti hundaa'uun bakka garaa garaatti qooduun bu'uurri qoodii isaanii maal akka ta'e, hiika, qabiyyee tajaajila isaan afaanicha keessatti qabaniin adda baasanii kitaabilee barnootaa keessatti dhiyeessuun barbaachisaa akka ta'e nama hubachiisa.

Karaa biraatiin, fakkeenya armaan olii keessatti kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa keessatti gilgaala kenname irratti deebiin qajeelcha barsiisaa keessatti kenname fufiin dura ykn duuba jechaa galuun tajaajila caaslugaa ykn jijjiirraa hiikaa agarsiisu, akaakuu fufii keessaa tokko hortee yoo ta'u, tajaajila caaslugaa agarsiisuudha.

Hiikuma kenname kana yoo xiinxalle fufiin dura ykn duuba jechaa galuun tajaajila caaslugaa ykn jijjiirraa hiikaa agarsiisu kan jedhu malee qabiyyee tajaajilaafi bu'uurri qoodii isaanis, maalirratti hundaa'ee akka qoodaman hin ibsamne. Akkuma kanas, hiikti fufiif kennames quubsaa miti.

Bifuma walfakkaatuun fufii horteen tajaajila caaslugaa agarsiisuudha; jechuun ala tajaajilli caaslugaa kun warra kam akka ta'e wanti ifa ta'e hinjiru. Sakatta'insa kitaaba barataa ilaalchisuun yaada dhiyaatedha.

Haata'u malee, uunkaa fufiilee tokko akaakuu isaaniin, qabiyyee isaaniifi tajaajila isaaniitiin kaa'uun agarsiisuufi tajaajila isaan seerluga afaanichaa jijjiiraniifi tajaajila

caaslugaa isaan qaban warra kam akka ta'e bifa garaa garaatiin tarreessuun agarsiisuun barbaachisaadha. Erga tajaajilli fufiilee kun adda bahanii beekamanii booda immoo, tajaajila isaan afaanicha keessatti qaban fakkeenya garaa garaan deeggaranii ibsuun barbaachisaa akka ta'e nuhubachiisa.

4.2.1.2 Haala dhiyaannaa uumamteefi hortee dhamjechootaa

Kitaabileen barnoota Afaan Oromoo kutaa 11^{ffaa} fi 12^{ffaa} Bara 2005 haarawwaa qophaa'an keessatti haalli dhiyaannaa uumamteefi hortee dhamjechoota Afaan Oromoo maal akka fakkaatu qaaccessi taasifameera.

Kanas adda baafachuuf ammoo gabatee (4.2) keessatti dhiyaataniiru.

Gabatee (4.2) Haala dhiyaannaa uumamteefi hortee dhamjechoota kitaabilee barnoota Afaan Oromoo

2.2 Haala dhiyaannaa uumamteefi hortee dhamjechootaa kitaaba barataa keessatti

Lakk.	Qabiyyeewwan				
		4	3	2	1
2	Haala dhiyaannaa uumamteefi hortee dhamjechootaa				
2.1	Haalli dhiyaannaa uumamteefi hortee dhamjechootaa akkamitti akka barataman fakkeenya bal'aan qajeelcha barsiisotaa keessatti ibsamaniiruu?		√		
2.2	Haalli dhiyaannaa uumamteefi hortee dhamjechootaa kitaaba barattootaa keessatti dhiyaataniifi qajeelcha barsiisotaa keessatti dhiyaataniin walsimuu?		√		
2.3	Qindoominni dhiyaannaa uumamteefi hortee dhamjechootaa maal fakkaata?		√		

Sakatta'insa kitaabilee barnoota Afaan Oromoo adeemsifame keessatti haala dhiyaannaa uumamteefi hortee dhamjechootaa kitaabilee keessatti argaman adda baasuuf kan gaggeeffamedha.

Yaada kana adda baasuuf qabxiileen gabatee (4.2) keessatti tarreeffamanii ibsamuun dhiyaataniiru. Gabatee kana guutuuf kan irratti qooda fudhatan barsiisota mana barumsichaati. Sababni isaa, kan qaaceffamu kitaabilee ta'anii, isaanis gama isaaniitiin yaada isaan kennan bu'uura taasifachuun qoratanis yaada isaanii waliin walitti fiduudhaan kan qaaceffamedha. Haaluma gabatee (4.2) keessatti kenname akka ka'umsaatti matadureen uumamteefi hortee dhamjechoota Afaan Oromoo ilaalchisee kanneen qabiyyee kitaaba barnootaa keessatti jalqabarratti adda bahanii argamuu qabanidha.

Qabxiilee kanneenii laalchisee uumamteefi hortee dhamjechoota kitaabilee keessatti dhiyaataniirratti sakatta'insi taasifameera. Qabxiilee kanarratti waan xiyyeeffachuun barbaachiseef xinjecha Afaan Oromoo keessatti unkaaleen uumamteefi hortee dhamjechootaa kan waliin hiriiraniifi addaa addummas mul'isan ta'uu isaaniiti.

Ragaan sakatta'a kanarraa kan hubatamu kitaabni barnoota Afaan Oromoo dhiyaate kun gama maalummaa uumamteefi hortee dhamjechaa ilaalchisee, qindoomina uumamteefi hortee dhamjechootaan ibsi kenname gadi bu'aa ta'uufi hanqina kan qabu ta'uu mirkaneeffannaa taasifamerraa hubachuun danda'ameera.

Sakatta'insa adeemsifamerraa akkaataa kitaabni barnootaa Afaan Oromoo dhiyeenya caasluga ilaalchisee barataaf qopheesserratti hundaa'uudhaan hanqina qabaachuun isaa kan mirkanaa'edha. Qabiyyeewwan uumamteefi hortee dhamjechoota Afaan Oromoo keessaa adda durummaan adda bahee kan dhiyaachuu qabu: maalummaa uumamteefi hortee dhamjechaa, bu'uura qooddii uumamteefi hortee haala dhiyaannaa uumamteefi hortee, tajaajila uumamteefi hortee dhamjechaa Afaan Oromoo lakkoofsaan hedduu ta'anii faayidaa adda addaaf oolan ittiin qoodamuu danda'amudha.

Harmer (1987: 47) yaada kana yommuu ibsu, uunka afaanii haarawwaa baratamuuf deemu tokko osoo hindhiyeessiin, duraan dursee qabiyyeen sun maal akka ta'e adda bahee beekamuuf ibsi kennamuufi qaba. Yaadni kun haala dhiyaannaa uumamteefi hortee dhamjechootaa kitaabilee barnoota Afaan Oromoof tooftaa bu'uuraa ta'uu nidanda'a.

Sababni isaas, qabiyyeen barnootaa tokko erga hubatamee booda ibsi kennamuuf kan nama hinrakkisne waan ta'eefi. Fakkeenya fufiilee ilaalchisee kitaabilee barnoota Afaan Oromoo keessatti kenname

Fakkeenya 1 fufiileen kunis tajaajila itti aanu qabaachuu danda'u.

Fufiilee	tajaajila fufiilee
{-e}	raawwii darbe
{-n}	matima mul'isuu
{-oota}	danummaa agarsiisa
{-a}	aantima kaallattii
{-siis- }	raawwachiisaa(taasisaa)

(Kitaaba barataa Kutaa 11^{ffaa} fuula 18)

Kitaaba barataa keessatti fufiin maal akka ta'e hin ibsamne. Garuu tajaajila fufiilee ibsuutti kan darbedha. Hiika fufii fufii hortees ta'e fufii uumamtee wanti kenname tokkollee kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa keessatti wanti ibsame homtuu hinjiru. Uunkaa afaanii haarrawwaa bartamuuf deemu tokko osoo hindhiyeessiin duraan dursee qabiyyeen sun maal akka ta'e adda bahee beekamuufi ibsi kennamuu akka qabu ibsa (Haarmer, 1987:43).

Fakkeenya2 Fakkeenyaafi ibsa olitti dhiyaatan faana bu'uun jechoota kanaa gadditti kennamanirraa fufiilee baasuun tajaajila isaanii agarsiisi. Inni jalqabaa siif hojjetameera.

Jecha	fufiilee	tajaajila fufiilee
1.mummure	_____	_____
2.barsiise	_____	_____
3.barame	_____	_____
4.barate	_____	_____
5.firfirsame	_____	_____
6.namooome	_____	_____
7.bukaa'e	_____	_____

(Kitaaba barataa Kutaa 11^{ffaa} Gilgaala 9 A fuula

18)

Jechoota kanneen ilaalchisee deebiin qajeelcha barsiisaa irratti kennamee jiru (Qajeelcha barsiisaa Kutaa 11^{ffaa} fuula 17) gubbaatti deebiin gilgala kanaatiif yommuu deebisu

1. bars- siis- -e {-siis-} gochimmeessituu

{-e} haala raawwii agarsiifti

2. bar- am- e {-am-} taasifamaa agarsiifti

{-e} haala raawwii agarsiifti

3. bar- at- e {-at-} ofiif barachuu (taasifataa)

4. firfirs- am- e {-am-} gochimmeessituu (raawwatamaa

5. nam- oom- e {-oom-} gochimmeessituu

6. buk'- aa, -e {-aa} gochimmeessituu

Deebii kanarratti fufiileen kun fufii kam akka ta'an ibsi kenname hinjiru. Osoo tajaajila fufiilee hinkannamiiniin dura hiikti fufiilee, akaakuun fufiifi tajaajilli isaanii ibsamuu qaba. Sababni isaas, kitaabilee adda addaa irratti ibsi fufiileef kennamerratti hundaa'ee ifa taasisuun deebiin kennammuu qaba ture. Dogoggorri biraan 'inni duraa siif hojjetameera' jedha; wanti hojjetame garuu, hinjiru. Fufiileen adda addaa ykn uumamteefi horteen yeroo walduukaa hiriiran maal akka isaan agarsiisan tokkummaafi garaa garummaan isaanii ifa gochuu qaba ture. Kanaaf, uunkaa haarawwaa baratmuuf karoorfamu tokko osoo barnooticha hindhiyeessiin dura qabiyyee baratamu sun maal akka fakkaatu adda bahee beekamuu qaba (Harmer, 1991: 60).

Kanamalees, isaanumti qajeelcha barsiisaa keessatti deebiidha jedhamanii kennamanuu tajaajila fufiilee jedhamanii kennamanis fufiin kam akka ta'e adda ba'ee ibsamuu qaba ture.

Walumaa galatti, mirkaneeffannaa dhiyaate kanarraa uumamteefi hortee dhamjechoota Afaan Oromoo irratti xiyyeeffannoon kenname baay'ee gadaanaadha. Kun immoo, haala baruu barsiisuutiif kan mijate miti. Hanqinni mul'ate ammoo fufiin uumamteefi hortee dhamjecha Afaan Oromoo maalidha? Uumamteen dhamjecha Afaan Oromoo maali? Tajaajilli fufiilee uumamtee maal fakkaata?, Fufiin horteen tajaajila caaslugaa attamii mul'isa? Kanaaf, hanqinoota hedduu ofkeessaa qabaachuu danda'eera.

Kaayyoon dhamjecha qo'achuun barbaachiseef keessaa tokko, caaseffama jechootaafi karaaleen caasaaleen kunneen walitti dhufuun jechoota biroo uumuu keessatti hariiroo isaan waliin qaban gargaara jedha (Anderson, 1992: 2). Kanaaf uumamteefi horteen kitaaba barataa keessatti dhiyaachuun barsiisonni qorannoo akka irratti gaggeessaniifi barattoonni ijaarsaafi caaseffama isaanii akka baratan akkasumas, uumamteefi hortee dhamjechootaa gadi fageenyaan akka beekaniif gargaara.

4.2.2 Haala Uumama Jechoota Afaan Oromoo

4.2.2.1 Akkaataa Dhiyaannaa Uumamtee Dhamjechoota Afaan Oromoo Kitaabilee Barnootaa Keessatti

Akkaataa dhiyaannaa uumamtee dhamjechoota Afaan Oromoo ilaalachisee kitaabilee barnoota Afaan Oromoo keessatti maal akka fakkaatu adda baasuuf sakatta'insi kitaabaa taasifameera. Yaada kana mirkanneeffachuun qabxiileen sakatta'insi irratti adeemsifameera. Gabatee (4.3) keessatti erga adda bahee ibsamee booda qaaceffameera.

Gabatee (4.3) Akkaataa dhiyaannaa uumamtee dhamjechoota Afaan Oromoo kitaabilee barataa keessatti

.lak.	Qabiyyeewwan Qaacceffaman	Mul'istuu			
		4	3	2	1
3	Akkaataa qindoomina uumamtee dhamjechoota Afaan Oromoo				
3.1	Akkaataa jechoonni fufiilee adda addaa maxxanfatanii jechoota haaraa itti uuman kitaabicha keessatti ibsameeraa?				√
3.2	Haala fufiileen hundee jechaatti maxxanuun garee jechootaa jijjiiruun itti danda'an kitaabicha keessatti ibsameeraa?				√
3.3	Jechoota bu'uuraa isaan kamitti fufiilee maxxansuun jechoota haarawwaa ijaaruun itti danda'amu kitaabicha keessatti ifaan ifatti dhiyaateeraa?				√

Gabatee (4.3) keessatti kanneen argaman haala uumama jechoota Afaan Oromoo keessatti haala uumamteen dhamjechootaa garee jechaa duraan ture jijjiiruun garee jechaa haarawwaa tajaajila adda addaaf oolu uuman ilaalchisee kitaabni barnoota Afaan Oromoo dhiyaate maal akka fakkaatu kan sakkatta'amedha.

Fakkeenya 6

Barannoo 2: Caasluga Shaakala maqaafi maqibsaa

B. Maqaalee armaan gadii warra bu'uuraafi warra uumamtee jechuun addaan qoodaa.

- | | |
|----------------|---|
| 1. Filannoo | 6. Ijoollee |
| 2. Qaalii | 7. Ija |
| 3. Laga | 8. Ibsaa |
| 4. Jaarsa | 9. Eegee |
| 5. Ijoollummaa | 10. Qabee (Kitaaba barataa Kutaa 11 ^{ffaa} fuula 36) |

Jechoota kitaaba barataa keessatti kenname ilaalchisee deebiin qajeelcha barsiisaa keessatti kenname:

Deebii (B)

Maqaa bu'uuraa	Maqaa uumamtee
Laga, ijoollee, ija	filannoo, qaalii, ijoollummaa, jaarsa, eegee, qabee, ibsa

(Qajeelcha barsiisaa Kutaa 11^{ffaa} fuula 26)

Haalli dhiyaannaa uumama jechoota ilaalchisee gilgaalli kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaarratti kenname walhinsimu gaaffileen gabatee keessatti dhiyaatan ulaagaa kitaaba ittiin madaalan osoo hintaane afaan keessatti qabxiilee baratmuu qabuuf murteessaadha. Qabiyyee barnootaaf dhiyaate ilaalchisee (Swam, 1985) “learners do not know how to use the function of the language unless they are through to do so” Yaada kanarraa wanti hubatamu barattooni faayidaa wanta barachuu barbaadani tokko beekuu dhiisuu danda’u garuu, barachuun barbaachisaa akka ta’eefi ta’uu baannaan dubbii ta’ee akka hafu nuhubachiisa.

Haaluma fakkeenya kenname kanarratti bu’uureffachuun sakatta’insa kitaabaa barnoota Afaan Oromoo irratti taasifame uumama jechootaa ilaalchisee ibsi kennamega’aa miti;

akkuma kanas, kitaaba barataa keessatti gaaffiin gaafatameefi qajeelcha barsiisaa keessatti deebiin laatame dogoggora waan qabu natti fakkaata. Maqaa uumamtee jalaa tokko yoo ilaalle ‘**jaarsa**’ kan jedhutu kenname kun immoo maqaa uumamtee osoo hintaane maqaa bu’uuraati natti fakkaata. Akkuma kanas, gaaffii kenname **jaarsa** kan jedhu yoo ta’u, deebiin kenname immoo **jaarsaa** kan jedhudha. Kun immoo, kan walhinsimannee ta’uu mul’isa. Yaada kana bu’uurumaan yoo ilaalle maqaa bu’uuraa jechuun maal akka ta’e hin ibsamne; akkuma kanas, maqaa uumamtee ilaalchisee ibsi kennamuu dhabuufi uumama jechootaa keessatti uumamteen gahee maalii akka qabu ifa ta’uu dhiisuun saayinsii afaaniin yommuu ilaalamu baay’ee gadaanaadha. Kun immoo, uumama gareen jechaa haaraawwaa Afaan Oromoo keessatti maqaa, maqibsootaafi gochimoota ta’an dhamjechoota adda addaa maqeessitoota, maqibsitootaafi gochimmeessitoota ibsanitti gargaaramuun uumuu danda’an kitaabicha keessatti osoo hinmul’atiin hafeera. Waanti kanarraa hubatamu qabiyyeen kitaaba barnoota Afaan Oromoo Kutaa 11^{ffaa} fi 12^{ffaa} bara 2005 qophaa’an uumama jechoota Afaan Oromoo ilaalchisee akka gadaanaa ta’e argannoo sakatta’insa taasifameerraa nimul’ata.

Akkuma kanas, haala fufiileen hundee jechaatti maxxanuun garee jechootaa jijjiiruu itti danda’an wanti ibsame hubannoo bal’aa kan hinlaannedha. Maqaan, maqibsiifi gochimni gara garee jechoota birootti jijjiiramuun uunka isaanii jijjiiruufi hiika hundee jechaa jijjiiruu danda’uu isaanii hin ibsamne. Maqeessitoonni akaakuu fufiilee ta’anii gareewwan jechoota kanneen biroo gara maqaatti warra jijjiiranidha. Maqibseessa ykn maqibsa taasisuu ykn garee jechaa kanneen biroo gara maqibsaatti jijjiiramuufi gochimni Afaan Oromoo karaa garaa garaan uumamuu danda’u (Addunyaa, 2011: 61).

Haaluma walfakkaatuun kitaaba barataas ta’e, qajeelcha barsiisaa keessatti jechoota kennuu alatti jechoonni bu’uuraa isaan kam akka ta’aniifi jechoonni uumamteen kam akka ta’an ifa taasisamee hinjiru. Jechoota bu’uuraati fufiileen maxxanuun haala jechoonni haaraan itti uumaman wanti ifa ta’e hinmul’atu. Jechoonni bu’uuraa durumaanuu afaanicha keessa kan jiraniifi adeemsa uumamsaa garaa garaatiin kan hinargamne yoo ta’an, jechoonni uumamteen garuu bu’aa ijaarsa garaagaraa ta’uun kuusaa jechoota afaanichaa gabbisu (Addunyaa, 2011: 63).

Barattoonni uunka afaanii baratan tokko keessatti uunka barachuuf deeman tokkorratti akkaataa jechoonni itti uumaman garee maqaa, maqibsiifi gochimaa gara garee biraatti jijjiiramuu danda'uufi akkataa itti gareen jechaa haaraan tolfamuu danda'u haala adda ta'een ibsamee mul'achuufii qaba (Harmer, 1997: 58).

4.2.3 Qaaccessa Odeeffannoo Qajeelcha Barsiisaa

Kutaa kana keessatti haala qabiyyee uumamteefi horteen dhamjechoota Afaan Oromoo qajeelcha barsiisaa barnoota Afaan Oromoo Kutaa 11^{ffaa} fi 12^{ffaa} bara 2005 qophaa'an keessatti dhiyaataniifi uumamteefi horteen dhamjechoonni kunneen maal akka faakkaatan gadi fageenyaan ilaalamaniiru. Haaluma kanaan, mirkaneeffannaa barsiisonni guutanii dhiyeessanirratti hundaa'uudhaan qaaceffameera. Qabxiilee mirkaneeffannaa kana keessatti dhimma itti bahame qabxiilee afur kanneen haala uumamteefi hortee dhamjechoonni waliin walqabatan 4/ Haala baay'ee gaarii ta'een 3/ Haala gaarii ta'een 2/ Haala giddu galeessaan 1/ Gadaanaa kan ibsaman yoo ta'an haala argama isaanii jala isaanitti mallattoo ($\sqrt{\quad}$) erga kennamee booda ibsi itti kennmeera.

4.2.3.1 Akaakuu Uumamteefi Hortee Dhamjechoota Afaan Oromoo

Uumamteefi horteen dhamjechoonni Afaan Oromoo qajeelcha barsiisaa keessatti dhiyaatan isaan kam akka ta'an kitaaba barataa waliin walsimannaa isaan qaban tajaajila isaanii haalli isaan ittiin qoodaman maal akka fakkaatu kutaa itti qaaceffamee dhiyaatedha. Qabxiilee kana mirkaneeffachuuf immoo gabatee (4.4) keessatti dhiyaataniiru.

Gabatee (4.4) Uumamteefi hortee dhamjechootaa qajeelcha barsiisaa keessatti

Lak.	Qabiyyeewwan Qaaceffaman	4	3	2
1	Uumamteefi hortee dhamjechoota Afaan Oromoo			
1.1	Uumamteefi horteen akaakuun dhamjechoota Afaan Oromoo isaan kam akka ta'an adda ba'anii ibsamaniuu?		$\sqrt{\quad}$	

1.2	Uumamteefi horteen akaakuu dhamjechoota Afaan Oromoo qajeelcha barsiisaa keessatti dhiyaataniifi kitaaba barataa keessatti dhiyaatan walisimatuu?			√
1.3	Uumamteefi hortee dhamjechoota Afaan Oromoo maal akka ta'aan adda ba'anii fakkeenyaan deeggaramanii dhiyaataniiruu?		√	
1.4	Uumamteefi horteen akaakuun dhamjechoota Afaan Oromoo maal irratti hundaa'anii akka qoodaman kitaabicha keessatti ibsamaniiruu?			√

Haaluma Gabatee (4.4) keessatti ibsameen qabiyyeen uumamteefi hortee dhamjechoota Afaan Oromoo maal akka fakkaatan dhamjechoota qajeelcha barsiisaa keessatti tarreeffamaniin walbira qabuun qacceffamaniiru.

Fakkeenyaaf

Fufii dura ykn duuba jechaa galuun tajaajila caaslugaa ykn jijjiirraa hiikaa kan agarsiisuudha. Akaakuu fufii keessaa tokko fufii hortee yoo ta'u, tajaajilli isaas caasluga agarsiisuudha (Qajeelcha barsiisaa kutaa 12^{ffaa} fuula 55).

Fakkeenya kana keessaatti haalli gaaffilee kitaaba barataarra jiru itti deebi'edha malee, haalli itti uumamteefi hortee akaakuu dhamjechoota Afaan Oromoo isaan kam akka ta'an walsimannaan gaaffii kitaaba barataarra jiruufi qajeelcha barsiisaarraa fakkeenyaan deeggaramanii dhiyaataniifi maalirratti hundaa'anii akka qoodamaniifi haalli itti akaakuun dhamjechoota kanaa itti barataman haala ifaafi quubsa ta'een dhiyaachuu dhabuu isaati. Kun immoo, uumamteefi hortee akaakuu dhamjechoota Afaan Oromoo sadarkaa barattoota giddu-galeeffateen rakkoo tokko malee barsiisuun nidanda'ama jechuun rakkisaa ta'uu danda'a.

4.2.3.2 Haala Dhiyaannaa Uumamteefi Hortee Dhamjechootaa

Qajeelcha barsiisaa Afaan Oromoo Kutaa 11^{ffaa} fi 12^{ffaa} bara 2005 qophaa'a n keessatti haalli dhiyaannaa uumamteefi hortee dhamjechoota Afaan Oromoo maal akka fakkaatu qabxiilee gabatee (4.5) keessatti tarreeffaman irratti hundaa'uun qacceffameera

Gabatee (4.5) Uumamteefi hortee dhamjechoota Afaan Oromoo qajeelcha barsiisaa keessatti

Lak.	Qabiyyee Qaacceffaman	Mul'istoota			
		4	3	2	1
2	Dhiyaannaa uumamteefi hortee dhamjechootaa				
2.1	Uumamteefi hortee dhamjechoonni Afaan Oromoo akkamitti akka barataman fakkeenya bal'aan qajeelcha barsiisotaa keessatti ibsamaniiruu?			√	
2.2	Uumamteefi horteen dhamjechoonni kitaaba barataa keessatti dhiyaataniifi qajeelcha barsiisaa keessatti dhiyaatan walsimuu?			√	
2.3	Qindoominni dhiyaanna uumamteefi hortee dhamjechaa qajeelcha barsiisaa keessatti maal fakkaata?			√	

Haalli dhiyaannaa qabiyyeewwan uumamteefi hortee dhamjechootaa qajeelcha barsiisotaa Afaan Oromoo Kutaa 11^{ffaa} fi 12^{ffaa} keessatti dhiyaatan uumamteefi horteen dhamjechoonni afaanichaa akkamitti akka barataman walsimannaa isaan kitaaba barataa keessatti qindoominni dhiyaannaa uumamteefi hortee dhamjechaa maal akka fakkaatu yoo ilaalaman, uumamteefi horteen dhamjechootaa qabxiilee kanniin keessatti ilaalchisanii qajeelcha barsiisaa keessatti dhiyaatan hundi akkaataa uumamteefi horteen dhamjechoonni kunneen itti baratmaniifi maal akka fakkaatan osoo hintaane, gilgaalota kitaabilee barataa keessatti dhiyaataniif akka deebiitti fudhatamanii kanneen qophaa'an ta'uu, barsiisonni mirkaneeffannaa kana guutan sadanuu ibsaniiru. Kanaafuu, uumamteefi horteen dhamjechoonni qajeelcha barsiisaa keessatti ibsaman qabxiilee mirkaneeffannaa kanneeniin yoo ilaalaman baay'ee gadaanaa ta'uu isaanii kan nama hubachiisudha.

**4.2.3.3 Akkaataa Dhiyaannaa Uumamteefi Hortee Dhamjechoota Afaan Oromoo
Kitaabilee Keessatti Maal Akka Fakkatu Ilaalchisee**

**Gabatee (4.6) Dhiyaannaa uumamteefi hortee dhamjechoota Afaan Oromoo
qajeelcha barsiisaa keessatti**

La k	Qabiyyeewwan Qacceffaman	Mul'istoota			
		4	3	2	1
3	Uumamteefi hortee dhamjechoota Afaan Oromoo				
3.1	Dhamjechi tokko uumamteedha ykn horteedha kan jechisiisu sababa maaliitiif akka ta'e qajeelcha barsiisotaa keessatti fakkeenya bal'aadhaan ibsameeraa?			√	
3.2	Uumamteefi horteen dhamjechootaa isaan kam akka ta'an fakkeenyaan bal'aa qajeelcha barsiisotaa keessatti ibsameeraa?			√	
3.3	Qindoominni dhiyaannaa uumamteefi hortee dhamjechoota Afaan Oromoo maal akka fakkaatan ibsi ga'aa kennameeraa?			√	

Akkuma Gabatee (4.6) keessatti ibsame qabiyyeen uumamteefi hortee dhamjechoota Afaan Oromoo qajeelcha barsiisaa keessatti hammataman maal akka fakkaatu qaaccessuuf qabxiilee dhiyaatan yoo ta'an isaanis, galma ga'insa sagantaa barnoota qabiyyee kanaatiin ilaalamuun akka armaan gadiitti qaacceffamaniiru

Fufiilee hortee	Fufiilee yaasaa
-e -lii	-ummaa -at-
-n -lee	-aa -maata
-t- -aa	-a -eenya
-oota	

(Qajeelcha barsiisaa Kutaa 11^{ffaa} fuula 54)

Akkuma armaan olitti ibsame qajeelcha barsiisaa keessatti fufiilee hortee fi yaasaa jechuun dhamjechoota kaa'uun alatti sababa maaliitiif akka ta'e qajeelcha barsiisotaa keessatti fakkeenya bal'aan ibsamuu dhabuu, uumamteefi hortee dhamjechootaa isaan kam akka ta'an fakkeenya bal'aan ibsamuu dhabuufi shaakalliin hanqina qabaachuudha. Fufiin uumamtee/ yaasaa hiika jechaa ykn garee jechaa jijjiiruuf qaama jechaatti fufamuun jijjiirama hiikaa yoo geessisan; fufiin horteen immoo akaakuu dhamjechoo hirkataa ta'ee tajaajila caaslugaa agarsiisuuf hundee ykn bu'ura jechaatti kan maxxanudha. Fufii tokkoon hortee ykn yaasaa jechuuf bu'uurri inni guddaan tajaajila isaaniiti. Adeemsa fufannaa keessatti si'a tokko fufii yaasaa tokko qaama jechaarra gallaan fuffiileen yaasaa kanneen biroofi fufiilee hortee dabalachuuf qophaa'aa ta'a. kanaanis, fufiilee horterraa adda ta'a (Addunyaa, 2011).

4.2.3.4 Akkaataa Dhiyaannaa Uumamteefi Hortee Dhamjechoota Afaan Oromoo Kitaabilee Keessatti Maal Akka Fakkatu Ilaalchisee

4.3 Akkaataa uumama jechoota Afaan Oromoo

Kutaa kana keessatti uumama uumamtee dhamjechoota Afaan Oromoo maal akka fakkaatu hubachuuf qabxiilee mirkaneeffannaa barsiisotaaf dhiyaatan kana keessatti qaaceffamanidha.

Gabatee (4.7) Akkaataa dhiyaannaa uumama uumamtee jechoota Afaan Oromoo qajeelcha barsiisaa keessatti

Lakk.	Qabiyyeewwan Qaaceffaman	Mul'istoota			
		4	3	2	1
4	Haala uumama jechootaa				
4.1	Akkaataa jechoonni fufiilee adda addaa fufachuun jechoota haaraa itti uuman kitaabicha keessatti ibsameeraa?			√	
4.2	Haala fufiileen hundee jechaatti fufamuun garee jechootaa jijjiiruu itti danda'an kitaabicha keessatti ibsameeraa?			√	
4.3	Jechoota bu'uuraa isaan kamitti fufiilee maxxansuun jechoota haarawwaa haala ijaaruun itti danda'amu kitaabicha keessatti ifaa ifatti ibsameeraa?			√	

Qabxiilee gabatee (4.7) keessatti qaacceffaman haala uumama uumamtee dhamjechoota uumama jechoota Afaan Oromoo kan ibsanidha. Qabxiileen kunneenis uumamteen Afaan Oromoo haala akkamiin hundee jechaatti fufamuun haala jechoonni garaa garaa itti uumaman qaaccessuuf kan dhiyaate yoo ta'u, qabxiilee kanneen keessatti garuu, haala uumama uumamtee dhamjechootaa jechootatti fufamuun uumaman wanti ibsame gadaanaadha jechuun nidanda'ama. Kana keessatti wanti ibsamellee yoo jiraate haala uumamteen jecha tokkorratti dabaluun jecha biraa uumuu kan jedhuun ala garee jechaa kamirraa akka uumamu ibsi biroon kan hinkennamne ta'uusaati. Kun immoo, sadarkaa barnoota barattootaa wajjiin yommuu ilaalamu haala uumama uumamtee hundee jechaatti fufamuun garee jechaa jijjiiruu irratti jechoota Afaan Oromoo sadarkaa kanatti beekuu ykn barachuun barbaachisaa ta'uu isaati. Kanaaf, osoo bal'inaan haala uumama uumamtee dhamjechoota jechootaa irratti sadarkaa kanatti kitaabichi hammatee gaarii ta'a.

Walumaa galatti, qabxiileen armaan olitti ibsamerratti hundaa'uun dhiyaannaa uumamteefi hortee dhamjectootaa Afaan Oromoo kitaabilee barnoota Afaan Oromoo Kutaa 11^{ffaa} fi 12^{ffaa} bara 2005 qophaa'an keessatti dhiyaatan irratti hanqinaaleen bu'uuraa hedduun jiraachuu isaa hubachuun danda'ameera.

4.4 Qaaccessa Afgaaffii Barsiisotaa

Kutaa kana keessatti afgaaffiin barsiisota mana barumsaa qophaa'ina Aliiboo haala dhiyaannaa uumamteefi hortee dhamjechoota kitaabilee barnoota Afaan Oromoo Kutaa 11^{ffa}afi 12^{ffaa} bara 2005 haarawwaa qophaa'an irratti yaada isaanii akka kennaniif dhiyaateera. Afgaaffiin barsiisotaaf qophaa'ee dhiyaatees, yommuu barsiisanitti hanqinaalee qabiyyee uumamteefi hortee dhamjechoota Afaan Oromoo kutaalee ibsaman keessatti hubatan irratti odeeffannoo qabatamaa akka kennaniif yaadamee kan dhiyaatedha. Haaluma kanaan, haalli dhiyaannaa qabiyyee uumamteefi hortee dhamjechoota kitaabilee barnoota Afaan Oromoo kutaalee kanneen keessatti dhiyaatan haala maaliin akka qophaa'an, haala baruu barsiisuu keessatti hanqinaalee isaan uumuu danda'aniifi walumaa galatti, haalli dhiyaannaa isaanii maal akka fakkaatu irratti hundaa'uun qaaccessameera.

Baay'inni afgaaffii barsiisotaaf dhiyaate immoo, torba yoo ta'u, isaanis haala gaaffichi walitti dhiyeenya qabuun qaaccessameera.

4.4.1 Akaakuu Uumamteefi Hortee Dhamjechoota Kitaabilee Barnootaa Keessatti Hammatamuu Isaanii

Haala dhiyaannaa akaakuu uumamteefi hortee dhamjechoota kitaabilee barnoota Afaan Oromoo keessatti hammatamuu ilaalchisee afgaaffii barsiisota sadaniifuu gaafa 01/ 08/ 11 dhiyaateera. Barsiisonni sadanuu yaada wal fakkaataa kennaniiru. Haalli dhiyaannaa uumamteefi hortee dhamjechoota kitaabilee barnoota Afaan Oromoo keessatti hanqina kan qabuufi isaan muraasni dhiyaataniis xiyyeeffannoo kan hinqabne ta'uu afgaaffii dhiyaaterratti deebii kennaniiru. Kitaabilee barnootaa kana keessatti dhamjechootumti boqonnaalee muraasa/ xiqqoo keessatti kan argaman ta'anii akaakuu uumamteefi horteen dhamjechootaa kitaabilee kana keessatti xiyyeeffannoo kan barbaadu ta'uu barsiisonni sadanuu afgaaffii dhiyaaterraa hubachuun danda'ameera.

Yaada armaan olitti ibsaman kanarraa wanti hubatamu akaakuun uumamteefi hortee dhamjechootaa kitaabilee barnootaas ta'e qajeelcha barsiisaa keessatti xiyyeeffannoon kan hinkennamne ta'uu hubachuun kan nama rakkisu miti.

4.4.2 Qindoominni Dhiyaannaa Uumamteefi Hortee Dhamjechoota Afaan Oromoo Kitaabilee Barataa Keessatti Dhiyaatan Fedhii Barachuu Barattootaa Kakaasuu Danda'uu Isaanii

Haalli dhiyaannaa qabiyyee uumamteefi hortee dhamjechootaa kitaabilee barnoota Afaan Oromoo Kutaa 11^{ffaa} fi 12^{ffaa} bara 2005 qophaa'an keessatti dhiyaatan akkaataa fedhii barachuu barattootaa kakaasuu danda'anitti qoodamanii dhiyaachuu isaaniiratti maal akka fakkaatan afgaaffiin gaaafa01/08/11 barsiisota barnoota Afaan Oromoo Kutaa 11^{ffaa} fi 12^{ffaa} barsiisan waliin taasifameera. Afgaaffii dhiyaate kanarratti barsiisonni sadanuu yaada walfakkaataa kennaniiru. Deebiin kennames, qindoominni uumamteefi hortee dhamjechootaa kitaabilee barnoota kanneen keessatti dhiyaatan haala barattoota kakaasuu danda'aniin kan hindhiyaanneefi barattoonni akka barsiisotarratti hirkatan kan taasisu ta'uu ibsaniiru. Sababni isaas, uumamteefi hortee dhamjechootaa irratti qabsiisni gahaafi hubannoo barattootaaf kennu kitaabilee kanneen keessatti barreeffamee waan

hindhiyaanneefi. Kun immoo, barattoonni ofiin dubbisanii qayyabachuun hubannoo barbaachisu argachuu kan hindandeenye ta'uu ibsaniiru. Akkuma kanas, qabiyye kana ilaalchisanii gilgaalonni kennaman gahaa kan hintaaneefi gaaffiin kennameefi deebiin laatamullee kan walhinmadaalle ta'uufi qofaa isaanii akka gaaffiitti kan dhiyaatan waan ta'aniifi maalummaa uumamteefi hortee dhamjechootaa irratti fakkeenyi kenname waan kana hubachiisu ibsuu irratti quubsaa akka hintaane ibsaniiru. Kanamalees, qabiyyeewwan uumamteefi hortee dhamjechootaa kana jalatti baratamuu qabanii murteessaa ta'uufi kitaabilee kanneen keessatti isaanumti dhiyaatanuu barattootaaf hubannoo kennuu irratti hanqina kan qaban ta'uu ibsaniiru.

Yaadota armaan olitti kennaman kanarraa wanti hubatamu, haqinaaleen dhiyaannaa uumamteefi hortee dhamjechootaa kitaabilee barnoota Afaan Oromoo kanneen irraa kan ka'e barattooni ofiin baratani hubannoo qabiyyichaa argachuurratti hanqina kan qabuufi deeggarsa qabsiisa barsiisotarraa kan barbaadan ta'uu isaati.

4.4.3 Walsimannaa Uumamteefi Hortee Dhamjechoota Kitaaba Barataafi Qajeelcha Barsiisaa Keessatti Dhiyaatanii Ilaalchisee

Haalli dhiyaannaa uumamteefi hortee dhamjechoota kitaabilee barataafi qajeelcha barsiisaa keessatti argaman walsiimuu isaaniifi walsimuu dhisuu isaanii immoo galma ga'insa qabiyyee barnootichaarratti dhiibbaa akkamii uumuu akka danda'anirratti barsiisota sadaniifuu afgaaffiin gaafa 01/ 08/11 dhiyaateera. Afgaaffii dhiyaaterratti barsiisonni sadan isaaniyyuu yaada isaanii yoo laatan qabiyyeen uumamteefi hortee dhamjechootaa kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa keessatti dhiyaatan iddoo hedduutti kan wal hinsimanne ta'uu ibsaniiru. Kun immoo, barnootichi haala walfakkaataa ta'eefi waan barnoota dabarsuun barbaadame hojjiirra oolchuu keessatti dhiibbaa kan qabu ta'uu isaa dabalani ibsaniiru. Sababni isaas, qabiyyicha irratti hubannoon barsiisotaa adda adda ta'uu waan danda'uufi haaluma ofii isaaniin hubataniin qabiyyicha waan barsiisaniif, adeemsa baruu barsiisuu kana keessatti immoo odeeffannoon dogoggoraa barattoota qaqqabuuf waan dada'uuf qabiyyicha galma geessisuu keessatti gufuun uumamuu akka danda'u lafa kaa'aniiru.

Walumaa gala, barsiisonni kun qindaa'ina uumamteefi hortee dhamjechoota kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa keessatti iddoo hedduutti walsimatee kan hinqidoomne ta'uu ibsaniiru. Qindoomina dhabuun, kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa kun immoo adeemsa baruu barsiisuu keessatti dhiibbaa uumuu akka danda'uufi barattoota qabiyyee kana barataniifi barsiisota qabiyyee kan barsiisan gidduutti garaa garummaa uumuurra darbee, qabiyyichi bifa adda addaatiin akka hubatamu kan taasisu ta'uusaa ibsaniiru.

Yaadolee armaan olitti ibsame kanarraa wanti hubatamu, walsimatee kan qindaa'uu dhabuun kitaabilee barataafi qajeelcha barsiisotaa qabiyyee dhiyaaterratti dhiibbaa cimaa kan uumu ta'uu isaafi qabiyyeen kun haala barbaadamuun akka galma hingenye kan taasisu ta'uu isaati.

4.4.4 Miidhaa Haqinaaleen Dhiyaannaa Uumamteefi Hortee Dhamjechootaa Baruu Barsiisuu Keessatti Fiduu Danda'u

Hanqinaaleen dhiyaannaa uumamteefi hortee dhamjechoota kitaabilee barnoota Afaan Oromoo Kutaa 11^{ffaa} fi 12^{ffaa} bara 2005 qophaa'an keessatti dhiyaatan adeemsa baruu barsiisuu ofiin barachuu barattootaaf hubannoo qabiyyichaa waliigalaarratti qaban maal akka fakkaatu irratti afgaaffiin barsiisota Afaan Oromoo barsiisan sadaniifuu gaafa 01/08/ 11 dhiyaateef keesstti barsiisonni lama yaada isaanii yoo ibsan, kitaabilee barnoota Afaan Oromoo kitaalee kanneen keessatti hanqinni kan mul'atu ta'uu yoo ibsan, hanqinni mul'atu kunis, uumamteefi horteen dhamjechoonni kun yommuu qophaa'an ofiin barachuu barattootaa giddu-galeessa godhatanii kan hinqophoofneefi gadaanaa ta'uu isaanii ibsaniiru. Barsiisaan inni hafes, qabiyyichi yommuu qophaa'u qabsiisa maalummaa

uumamteefi hortee, akaakuu isaanii, uunka maaliin akka qoodaman deeggaramee kan hindhiyaanneefi bifa gilgaalaatiin qofa kitaabilee barnootaa keessatti dhiyaate barattoonni deebiisaa akka guutan kan affeeru ta'uusaa ibsaniiru. Kun immoo adeemsa qabiyyee barnootichaa galma barbaadame bira geessisuurratti miidhaa guddaa fiduu akka danda'u kan nama wal hingaafachiifne ta'uu dabalataan ibsaniiru.

Yaadolee armaan olitti kennaman kanarraa wanti hubatamu, dhiyaannaan qabiyyee uumamteefi hortee dhamjechoota Afaan Oromoo kitaabilee kanneen keessatti hanqinaalee hedduu kan ofkeessaa qaban ta'uu isaaniiti.

4.4.5 Haalli Dhiyaannaa Uumamteefi Hortee Dhamjechoota Kitaabilee Barnootaa Keessatti Hammatamanii Qabiyyee Barnootichaa Guutuu Taasisuu Isaanii

Gaaffiin uumamteefi hortee dhamjechootaa ilaalchisee kitaabilee barnoota Afaan Oromoo keessatti hammataman qabiyyee barnootichaa guutuu taasisuu danda'uu isaa irratti afgaaffiin gaafa guyyaa 01/08/ 11 barsiisota sadaniifuu dhiyaatee isaanis yaada walfakkaataa kennaniiru. Uumamteefi horteen dhamjechoota Afaan Oromoo adeemsa baruu barsiisuutiif kitaabilee barnootaa keessatti fudhataman haala ofii isaaniin barachuu barattootaa giddu-galeeffateen osoo dhiyaataniiru ta'ee baay'ee filatamaa akka ta'e ibsaniiru. Kana keessatti dhiyaannaan uumamteefi hortee dhamjechoota kana keessatti maalummaa uumamteefi hortee, qooddii isaaniifi tajaajila isaaniifi qindoomina dhiyaannaa isaanii osoo dursa bifa qabsiisattin dhiyaatee itti aansuun immoo, qabiyyicha hangam akka barattoonni akka hubatan baruuf gilgaalonni haala ifaafi barsiisuu danda'uun itti aansuun dhiyaataniiru ta'ee qabiyyichi galma barbaadamu haala salphaafi ifaa ta'een ga'uu akka danda'u hubachuuf kan hinrakkanne ta'uun ibsameera.

4.4.6 Hanqinaalee Haala Dhiyaannaa Uumamteefi Hortee Dhamjechoota Afaan Oromootiif Ka'umsi Maal Ta'uu Danda'a Kan Jedhamuuf

Ka'umsi hanqinaalee dhiyaannaa uumamteefi hortee dhamjechoota kitaabilee barnoota Afaan Oromoo keessatti hammatamaniif sababni maal ta'uu akka danda'urratti afgaaffiin barsiisota sadaniif gaafa 01/ 08/11 dhiyaateera. Barsiisonni sadanuu yaada walfakkaataa yoo kennan qabiyyeen uumamteefi hortee dhamjechoota Afaan Oromoo yommuu qophaa'u xiyyeeffannoon kan itti hinlaatanneefi sadarkaa barattota kutaalee kanneen baratani ilaalcha keessa galchuu dhabuu akka ta'e ibsaniiru. Kun immoo, qabiyyeen barnootichaa xiyyeeffannoo kan hin arganne ta'uu ibsaniiru. Dogoggorri kitaabilee kan keessatti akka mul'atu ragaa qabatamaan ibsaniiru.

Yaadolee kan keessatti wanti hubatamu qabiyyeen uumamteefi hortee dhamjechoota Afaan Oromoo hanqinaalee qabaachuu isaafi xiyyeeffannoon itti kennamuu dhabuun dogoggorri illee kan keessatti mul'atu ta'uusaati.

4.4.7 Hanqinaalee Dhiyaannaa Uumamteefi Hortee Dhamjechoota Afaan Oromoo Maqsuuf Yaada Furmaataa Ilaalchisee

Hanqinaalee dhiyaannaa qabiyyee uumamteefi hortee dhamjechoota kitaabilee barnoota Afaan Oromoo keessatti mul'atan maqsuuf yaadni furmaataa ibsaman ilaalchisee gaafa guyyaa 01/08/11 barsiisotaaf afgaaffiin dhiyaateeraaf. Gaaffii dhiyaate kanarratti barsiisonni sadanuu deebii kennaniiru. Barsiisaan inni tokko hanqinaalee kana maqsuuf, dhiyaannaan qabiyyee uumamteefi hortee dhamjechoota kanneenii xiyyeeffannoon itti kennamuun gulaalamuu akka qabuufi hanqinaalee qabiyyee kanaa ilaalchisuun mul'atu guutamuu akka qabu ibseera. Kunis, haala ofiin barachuu barattootaa irratti miidhaa hingedisifneefi haala barattootaaf ifaa ta'een qophaa'uu akka qabu ibseera. Barsiisonni lama hafanis, hanqinaalee kan maqsuuf dhiyaannaan uumamteefi horteen dhamjechoota kitaabilee barnootaafi qajeelcha barsiisaa keessatti dhiyaatan walsimuu akka qabaniifi qabiyyeen isaanii haala ifaafi bifa barbaadamuun gurmaa'ee, osoo boqonnaalee walitti aanan jalatti dhiyaachuu akka qaban ibsaniiru. Akkasumas, uumamteefi horteen dhamjechoota Afaan Oromoo kun moggaasa garaagaraatiin kitaabilee kanneen keessatti dhiyaatanii jiran gara moggaasa waaltinaa tokkotti osoo fuulleffatanii gaarii ta'uus ibsaniiru.

Kanaafuu, yaadoleen armaan olitti ibsaman kanarraa wanti hubatamu xiyyeeffannoo uumamteefi hortee dhamjechoota afaanichaa itti kennamuun hanqinaalee gama kanaan mul'atuuf furmaata kan kennu ta'uun nama hinshakkisiisu.

4.5 Qaaccessa Odeeffannoo Bargaaffii Barattootarraa Argame

Kutaa kan keessatti bargaaffiin dhiyaannaa uumamteefi hortee dhamjechoota kitaabilee barnoota Afaan Oromoo Kutaa 11^{ffaa} fi 12^{ffaa} bara 2005 qophaa'e keessatti dhiyaatan adeemsa baruu barsiisuu keessatti maal akka fakkaatan, haala dhiyaannaa isaanii ilaalchisee barattoota kutaalee kana keessatti barataniif dhiyaateera. Bargaaffii barattootaaf dhiyaate kana keessatti yaadolee garaa garaa dhiyaannaa uumamteefi hortee

dhamjechoota Afaan Oromoo walqabatan deebii barattoonni kennan irratti hundaa’uun qaaceffamaniiru. Akka iddattootti barattoonni kutaalee kana keessatti baratan carraa bargaaffii deebisuu argatan hunduu waraqa bargaaffichaa guutanii deebisaniiru.

Kanaafuu, gaaffileen dhiyaatan filannoowwan kennaman irratti hundaa’uun lakkoofsa deebistootaa gara dhibbentaatti jijjiiruudhaan tokkoo tokkoo isaanii dhiyeessuudhaan ragaan argame maal akka fakkaatu qindaa’ee bifa gabateen dhiyaate erga ibsameen booda qaaceffameera.

4.2.3 Qaaccessa Deebii Hubannoo Barattootaa

Gabatee (4.8): Yommuu qabiyyee dhiyaannaa uumamteefi hortee dhamjechoota Afaan Oromoo kutaa keessatti barattu hubannoo qabiyyichaa bal’inaan argatteetaa?

Lak. Gaaffii	Filannoo	Deebii barattootaa		Baay’ inadeebistootaa walii galaa
		Lakkoofsa	percentii	
1. Yommuu, qabiyyee, dhiyaanaa uumamteefi hortee dhamjechoota Afaan Oromoo Kutaa keessatti barattu hubannoo qabiyyichaa bal’inaan argatteetaa?	Akka gaariitti	60	40	150
	Hanga tokko	80	53.3	150
	Hammana miti	10	7	150
	Homaa			150

Akkuma gabatee (4.8) irratti argamu barattoonni uumamteefi hortee dhamjechootaa ilaalchisee kitaabilee barnoota Afaan Oromoorratti dhiyaaterratti hammam hubannoo irraa akka argatan ilaalchisee gaaffii dhiyaaterratti baay’inni lakkoofsa deebistootaa 60(% 40) akka gaariitti argamuu ibsu. Akkuma kanas, 80 (% 53) kanneen ta’an immoo hanga tokko mul’achuu yommuu ibsan, kanneen 10 (% 7) ta’an immoo hubannoon irraa argatan gadaanaa akka ta’e ibsaniiru. Raga barattootarraa argamerra akka hubatamutti akkaataan qabiyyee barnoota Afaan Oromoo keessatti uumamteefi horteen dhamjechoota kitaaba barnoota Afaan Oromoo keessatti jechoonni ittiin dhiyaatanii argaman kan hubannoo qabiyyichaa barattootaaf kennuurratti quubsaa ta’uu dhabuu isaati.

Gabatee (4.8) keessatti yaadni barattoonni laatan hanga tokko kan jedhu yoo ta’u, sababiin sirriitti hubachuu dadhabuu keetii hanqina qabiyyee kitaabaa waliin kan walqabatudhaa? Gaaffii jedhu barattoonni gaafatmaniiru. Barattoonnis qabiyyeen kan walqabatu ta’uu yaada isaani kennaniiru.

Barattoonni caasaa afaanii adda addaa hiika walfakkaataa qaban fayyadamuun dura, akkaataa uunka afaan barachuuf deeman itti addaan baasuu danda’an beekuu qabu; kana malees, uunka, qabiyyee, tajaajilaafi bakka jarrii argamaan bu’uureffachuun fufiilee adda addaatti akka qoodamaniifi fufiileen Afaan Oromoo tajaajila isaaniirratti hundaa’uun warra tajaajila caaslugaa dabalaniifi warra tajaajila garee jechaa ykn hiika jechaa jijjiiran jechuun qoodamu (Harmer, 1987; Addunyaa, 2011).

2. Yommuu waa’ee uumamteefi hortee dhamjechootaa barattu qindoominni uumamteefi hortee dhamjecha maal fakkaata?

Haalli qindoomina uumamteefi hortee dhamjechoota Afaan Oromoo kitaabilee barnoota Afaan Oromoo Kutaa 11^{ffaa} fi 12^{ffaa} keessatti dhiyaateraa barattoonni uumamteefi hortee dhamjechootaa maal akka ta’an adda baasani hubachuu isaaniif dhiyaatedha. Deebiin barattoonni kennanis gabatee (4. 9) keessatti ibsameera.

Gabatee (4. 9) Qindoominni uumamteefi hortee dhamjechootaa maal akka fakkaatu ilaalchisee

Lak.Gaaffii	Filannoo	Deebii barattootaa		Baay’inadeebistoot a walii galaa
		Lakkoofsa	persentii	
2.Yommuu waa’ee uumamteefi hortee dhamjechootaa barattuu qindoominni dhiyaannaa uumamteefi hortee dhamjechootaa maal fakkaata?	Akkaa gaariitti	30	20	150
	Hanga tokko	41	27	150
	Hammana miti	60	50	150
	Homaa	30	20	150

Akkuma gabatee (4.9) keessatti ibsame barattoonni yommuu uumamteefi hortee dhamjechootaa baratan haalli qindoomina uumamteefi hortee dhamjechootaa maal akka fakkaatu kitaabilee barataa barnoota Afaan Oromoo keessatti haalli dhiyaannaa uumamteefi hortee dhamjechaa qindaa'ina qabaachuu isaa ilaalchisee gaaffii dhiyaaterratti deebistoonni 30 (% 20) ta'an akka gaariitti adda bahee dhiyaateera jechuun yoo ibsan, 41 (%27) kan ta'an immoo hanga tokko kan dhiyaate ta'uu ibsu. Akkasumas, 60 (% 50) kan ta'an immoo haalli dhiyaannaa qindoomina uumamteefi hortee quubsaa akka hintaani ibsu; 30 (%20) kan ta'an immoo gonkumaayyuu kitaabilee barataa keessatti qindaa'ee kan hidhiyaanne ibsani. Akkaataa barattoonni ragaa kennaniin wanti hubatamuu danda'u haalli qindoomina dhiyaannaa qabiyyee uumamteefi hortee dhamjechoota Afaan Oromoo kitaabilee barnoota Afaan Oromoo keessatti dhiyaatanii hubannoo kennuu irratti hanqinni akka jiru ibsaniiru. Haata'u malee, barattoonni caasaa afaanii adda baasanii hubachuuf akkaataan qindoomina kitaabilee barnootaa murteessaadha. Akkasumas, uunka, tajaajilaafi hiika isaan qaban walbira qabuun adda bahee dhiyaachuu qaba (Harmer, 1997:10).

3. Haalli dhiyaannaa hortee dhamjechoota Afaan Oromoo caasluga agarsiisuun tajaajilan kitaaba barattootaa keessatti dhiyaatee argamaa?

Uumamteefi hortee dhamjechoonni Afaan Oromoo hundee jechaatti fufamuun tajaajila caaslugaa adda ddaa agarsiisuu isaanii kitaabilee barattootaa keessatti dhiyaachuu isaa hubachuuf gaaffii barattootaaf dhiyaatedha. Deebii barattoonni kennanis gabatee (4.10) keessatti ibsameera.

Gabatee (4.10) Haala dhiyaannaa hortee dhamjechoota Afaan Oromoo caasluga agarsiisuun kitaaba barattootaa keessatti dhiyaatee argamuu isaa ilaalchisee

Lak.Gaaffii	Filannoo	Deebii barattootaa		Baay'inadee bistoota walii galaa
		Lakkoo fsa	Persentii	
3.Haalli dhiyaannaa hortee dhamjechoota Afaan Oromoo caasluga agarsiisuun tajaajilan kitaaba barattootaa keessatti dhiyaatee argamaa?	Akkaa gaariitti	10	7	150
	Hanga tokko	50	33	150
	Hammana miti	70	47	150
	Homaa	20	13	150

Akkuma deebiin gabatee (4.10) keessatti kenname ibsutti kitaaba barnoota Afaan Oromoo dhiyaaterraa haalli horteen dhamjechoonni Afaan Oromoo caasluga agarsiisuun tajaajilan adda baasuuf gaaffii dhiyaaterratti hundaa'anii barattoonni deebii kennaniiru. Deebii kenname keessaatti eeyyee; akka gaaariitti jechuun yaada kan kennan muraasa. Barattoonni baay'inni isaanii 10 (% 7) kanneen ta'an akka gaariitti jechuun yaada kennaniiru. Barattoonni baay'inni isaanii 50 (% 33) kanneen ta'an hanga tookko jechuun ibsaniiru.

Akkasumas, barattoonni 70 (% 47) ta'an gadaanaa ta'uu yoo ibsan barattoonni 20(% 13) kanneen ta'an ammoo homaa kitaaba barattootaa keessaatti ibsi akka hinkennamne ibsaniiru.

Ragaalee kenname kanarraa hubachuun akka danda'ametti kitaabilee Afaan Oromoo keessatti haalli horteen dhamjechoonni Afaan Oromoo tajaajila caasluga agarsiisuun itti gargaaran gahaa akka hintaane kan nama hubachiisudha. Kanaafuu, akkaataa horteen dhamjechootaa hundee jechaatti fufamuun tajaajila caaslugaatiif oolan barattoonni qabiyyee afaanii barachuuf deeman haala gareen jechaa maqaa, maqibsiifi gochimaa ittiin qindaa'uu danda'an addatti ibsamani mul'achuu qabu (Harmer, 1991).

4. Haalli dhiyaannaa uumamtee uumama jechootaa keessatti akkaataa dhamjechoonni garaagaraa garee jechaa duraan ture jijjiiruudhaan garee jechaa haaraa uumuuf Afaan Oromoo keessaatti tajaajilan kitaabilee barattootaa keessatti adda bahee nimul’ataa?

Haala uumamteen dhamjechoonni garaagaraa garee jechaa duraan ture jijjiiruudhaan garee jechaa haaraa uumuuf hundee jechaarratti dabalamuun Afaan Oromoo keessaatti uunkaaleefi caasluga afaanichaaf gargaaran kitaaba barnoota Afaan Oromoo keessatti dhiyaatee argamuusaa addaan baasuuf barattootaaf gaaffiin dhiyaateera. Deebiin barattootarraa argame gabatee (4.11) keessatti ibsameera.

Gabatee (4.11) Haala dhiyaannaa uumamtee uumama jechootaa keessatti akkaataa dhamjechoonni garaagaraa jecha duraan ture jijjiiruudhaan garee jechaa haaraa uumuuf Afaan Oromoo keessatti tajaajilan kitaaba barattootaa keessatti ibsamuusaa

Lak.Gaaffii	Filannoowwan kennaman	Deebii barattootaa		Baay’inadeebis toota walii galaa
		lakkoofsa	Persentii	
4. Haalli dhiyaannaa uumamtee uumama jechootaa keessatti akkaataa dhamjechoonni garaagaraa garee jechaa duraan ture jijjiiruudhaan garee jechaa haaraa uumuuf Afaan Oromoo keessatti tajaajilan kitaaba barattootaa keessatti adda bahee nimul’ataa?	Akkaa gaariitti	12	8	150
	Hanga tokko	41	27	150
	Hammana miti	67	47	150
	Homaa	30	20	150

Akkuma ragaan gabatee (4.11) irratti argamu ibsutti, haala uumamteen dhamjechoonni hundee jechaa irratti dabalamuun Afaan Oromoo keessatti jechoota adda addaa garee jechaa jijjiiruudhaan garee jechaa haaraa uumuuf oolan ilaalchisee barattoonni 12(% 8) akka gaariitti kan argamu ta’uusaa yoo ibsan, kanneen 41 (% 27) ta’an ammoo hanga tokko kan argamu ta’uusaa yoo ibsu. Kanneen 67 (% 47) kan ta’an immoo gad aanaa ta’uu isaafi kanneen 30 (% 20) kan ta’an immoo tasuma kan hin argamne ta’uusaa ibsaniiru. Yaadolee armaan olitti kenname kanarraa wanti hubatamu haalli dhiyaannaa uumamtee dhamjechootaa hundee jechaarratti dabalamuun jechoota Afaan Oromoo

keessatti akkaataa itti garee jechaa duraan ture jijjiiruudhaan garee jechaa haaraan itti uumamu kitaabilee barattootaa keessatti mul'atu hammana miti; kun immoo kun immoo gahaa kan hintaanedha.

(Addunyaa, 2011) Haala uumama jechootaa ilaalchisee yeroo ibsu, yaasaan tooftaleen jechoonni haaraan ittiin uumamuun kuusaa jechoota afaanichaatti dabalaman keessaa tokko ta'ee baay'inaan dhamjechoonni yaasaan dhimma itti bahamu ta'uus dhamjechoonni kunneen uunka isaaniitiin amala adda addaa qabaatan illee, xiyyeeffannoon isaanii inni guddaan garee jechaa ykn hiika jechaa jijjiiruurratti akka qooda qabu ibsa.

5 Gilgaalonniifi shaakalliwwan kitaabaa barataa keessatti dhimmoota uumamteefi hortee dhamjechootaan walqabatan qabiyyee barnootichaaf gahaadhaa?

Kitaabilee barattootaa barnoota Afaan Oromoo keessatti shaakalliwwaniifi gilgaalonni qabiyyee uumamteefi hortee dhamjechootaan walqabatanii dhiyaatanii hubannoo qabiyyee barnootichaaf gahaa ta'uu Gabatee (4.12) Shaakalliifi gilgaalli dhiyaate uumamteefi hortee dhamjechootaa hubachiisuu isaanii ilaalchisee barattootaaf gaaffiin dhiyaateera. Gaaffii dhiyaateef gaaffii barattonni kennanis gabatee (4.12) keessatti ibsameera.

Gabatee (4.12) Shaakalliifi gilgaalli dhiyaate uumamteefi hortee dhamjechootaa hubachiisuu isaanii ilaalchisee

Lak.Gaaffii	Filannoowwan kennaman	Deebii barattootaa		Baay'inadeebis toota walii galaa
		lakkoofsa	Persentii	
5. Gilgaalonniifi Shaakalliwwan kitaabaa keessatti dhimmoota uumamteefi hortee dhamjechootaan walqabatan qabiyyee barnootichaaf gahaadhaa? Hubachiisuu?	Akkaa gaariitti	15	10	150
	Hanga tokko	40	27	150
	Hammana miti	65	43	150
	Homaa	20	27	150

Akkuma gabatee (4.12) akka ibsametti gilgaalonniifi shaakalliwwan kitaabilee barnoota Afaan Oromoo keessatti haalli dhiyaannaa uumamteefi hortee dhamjechootaan

walqabatani dhiyaatan hubannoo qabiyyee barnootaaf gahaa ta'uu isaanii ilaalchisee gaaffii dhiyaateef deebii yoo kennaan 15 (% 10) kan ta'an akka gaariitti dhiyaachuu isaa ibsaniiru. Deebi laatonni 40 (% 27) kan ta'an ammoo hanga tokko qofaa kan dhiyaate ta'uu yoo ibsan, deebistoonni 65 (% 43) kan ta'an garuu argamni uumamteefi hortee dhamjechoota kanaa gadaanaa ta'uu isaanii ibsaniiru. Kana malees, deebistoonni 30 (% 20) kan ta'an immoo homaa shaakalliiwwaniifi gilgaalonni kitaabilee barnoota Afaan Oromoo keessatti haalli dhiyaannaa dhamjechootaan walqabatani dhiyaatan hubannoo qabiyyee barnootichaaf gahaa kan hintaane ta'uu ibsaniiru.

6 Maalummaa uumamteefi hortee dhamjecha ilaalchisee ibsi kitaabilee barnoota Afaan Oromoo keessatti kenname gahaadhaa?

Haallii dhiyaannaa uumamteefi hortee dhamjechoota Afaan Oromoo kitaabilee barnoota Afaan Oromoo keessatti dhiyaate keessatti maalummaan uumamteefi hortee dhamjechootaa keessatti ibsi kenname gahaa ta'uu isaaf gaaffii dhiyaatedha. Deebiin barattoonni kennanis, gabatee(4.13) keessatti ibsameera.

Gabatee (4.13) maalummaa uumamteefi hortee ilaalchisee ibsi kitaabilee barnootaa keessatti kenname gahaa ta'uu isaa

Lak.Gaaffii	Filannoowwan kennaman	Deebii barattootaa		Baay'inadeebis toota walii galaa
		lakkoofsa	Persentii	
6.Maalummaa uumamteefi hortee dhamjecha ilaalchisee ibsi kitaabilee barnoota Afaan Oromoo keessatti kenname gahaadhaa?	Akkaa gaariitti	45	30	150
	Hanga tokko	67	47	150
	Hammana miti	27	18	150
	Homaa	11	7	150

Akkuma gabatee (4.13) keessatti ibsi maalummaa uumamteefi hortee dhamjecha ilaalchisee kitaabilee barnoota Afaan Oromoo keessatti kenname gahaa ta'uu isaa ilaalchisee gaaffii dhiyaateerratti barattoonni deebii kennaniiru.

Maalummaa uumamteefi hortee dhamjechootaa ilaalchisee kitaabilee barnootaa keessatti kenname gahaa ta'uu isaa ilaalchisee barattoonni 45 (% 30) kan ta'an akka gaariitti kan ibsame ta'uu ibsaniiru. Akkuma kanas, 67 (% 47) kan ta'an hanga tokko kan ibsame ta'uu isaa yeroo ibsan, kanneen 27 (% 18) kan ta'an immoo gadaanaa ta'uu isaafi kanneen hafan 11 (% 7) tasuma kan hin ibsamne ta'uu isaa ibsaniiru. Raga armaan olitti ibsame kanarraa wanti hubachuun danda'amu maalummaa uumamteefi hortee dhamjechaa ilaalchisee ibsi kitaabilee barnoota Afaan Oromoo keessatti hanga tokko kan ibsame ta'us, gahaa kan hintaanedha.

4.6. Qaaccessa Akkaataa Dhiyaannaa Uumamteefi Hortee Dhamjechootaa

Kitaabni qophaa'u tokko sadarkaa dandeettii barattootaa ilaalcha keessa kan galchuufi barataan kan walsimatu, barattoota kan hawwatuufi qabiyyeen isaa barattoota mariisisuuf kan haala mijeessu; akkuma kanas, irra deddeebii kan hinqabneefi kan barattoota xiinxalsiisu ta'uu qaba. Harmer (1987: 47) "Kitaabni barnootaa qophaa'u tokko barattoonni daree barnootaa keessatti osoo waliin haasa'aa ykn marii taasisaa kan baratan osoo ta'ee gaariidha; kunis, karaa kallattiifi alkallattii ta'uu danda'a" jedha. Kana jechuun qabiyyeen barnootaa qophaa'u tokko kan barattoota bu'uura taasifate ta'ee, ibsi barttootaaf kan kallattiin irratti kennamuufi fayyadama keessa akka barataniif kan qophaa'u ta'uu qaba. Uumamteefi horteen dhamjechoota Afaan Oromoos karaa kallatti ta'eefi alkallattii ta'e dhiyeessuun nidanda'ama.

Fakkeenya A

Bara durii namticha tokkotu karaa deema jedhan. Utuma deemuu bokkaan itti roobnaan mana jaartii haadha hiyyeessaa tokkotti gore. Barrisaa bara beelaa waan ta'eef, haati hiyyeessaa sun bixxillee ibidda keessa kaawwatee, teessee bilchina isaa eeggachaa jirti. Namtichis kana argee "M ee gad ba'aatii akka bokkaan caame naaf ilaalaa" jedhaan. Isheenis, gad baatee bokkaa keessa dhaabbatee "Keessummaa galcheera! Keessummaa galcheera!" jechuutti kaate. Yeroo kana namtichi suuta jedhee bixxillee sana fudhatee bobaa jala kaawwatee ba'ee sokke. Jaartiin ol deebitee bixxillee ishee ibidda keessaa dhabde. Gadi baatee namticha fuulleetti ilaalaa "Inni ammaa girdiidha" yeroo isheen jettu "Oofedhe midhaani" jedheen. "Tabba sana sin baasiin"

jennaan; “Dalgayyuu nan deema” jedheen. Isheenis, “Garaa keetii hinbaasiin” jennaan “Bakkanniisa dhuga” jedhee jalaa fudhatee sokke jedhama (Fedhasaa, 2017: 44).

Fakkeenya kana keessatti dhamjechoonni argaman tajaajilaa adda addaa qabu.

- Qartuu ibsa {-chi/ -cha}
- Koorniyaa dhalaa nama sadaffaa qeenxee ibsa{-t-}
- Ennaa darbe ykn yeroo darbe {-e}
- taasifataa{-at-}

Walumaagalatti, haala kanaan afoola keessatti dhamjechoota dhiyeessuun barattoonni afoolichatti bo’aaruun dhamjechoota hortee fi uumamtee faayidaa isaanii akka baratan gochuun nidanda’ama (Brumfit C. J. fi R. A. Carter, 1986: 17). Kanaaf, qopheessitoonni sirna barnootaa qorannoo kan bu’uura godhachuun KB fi QB qopheessuun fudhatamummaa barnootichaaf guddina caasaa afaanichaaf nigargaara.

4.6.1. Qaaccessa Dhiyaannaa Uumamteefi Hortee Karaa Kallattii

Kun karaa ifaa ta’een caasaa afaanii barsiisuu jechuudha. Kana keessatti, barattoonni kitaabaafi barsiisaan dhiyeessuuf kallattii qabsiisuufi qajeelfama kennamu faana bu’uun baratu. Harmer (1987: 4) “Karaa kallattii ta’een kitaaba qopheessuu ykn barsiisuu keessatti ibsaafi fakkeenya adda addaatu kennama; barattoonni ibsaafi fakkeenya kenne irratti bu’uureffachuun hojjetu” jedha. Kana jechuun, matadurichi waa’ee hortee dhamjechootaa kan ibsudha yoo ta’e, dhamjechoota hortee ibsan ilaalchisuun ibsi maalummaa hortee fi fakkeenya adda addaa dursamee kitaabicha keessatti barattootaaf kan dhiyaate ta’ee, gilgaalonni dabalataa boodaan kennamu ykn kan dhiyaate jechuudha. Yaada kan bu’uureffachuun akkaataa dhiyaannaa uumamteefi hortee dhamjechootaa KB kana keessatti dhiyaatan yoo ilaalle baay’inaan yaada ibsamuuf yaalame kana kan ibsu hinfakkaatu.

KB Kutaa 11^{ffaa} boqonnaa 4 fuula 70 gilgaala 5 A fudhannee yoo ilaalle jechoota uumamteefi hortee ibsuuf fakkeenyaifi gilgaalli kennee jira. Kunis, fufiileen garee jechaa ykn hiika garee jechaa jijjiiruufi tajaajila caaslugaa kan garee jechaa ykn hiika jechaa hinjijjiirre garuu baay’ina, ennaa, matimaafi kkf, mul’isuuf kan fudhatamedha.

Kana malees, kitaaba barataa Kutaa 12^{ffaa} fuula 76 gilgaala 8 A irratti maalummaafi faayidaa dhamjecha uumamtee/ yaasaa jechuun jechooni akka walitti firoomsaman kennamani. KB Kutaa 11^{ffaa} Boqonnaa tokko fuula 18 gilgaala 9 mataduree “ Shaakala dhamjechootaa” jedhu yoo ilaalle fakkeenya erga kennamee booda fakkeenya ibsa olitti dhiyaatan faana bu’uun jechoota armaan gaditti kennamanirraa fufiilee baasuun tajaajila isaanii agarsiisi.

Fakkeenya -nammoonni

- amansiise

Fufiileen kunis, tajaajila itti aanu qabaachuu danda’u

Fufiilee tajaajila fufiilee

{-e} rawwii darbe

{-n} matima mu’istuu

{-oota} danummaa agarsiisa

{-a} aantima kallattii

{-siis-} raawwachiisaa(taasisaa)

Himoonni lamaan armaan olitti kennaman fufiileen tajaajilli isaanii ibsa; gilgaalota dabalataas 7 kennee jira. Egaa yaada kana kitaabilee barattootaa keessatti kallattiin irra caalaa tajaajila fufiileefi fakkeenya kennuun akka ta’e qorataan kun qorannoo isaan mirkaneesseera. Haala kanaan dhiyaachuun immoo, barattooni akka ofiin shaakalaniif haala kan mijeessu karaa qabsiisu waan hintaaneeff ibsi gahaan kennamee harka dhibbarraa harka walakkaa kallattiin, harka walakkaa immoo alkallattiin dhiyaatee barattooni akka ofiin hojjetan isaan gargaara.

4.6.2. Qaaccessa Dhiyaannaa Uumamteefi hortee Karaa Alkallattii

Karaa alkallattii ta’een caasaa afaanii KB keessatti dhiyeessuun barattooni karaa salphaa ta’een adeemsa keessa seera afaanichaa akka barataniif gargaara jedha (Harmer, 1987: 4). Haata’u malee, kitaaba kana keessatti haalli kun ifa ta’ee hinmul’atu. Sababni isaas, uumamteefi hortee ilaalchisee karaa alkallattii ta’een, dhiyaateera wanti fakkaatu KB Kutaa 11^{ffaa} fuula 69 gilgaala 8A “ Shaakala Fufii” kan jedhu keessatti qajeelfamni “ Gaaffiiwwan armaan gadii gareen mari’achuun barsiisaa keessanitti himaa” jedha.

Gaaffileen kunneen immoo, barattoonni kallattiin irratti mari'atanii waan deebii itti fakkaate akka kennaniif ogumaawwan afaanii keessaa dubbachuu akka gabbifataniif gargaara malee, fayyadama keessa wanta haaraa barsiise hinqabu. Kanaaf, haala kanatti aanee jiruun osoo dhiyaatee karaa salphaa ta'een osoo itti hinyaadiin barachuu ni danda'u.

4.6.2.1. Qaaccessa Dhiyaannaa Uumamteefi Hortee Barreeffama Keessatti

Uumamteefi hortee dhamjechootaa barreeffama gabaabaa keessatti dhiyeessuun barattooni achi keessatti uumamteefi hortee dhamjechootaa akka baratan taasisuun ga'umsa isaan caasaa afaanii adda baasanii barachuuf qaban nidabala (Katamba, 1993: 3).

Fakkeenya – **Namoota bineensota** biroorraa kan adda taasise yaadee jireenya isaa boriif waan tokko kaawwatee jireenya isaa gaggeeffachuu danda'uu isaatiin lubbu qabeeyyii kanneen biroorraa adda taasisa. Akkasumas, tokkummaa uummatee waliin jiraachuu danda'uun isaa ammas lubbu qabeeyyii kaan irraa adda taasisa. Barreeffama gabaabduu kana keessatti dhamjechoonni uumamteefi horteen dhiyaatanii jiru. Barreeffamicha keessatti dhamjechoonni kunneen maaliif akka gurraacheffaman gaafachuun barattoonni haala salphaa ta'een hundee jechaa, fufii, akaakuu fufiileefi tajaajila fufiilee akka ibsaniif isaan gargaara.

Fufiin =

{-oota}-	danooma -	hortee
{-ota} -	danooma -	hortee
{-sis-}	- raawwachiisaa(taasisa)-	uumamtee/ yaasaa
{-e}	- henna darbe -	hortee
{-at-}	- taasifataa -	uumamtee/ uumamtee
{-yyii}	- danooma-	hortee

{-ummaa} - maqaa tokkorraa maqaa biraa uumuu - uumamtee/ uumamtee kkf yoo ta'an kanneen hingurraacheffamiin hafan hundee jechaa akka ta'e ibsuu danda'uu jechuudha. Adeemsa kanaan osoo itti yaadamee dhiyaate barsiisaafis ta'e, barattootaaf waan mijatuuf gaariidha.

“Maalummaafi Faayidaa Dhamjecha Uumamtee/ Yaasaa” kan jedhu keessatti qajeelfamni A, Latiwwan “B” jala jiran Jechoota “A” jala jiran waliin walitti firoomsi “jechuun haala itti aanee jiruun dhiyeessee jira(KB Kutaa 12ffaa fuula 76 gilgaala 8A)

Fakkeenya B

<u>A</u>	<u>B</u>
1. tokko	a. -isuu
2. beeke	b. -oota
3. bite	c. -ina
4. goftaa	d. -ooma
5. taajjabe	e. -umsa
6. furdaa	f. -ummaa
7. jabaa	g. -eessuu
8. fira	h. -aa
	i. -ii

Qajeelfamni “B” Latiwwaan “B” jalaa jechoota “A” jala jiranitti maxxanuun latiwwan maalii jedhamu?” jedha. Qajeelfamni “C” immoo hiika dhamjecha uumamtee (yaasaa) gabaabsi barreessi jedhee jira. Gilgaalli kun barattoonni jechootaafi fufiilee kan erga walitti firoomsanii booda fufiilee hortee fi yaasaatti akka adda baasaniif waan isaan gargaaruuf gaariidha.

Hanqinni kitaaba kana keessatti mul’atu matadurichi maalummaafi faayidaa dhamjecha uumamtee/ yaasaa jechaa latiwwan maalii akka ta’an gaafachuuf dhamjecha hortee {-oota} jedhu gama “B” jalatti dhiyeessuun dogoggoraddha. Kun immoo, barataafi barsiisaa dogogorsuu danda’a. Sababni isaa ‘fira’ kan jedhu {-oota} kan jedhu fudhatee danoomuu danda’a. Kun ammoo, fufiilee horteedha. Kun ammoo, mataduricha waliin kan waliin kan walfaallessuu fakkaata. Kanaafuu, haalli ittiin dhiyeeffamuu yaalame gaarii ta’ee, yeroo gilgaalota akkanaa qopheessinu ofeeggannoo cimaa gochuun barbaachisaadha. Qajeelfama “C” irratti hiika dhamjecha uumamtee/ yaasaa akka kennan gochuun gilgaalichi hubannoo laateera waan ta’eef hanga tokko barreessuuf waan gargaaruuf haala kanaan dhiyaachuun isaa gaariidha.

4.6.2.2. Qaaccessa Dhiyaannaa Uumamteefi Hortee Dhamjechootaa Afoolaan

Walqabatu

Qophiin KB Kutaa 11^{ffaa} fi 12^{ffaa} keessatti shaakalli gilgaalotaa uumamteefi hortee ilaalchisuun dhiyaatan afoola kanneen akka mammaaksaafi oduu duriin waliin walqabatee dhiyaate akka waliigalaatti hinjiru. Afoola kanneen akka mammaaksaa, baacoo, waliin haasaafi oduu durii adda addaan osoo walqabatee dhiyaatee waan lama altokkotti akka barataniif nigargaara. Yaaduma kan gabbisuun Brumfit C.Jfi A. Carter, (1986: 17) “Biyyoota guddachaa jiran afoolli sirna barnootaa keessatti hammatamuun isaa guddina afaanichaaf gahee olaanaa qabaata; barnootichis jaallatamummaa guddaa akka qabaatu taasisa; akkuma kanas, aadaa hawwaasa afaan barataa sanaan walbarsiisa” jedhu. Kanaaf, Afaan Oromoo afaan yeroo ammaa kan guddinarra jiran keessaa isa tokko waan ta’eef, osoo afoola garaagaraa qopheessuun KB keessatti dhiyaatee, barnootichi akka fudhatamummaa guddaa argatu taasisa.

Fakkeenya A - Dursangoota sadiitu waliin jiraataa ture. Yeroo waliin jiraatan kanas, tokkummaa cimaa qabu turan. Diinni isaanii yoo itti dhufe waliin ta’anii lolanii injifatu. Kanaaf, waraabessi diinni isaanii kun akka itti adda baasee isan nyaatu waan dhabeef fala qopheesse. Isa tokkoon dhaqee suuta jedhee “Ati maaliif duukaa deemta innoo nyaatee boolla sibuusuu barbaadaa” ittiin jedhe; isa lammaffaan immoo, “Ati gowwoomtee duukaa deemta malee, isaanoo si nyaatanii hallayyaa si buusuufi” ittiin jedhe; Isa hafeenis, isaan lamaanuu si jibbanii waliin ta’anii bowwaa sibuusuuf qophaa’anii jiru” ittiin jedhe. Isaan sadanuu walshakkani adda bahani. Isaan hunda gowwoomsee tokkummaa isaanii diigee wallolchiisisee tokko tokkoon adda baasee nyaate jedhama (Warquu, 2003:80 Gumii Qormaata Afaan Oromoo Jiildii –I). Oduu durii kanaan uumamteefi hortee dhamjechoota hortee danooma, ennaa, ramaddii 2ffaa yoo ta’u, dhamjecha uumamtee immoo -ummaa maqaa tokko irraa maqaa biraa uumuuf, -oom-gochimmeessituu, -s- taasisaa, -siis- taasisaa/ raawwachiisaafi kkf uumamteefi hortee dhamjechootaa barsiisuun nidanda’ama. Haata’u malee, kitaabni kun afoolaan walqabatee qindaa’ee dhiyaachuu dhabuun isaa barattoonni waliin mari’atanii akka hojjetaniif kan isaan hawwatu miti. Kanaaf, afoola adda addaa keessatti uumamteefi hortee dhamjechoota hammachiisuun KB qopheessuun barnootaaf dhiyeessuun gaarummaa niqabaata.

4.6.2.3. Qaaccessa Mala Uumamteefi Hortee Dhamjecha Faayidaa Murtaa'aaf

Dhiyeessuu

Malli kun kan irratti xiyyeeffatu haala qabatamaa kitaabni barnootaa qophaa'u bu'uura taasifachuuni. Kunis, barattoonni beekumsi isaanii hangami ykn maal barbaadu kan jedhuun walsimsiisuudhaan kan qophaa'ee hojiirra ooluu qaba. Kun kan irratti fuuleffatu: fedhii barattootaa, duudhaa, haala qabatamaa hawaasaa naannoofi aadaa hawaasaati. Kana jechuun ammoo, KB yeroo qophaa'u, qabiyyee isaa keessatti wantoota hawaasa keessa jiraatan sana barsiisu waliin walsimsiisuun dhiyeessuun bu'a qabeessa ta'uu isaa agarsiisa. Akkasumas, caasaaleen haarofti tokko yommuu qophaa'an, unka afaanichaa qofa osoo hinta'iin tajaajilli unkaan afaanii sun ooluuf waliin walsimsiisuun qophaa'ee dhiyaachuu qaba(Richards and Rodgers, 2001: 1). Kanaafuu, namoonni sirna barnootaa qopheessan fufii, akaakuu fufii bu'uura tajaajilaan, bu'uura bakkaafi qabiyyeen uumamteefi hortee dhamjechoota Afaan Oromoo irratti hubannoo gahaa qabaachuu qabu. Egaa kitaabilee kana keessattis, faayidaa uumamteefi hortee murteessuun dhiyeessuun kallattiin barumsicha qabatamaa taasisuuf gargaara. As keessatti wanti beekamuu qabu, Kaayyoon barnoota kennamuu uumamteefi hortee dhamjechoota hortee fi uumamtee dhiyeessuu yoo ta'e, mataduree kana jalatti wantoonni dhiyaachuu qaban uumamteefi hortee kanneen tajaajila garee jechaa ykn hiika jechaa jijjiiraniifi hortee tajaajila caaslugaa agarsiisuuf hundee ykn bu'uura jechaatti kan maxxanan agarsiisan ta'uu qaba.

Fakkeenya A

A	B
Dhamjecha hortee	Dhamjecha uumamtee
warshaa = warshalee -lee	sangaa= sangoomme -oom-
farad = fardeen -een	fuudhuu = fudhatame -at- am-
bineensa = bineeyyii -yyii	kadhaa = kadhate -at
sa'a = saawwan -wwan	bite = bichisiise -siis-
bituu = bite -e	bite = bitate -at-

Akkaataa kanaan xiyyeeffannoo itti kennuun KB qopheessuun dhiyeessuun barbaachisaadha. Haata'u malee, haala kanaan xiyyeeffannoon itti kennamee kitaabilee ibsi gahaa ta'eefi gilgaalli qophaa'ee dhiyaate hinjiru. Kanaaf, gara fuulduraatti

kitaabileen qophaa'an qabiyyee barsiisuun barbaadame sana ba'inaan xiyyeeffachuun dhiyaachuu qaba. Hanqinni dhiyaannaa uumamteefi hortee Afaan Oromoo KB keessatti akkamiin dhiyaatanii barsiifamuun furamuu qabu kan jedhuuf deebiin afgaaffii barsiisotarraa argame akka ibsetti, faayidaan hortee uumamtee dhamjechoota karaa kallattii alkallattiin ibsiifi fakkeenya adda addaa gahaa waliin dhiyaachuu qaba jedhan. As keessatti, tokkoon tokkoo uumamteefi horteen dhamjechoota jecha tokko keessatti argamanii hiika qaban waliin adda ba'anii ibsamuun dhiyaachuu qabu.

Fkn B. "bichisiiste" jecha jedhu keessatti uumamteefi horteen dhamjechoonni argaman {bit-, -siis-, -t-fi -e} dha. Tajaajila isaan qabanis:

bit- = hundee

-siis- = dhamjecha uumamtee(gochi tokko nama biroon akka hojjetamu qaamni taasisse jiraachuu ibsa)

-t- = dhamjecha hortee (ramaddii sadaffaa qeenxee saala dhalaa ibsa)

-e = dhamjecha hortee(gochi tokko yeroo darbe keessa kan raawwatame ta'uu ibsuudha(John, Atkins, 1995).

Haala kanaan, uumamteefi horteen dhamjechoota garee ykn hiika jechaa jijjiiraniifi tajaajila caaslugaa agarsiisaniifi kkf adda baasuun dhiyeessuun barattoonni waa'ee uumamteefi hortee gadi fageenyaan akka barataniif isaan gargaara. Afgaaffii barasiisotarraa deebiin argames, bu'uura tajaajilaan bakka lamatti qoodamuu qabu jedhan; isaanis:

1. Dhamjecha uumamteefi
2. Dhamjecha horteedha.

Dhamjechoonni horteen bakka sadiitti qoodamuu qabu. Isaanis:

1. Bu'uura tajaajilaatiin: hortee uumamtee ykn yaasaa
2. Bu'uura bakkaatiin: duree, duubeefi naannee
3. Bu'uura qabiyyeetiin: fufii tajaajil-heddee, fufii dhokatee, fufii tajaajil tokkeefi fufii duwweetti qoodamuu akka qaban ibsaniiru.

Dhamjechoonni Afaan Oromoo kunneen haala armaan olii kanaan adda ba'anii erga qoodamanii booda waliin dubbii afoola Oromoo keessaa kan akka oduu duriin osoo

dhiyaate barattoonni alkallattiin waa'ee uumamteefi hortee dhamjechootaa akka barataniif isaan gargaara. Akkuma kanas, hawwatamummaa qabaachuu danda'uu isaatu ibsama. Kunis, ibsaafi fakkeenya gahaa waliin dhiyaachuu akka qabutu jajjabeeffama. As keessatti, xiyyeeffannoo akka argatuuf afoola sana jala muruun ykn gurraachessuun dhiyeessuun barbaachisaa akka ta'e ibsameera.

4.6.2.4. Qaaccessa Mala Murtaa'aatii Gara Dimshaashaatti Uumamteefi Hortee

Dhiyeessuu

As keessatti, barattoonni adeemsa caasaa afaanii kitaabilee keessatti ittiin qophaa'e barsiifamu ta'ee, seera afaanii waan barachaa jirani akka ofii isaaniif carraaqanii bira ga'an gochuuf gaaffilee murtaa'oo adda addaa ibsuun eegala. Dursa kitaabilee sana keessatti ibsi fakkeenya gabaabaa waliin barattootaaf dhiyaatuuf fakkeenya kenname bu'uura taasifachuun caasaa afaanichaa akka baratan taasisa. As keessatti, fakkeenyi kennamu seera waliigalaa afaanichaa kan mataduricha kenname akka barataniif gargaara. Akka fakkeenyaatti, waa'ee dhamjechaa ennaa darbe mul'isanii kan dhiyeessu yoo ta'e, kana irraa ka'uun waa'ee dhamjechoota waliigalaa akka ofiin barataniif kan qopheessu ta'uu qaba(Fireman, 2000: 19). Haata'u malee, fakkeenyi KB Kutaa 12ffaa fuula 68 irratti kenname faallaa jecha kanaan kan dhiyaate fakkaata. Sababni isaas, fakkeenyi kitaabicha keessatti kenname tokkoo tokkoo dhamjechootaa uumamteefi hortee gurraacheffamanii ibsa ga'aa waliin waliin kan dhiyeessedha.

Fakkeenya 1. Seenaan saawwan tiksite.

2. Inni sirbaa jira.
3. Isaan barachaa jiru.
4. Obbolaan koo fardaan dhufan.
5. Isheen dhufte.

Akkuma kanas, KB Kutaa 11^{ffaa} fuula 17-18 gilgaala irratti kennames, faallaa yaada kanaan kan dhiyaate natti fakkaata. Sababnisaas, fakkeenyi kennaman tokko tokko fakkeenyi kenname uumamteefi hortee dhamjechootaa ibsa waliin kan dhiyeessedha.

Fakkeenya B

1. Qabxiileen jalqaba afaaniirratti dhiyaatan baay'een isaanii walmormu.

2. Akkuma yeroo ammaa namoonni durii hojiiwwan ciccimoo gamtaan hojjechaa turan.
3. Sagaleewwan uumaman dhaga'aman akkeessuun afaan uumame mala-dhayiitiin jedhu jechoota sagalee isaaniitiin wa-fakkaatan ka'umsa taasifata.
4. Yaaxxinni afaan namatu uummate jedhu na amansiise. Kanneen jedhaman kitaabilee lamaan keessatti uumamteefi horteen gurraacheffaman hunda ta'uu baatus tajaajilli isaanii ibsamaniiru.

4.6.2.5. Qaaccessa Mala Dimshaashaa Gara Murtaa'aatti

Kunis, seerri murtaa'aan tokko erga kitaabicha keessatti ibsameen booda, fakkeenyiifi gilgaalonni dhiyaatan karaa to'atamaan shaakalsiisuuf kan qophaa'udha. Kunis, fakkeenyaan yoo ibsamu hortee dhamjechoota danooma adda addaa uumuu keessatti tajaajila kennan erga ibsi laatamee booda, fakkeenya bal'aa kennuun ibsuudha. Fakkeenya kenname kana bu'uura taasifachuun barattooni hortee dhamjechoota danooma biroo adda addaa kenname keessaa akka addaan baasaniif kan shaakalsiisudha; jedha(Tashoomaa, 2005: 216). Kana jechuun, hortee dhamjechoota danooma kennan kan biroo uuman jechoota kennaman akka adda baasani shaakalsiisuuf haala mijeessuutti kan qophaa'u ta'uu qaba. Dhamjechoonni kitaabicha keessatti dhiyaatan harki 85 ol mala kana irratti kan xiyyeeffatanidha. Sababnisaas, kitaabileen barataas ta'e, qajeelchawwan barsiisaa yaada waliigalaa ibsuun eegala waan ta'eefidha.

Fakkeenya A KB Kutaa 11^{ffaa} fuula 17-18fi fuula 70 fa'idha.

Fakkeenya B KB Kutaa 12^{ffaa} fuula 22-23, fuula 33, fuula 68fi kkf dha.

Walumaagalatti, xiinxalli ragaalee kun kan inni ibsu maalummaafi akaakuu uumamteefi hortee dhamjechootaa keessatti fufiileen bu'uura tajaajilaan, bu'uura bakkaan, bu'uura qabiyyeetiin KBfi QB keessatti akkamiin akka dhiyaatanii jiran akaakuu uumamteefi hortee dhamjechootaa kitaabilee keessatti argamaniifi hinargamiin adda baasuufi uumamteefi horteen dhamjechoonni Afaan Oromoo kitaabilee barnootaa keessatti akkamitti dhiyaachuu akka qaban ibsuurratti kan bu'uureffatedha.

4.7. Qindoomina Dhiyaannaa Uumamteefi Hortee Dhamjechootaa Kitaabilee Barattootaafi Qajeelcha Barsiisaa Keessatti

Kitaabni tokko yeroo qophaa’u barattoonni beekumsi isaanii hangami ykn maal barbaadu kan jedhu walsimsiisuudhaan qophaa’ee hojiirra ooluu qaba. Akkasumas, caasaaleen haarofti tokko yommuu qophaa’an, unka afaanichaa qofa osoo hinta’iin tajaajilli unka afaanii sun ooluuf waliin walsimsiisuun qophaa’ee dhiyaachuu qaba (Richards and Rodgers, 2001:1). Kun ammoo, faayidaa uumamteefi hortee murteessuun dhiyeessuun kallattii barumsichaa qabatamaa taasisuuf gargaara. Qopheessitoonni sirna barnootaas, kana irratti xiyyeeffatanii KB keessatti adda baasanii ibsuun qopheessanii dhiyeessuun guddina caasaa Afaan Oromoof bu’a qabeessa ta’a. Kana keessatti, qindoomina uumamteefi hortee dhamjechootaa salphaarraa cimaatti, boqonnaarraa boqonnaattiifi kutaarraa gara kutaatti kan xiinxalamu ta’a.

Haalli dhiyaannaa uumamteefi hortee dhamjechoota KBfi QB Kutaa 11^{ffa}a yoo ilaalle, jalqaba irratti gaaffileen kennaman KB Kutaa 11^{ffaa} 17-18 “Shaakala Dhamjechaa” kan jedhu keessatti fakkeenya fudhate waa’ee uumama afaaniin barataniin walqabsiisuun waan isaan beekanirraa ka’uun isaa himoota kennaman keessatti tajaajila fufiilee akka isaan xiinxalan taasisuun isaa salphaarraa gara cimaatti deemuu isaa mul’isa.

Fkn1 Himoota gadditti dhiyaatan keessatti qaamolee jechaa jala sararaman qalbeeffadhu.

1. Qabxiileen jalqaba afaaniirratti dhiyaatan baay’een isaanii wal-mormu.
2. Akkuma yeroo ammaa namoonni durii hojiiwwan ciccimoo gamtaan hojjechaa turan.
3. Sagaleewwan uumaman argaman dhaga’aman akkeessuun afaan uumame mala-dhayiitiin jedhu jechoota sagalee isaaniitiin wal-fakkaatan ka’umsa taasifata.
4. Yaaxxinni afaan namatu uummate jedhu nama amansiise.

Fakkeenya2 Fakkeenyaafi ibsa olitti dhiyaatan faana bu’uun jechoota kanaa gadditti kennamanirraa fufiilee baasuun tajaajila isaanii agarsiisi. Inni jalqabaa siif hojjetameera.

Jecha	fufiilee	tajaajila fufiilee
1.mummure	_____	_____
2.barsiise	_____	_____
3.barame	_____	_____
4.barate	_____	_____
5.firfirsame	_____	_____
6.namooome	_____	_____
7.bukaa'e	_____	_____

(Kitaaba barataa Kutaa 11^{ffaa} Gilgaala 9 A fuula 18)

Fakkeenyiifi gilgaalli armaan olitti kenname salphaarraa gara cimaatti kan deemedha. Himoonni kennamanis hubannoo hubnnoo fufiilee hanga tokko kan kennanidha.

Haata'u malee, boqonnaarraa gara boqonnaatti gilgaala kan yoo ilaalle, shaakala tajaajila fufiilee ilaachisee gilgaalli kenname boqonnaa tokko keessatti kennamee darbee ammoo boqonaa afur keessatti dhiyaate. Kun immoo, walitti fufiinsaan kennamuu dhabuu agarsiisa. Akkuma kanas, qabiyyeen uumamteefi hortee dhamjechootaa kitaaba barataa kana keessatti kennamees gahaa miti. Akkuma kanas, maalummaa uumamteefi hortee dhamjechootaa ilaalchisee ibsi gahaan hinlaatanne.

Fkn 3 Haaluma walfakkaatuun KB Kutaa 11^{ffaa} boqonnaa tokko fuula 17-18 fudhannee yoo ilaalle deebiin KBfi QB keessatti kenname dogoggora qaba. Dogoggorri isaa inni jalqabaa siif hojjetameera jedha; garuu wanti hojjetame hinjiru.

Bifuma walfakkaatuun, KB Kutaa 11^{ffaa} fuula 19 gilgaala 9 C “ Jechoota kennaman gadiirraa fufiilee jiran dureefi duubeetti addaan qooduun gabatee kenname keessatti guuti” jedha. Deebiin QB keessatti kenname immoo deebii gilgaala 13 C jechuun deebisa.

Kana qofaas miti; qajeelfamni KB keessatti kenname dureefi duubeetti qoodi kan jedhu yoo ta'u, QB keessatti immoo duree, duubeefi naanneetti qooduun deebii kenna. Ittuma fufuun jecha 'mummurame' jedhu fufiilee irraa yeroo baasu“mu-“ fufii duubee jechuun deebii kenna; garuu fufii dureedha malee duubee miti. Achumarratti “-ame” jedhee fufii tokotti fudhachuun fufii duubee jedhee deebii kenna garuu, kan ta'uu qabu ‘ -am-, -e’ ta'ee kaa'amuu kan qabudha.

Fkn 4 KB Kutaa 11^{ffaa} boqonnaa 4 fuula 70 gilgaala 5 A qajeelfama kenname keessatti “ Fakkeenya armaan gaditti kennamerratti hundaa’uun dhamjecha hundee, fufii/ hortee fi yaasaa/ uumamtee/ addaan baasi” jedha. As keessatti wanti kenname matadureen booda fakkeenya adda addaa kennuun barattoonni fakkeenya kennamerratti hundaa’uun akka shaakalan kan taasise waan ta’eef, salphaarraa gara cimaatti kan deemedha. Akkuma kanas, qajeelfama kenname “ B” keessatti KB fuula 70 keessatti fufii hortee fi fufii uumamtee adda baasuun akka gabatee keessatti kaa’an kan taasise keessatti adeemsi kenname qindoomina gaariidha.

Fkn 5. Bifuma walfakkaatuun, KB Kutaa 11^{ffaa} fuula 70-71 gilgaala 5 C keessatti qajeelfamni kenname irratti hundaa’uun deebiin QB fuula 54 irratti kenname dogoggora kan qabudha. Fakkeenyaaf, deebiin lakkoofsa 1ffaa irratti kenname “ –onni(oota-ina) jechuun deebii kenna; kun immoo dogoggora natti fakkaata ‘oota ‘ kan jedhu jecha ofdanda’aadha malee fufii miti. Kanaaf, ‘–oota’ jechuun kaa’uu wayya. Sababni isaas, ‘oota’ kan jedhu jecha ofdanda’aa waan ta’eef.

Wanti KBfi QB Kutaa 11^{ffaa} boqonnaa tokkoofi boqonnaa afur keessatti argamu salphaarraa gara cimaatti dandeettii barattootaa cimsaa kan deemu yoo ta’es, boqonnaa gara boqonnaatti bifa walitti fufinsa qabuun hindhiyaanne. Kun immoo, hubannoo barattootaa irratti gufuu ta’uu mala.

Fkn 6 KB Kutaa 12^{ffaa} fuula 69 gilgaala 8A irratti kan kenname irratti hanqinni mul’atus nijira. “ Fufii jechuun maal jechuudha” kan jedhuuf deebiin QB fuula 55 irratti kenname “ Fufiin dura ykn duuba jechaa galuun tajaajila caaslugaa ykn jijjiirraa hiikaa kan agarsiisudha” jedha. “ Fufiin horteen tajaajila akkamii qaba?” kan jedhuuf “ Akaakuu fufii keessaa tokko, fufii hortee yoo ta’u, tajaajilli isaas, caasluga agarsiisuudha” jedha. Hanqinni as keessatti mul’atu fufiin horteen akaakuu fufii keessaa maalirratti hundaa’ee akka qoodame wanti ibsame hinmul’atu.

Fkn 7. Haaluma kanaan, KB Kutaa 12^{ffaa} fuula 76 gilgaala 8 (a) “Maalummaafi Faayidaa Dhamjecha Uumamtee / Yaasaa “ kan jedhu jalatti qajeelfamni kenname “ Latiiwwan “B” jala jira jechoota “A” jala jiran waliin walitti firoomsi “ jedha. As keessatti kan kenname fufii yaasaa / uumamteedha;

Dogoggorri mul'atu immoo, “B” jala fufii ‘-oota’ jedhutu kenname. Kun immoo, yeroo firoomu “A” jalaa “fira’ kan jedhutti firoomuu danda’a. Kun immoo, mataduree kennameen ala waan ba’eef barsiisaas ta’e, barattoota dogoggorsuu danda’a.

Walumaagalatti, adeemsa baruu-barsiisuu qabiyyee barnootaa keessatti akkaataa meeshaaleen barnootaafi malleen qabiyyee barnootaa qophaa’ee ittiin hojjiirra oolu beekuun galma ga’insa barnootaa keessatti baay’ee murteessaadha. Qabiyyeen barnootaa tokko yommuu wixineeffamu wantoonni ilaacha keessa galuu qaban: sadarkaa barattoonni irra jiran qabiyyee barnoota barattoonni irra jiran, aadaa afaan barattootaa, akaakuu qabiyyee barnoota dhiyaatu sana keessatti hammatamaniifi kaayyoo baratamuuf beekuun murteessaa ta’uu isaati (Mc Donough and Shaw, 1993). Kanaaf, haalli qindaa’inni uumamteefi hortee dhamjechoota Afaan Oromoo sagantaa barnootaaf dhiyaate barattoota akka afaan tokkoffaatti barataniifi. Afaan tokko dhalootaan beekuun immoo, madda qaama afaanichaa beekuun waan hintaaneeff madda qaama afaan tokkoo beekuuf beemsi sun barnootaan deeggaramuu qaba. Kanaafuu, haalli dhiyaannaa uumamteefi horteen dhamjechoota Afaan Oromoo kan adeemsa baruu-barsiisuu keessatti jechoota dubbii afaanichaa bu’uura taasifachuun galma ga’insa ijaarsa jechoota afaanicha sagantaa barnootaaf qopheessuun barbaachisaadha. Kunis, karaa kallattii ta’een fakkeenya adda addaa kennuun yaada caasaa afaanichaa barsiisuu keessatti kitaabni qophaa’u barsiisaas ta’e, barattoota kan hojjechiisu ta’uudha (John Atkins, 1995: 42). Akkuma kanas, karaa alkallattii caasaa afaanii akka baratan barsiisuudha. Kun immoo, waliin mari’achaa ykn waliin haasa’aa akka baratan kan taasisu ta’ee yoo qophaa’e barattooni haala salphaan caasaa afaanichaa baratu jechuudha. Kun immoo, kitaabni barnootaa qophaa’u tokko fudhatamummaaf jaallatamummaa akka qabaatu taasisa Harmer (1987:43). Afoola adda addaa aadaa hawaasichaa keessa jiran bu’uureffachuun qindaa’ee yoo dhiyaates caalaatti qabiyyee barnootichaa fudhatamummaa olaanaa akka qabaatu taasisa. Yoo ta’uu baate garuu, fudhatamummaa barnootichaa xiqqeessuu danda’a. Haaluma walfakkaatuun, barattoonni maal beekuun qabu ykn maal barachuu barbaadu kan jedhu walsimsiisuudhaan qophaa’ee hojjiirra ooluu qaba. Kunis, kan irratti xiyyeeffatu: fedhii barattootaa, haala qabatamaa naannootti argamu, aadaafi duudhaa hwaasaa barsiisuu waliin walqabsiisuun dhiyeessuun kallattiin barumsicha qabatamaa taasisuuf gargaara (Richards and Rodgers, 2001:1). Inni biroon, adeemsa keessa caasaa

afaanichaa akka barataniif, gaaffilee murtaa'oo adda addaa dhiyeessuun akka baratan taasisuun barnoota kennuudha. Kun ammoo, kitaabicha keessatti ibsi fakkeenya gabaabaa waliin barattootaaf dhiyeessuun fakkeenya kenname irratti hundaa'uun caasaa afaanichaa akka baratan taasisuun barbaachisaadha (Fireman, 2000: 19). Dabalataanis, dimshaashaatii gara murtaa'aatti dhiyeessuudha. Kunis, kitaabicha keessatti erga seerri murtaa'aan tokko ibsameen booda fakkeenyiifi gilgaallonni karaa to'atamaa ta'een shaakalsiisuun dhiyeessuun barbaachisaadha. Kanaafuu, barnoota afaanii keessatti fakkeenya adda addaa gargaaramuun caasaalee afaanii dhiyeessuun guddina afaanichaaf barbaachisaa akka ta'e dhiyeessa Harmer (1987: 42). Kanaaf, qopheessitoonni sirna barnootaa qorannoo kana bu'uura godhachuun qophii kitaaba itti aanu keessatti haala olitti ibsame kanaan dhiyeessuu qabu Harmer (1987: 47).

BOQONNAA SHAN

CUUNFAA, ARGANNOOFI YABOO

Boqonnaa kana jalatti kan dhiyaate yaadolee boqonnaalee darban jalatti rakkoodha jedhamee qeeqametu cuunfamee sakatta'amuun dhiyaate. Akkasumas, malleen hanqinaalee garaagaraa haala dhiyaannaa uumamteefi hortee dhamjechoota Afaan Oromoo kitaabilee barnoota Afaan Oromoo Kutaa 11^{ffaa} fi 12^{ffaa} bara 2005 qophaa'an keessatti hanqinaalee mul'atan furuuf nigargaara jedhamanii yaadamantu akka yaada furmaataatti dhiyaate.

5.1. Cuunfaa

Kutaa kana keessatti argannoon qorannoo haala dhiyaannaa uumamteefi hortee dhamjechootaa kitaabilee barnoota Afaan Oromoo kutaa 11^{ffaa} fi 12^{ffaa} bara 2005 qophaa'anii hojiirra oolaa jiran haala maaliin akka dhiyaataniifi hanqinaalee dhiyaannaa uumamteefi hortee dhamjechootaarratti mul'atan adda bahanii qaacceffamaniiru. Bifuma walfakkaatuun, hanqinaalee olitti ibsamaniif yaada furmaataa barbaaduuf malleen qorannoo jiran keessaa mala qorannoo ibsaatti (Descriptive research) tti gargaaramee jira.

Akkasumas, meeshaalee funaansa ragaalee sadan mirkaneeffannaa kitaabilee barnootaafi qajeelcha barsiisaa, afgaaffii barsiisotaafi bargaaffii barattootaa fayyadamuun ragaaleen walitti funaanaman mala qorannoo akkamtaafi hammamtaan qindaa'anii qaacceffamanii dhiyaataniiru.

Ragaalee funaanaman irratti hundaa'uun immoo, argannoon hanqinaalee dhiyaannaa uumamteefi hortee dhamjechoota kitaabilee barnoota Afaan Oromoo keessatti mul'ataniifi kanneen jajjabeeffamuu qaban cuunfamarii ibsamaniiru.

Akkuma argannoon mirkaneeffannaa kitaabilee barnoota Afaan Oromoo irratti gaggeeffame mul'isutti, hanqinaaleen dhiyaannaa uumamteefi horteen dhamjechootaa kitaabilee barnootaa keessatti kan mul'atan ta'uu qorannoo taasifameen hubachuun danda'ameera.

5.2. Argannoo

Argannoo qaaccess kitaabilee barnoota Afaan Oromoo keessatti taasifamerratti hundaa'uun hanqinaaleen mul'atan haala itti aanuun ibsamaniiru.

- ❖ Maalummaa uumamteefi hortee dhamjechoota Afaan Oromoo kitaabilee barnoota Afaan Oromoo Kutaa 11^{ffaa}fi 12^{ffaa} bara 2005 qophaa'an keessatti dhiyaatan bal'inaafi gadi fageenyaan ibsamuu dhabuu.
- ❖ Qabiyyeewwan uumamteefi hortee dhamjechoota Afaan Oromoo kitaabilee barnoota Afaan Oromoo Kutaa 11^{ffaa}fi 12^{ffaa} keessatti dhiyaatan boqonnaawwan muraasa keessatti dhiyaachuufi qindaa'ina, xiyyeeffannoofi ibsa bal'aan deeggaramuu dhabuu.
- ❖ Gilgaalonni haala dhiyaannaa uumamteefi hortee dhamjechootaarratti hundaa'anii kitaabilee kanneen keessatti dhiyaatan barattootaaf hubannoo bal'aa kennuu dhabuu. Kunis, Hanqina qabiyyeefi xiyyeeffannoo dhabuu irraa kan ka'edha.
- ❖ Haalli dhiyaannaa uumamteefi hortee dhamjechoota Afaan Oromoo kitaabilee barataafi qajeelcha barsiisaa keessatti dhiyaatan iddoo baay'eetti walsimuu dhabuu; akkuma kanas, uumamteefi horteen dhamjechoonni qajeelcha barsiisaa keessatti dhiyaatan deebii gilgaalota kitaabilee barattootaa keessatti dhiyaatan deebisuu malee, uumamteefi horteen dhamjechoonni Afaan Oromoo haala attamiin akka baratamaniifi uumamteefi horteen maal jechuu akka ta'e gadi fageenyaafi bal'inaan ibsamuu dhabuu
- ❖ Uumamteefi horteen dhamjechoonni Afaan Oromoo boqonnaalee muraasuma jiran keessattuu adeemsa jechoonni ittiin uumamaniifi tajaajila caaslugaa agarsiisan gadi fageenyaafi bal'inaan ibsamuu dhabuu
- ❖ Horteen dhamjechoonni Afaan Oromoo tajaajila caaslugaa danooma, haala raawwii, matima, aantima kallatti, aantima alkallattii, koorniyaa, maayii agarsiisan adda bahanii kitaabilee kanneen keessatti haala ga'aafi hubannoo bal'aa kennuu dhiyaachuu dhabuu
- ❖ Qindoominni dhiyaannaa uumamteefi hortee dhamjechootaa bifa hubannoo kennuu danda'uun bal'inaafi gadi fageenya qabuun qindaa'ee dhiyaachuu dhabuu

- ❖ Akaakuun fufii uumamteefi hortee dhamjechoota Afaan Oromoo bu'uura tajaajilaatiin, bakkaafi qabiyyeetiin kitaabilee barnoota Afaan Oromoo keessatti karaa ifaa ta'een ibsamuu dhiisuu
- ❖ Uumamsaafi hormaata maqaafi maqibsa jechootaa kennuun warra bu'uuraafi uumamtee jechuun qooduun ala maqaaleen bu'uuraa isaan kam akka ta'aniifi warri uumamtees kam akka ta'e, ibsi kenname dhibuu isaati.

Walumaa galatti, argannoon mirkanneeffannaa uumamteefi hortee dhamjechoota kitaabilee barnoota Afaan Oromoo Kutaa 11^{ffaa} fi 12^{ffaa} bara 2005 qophaa'an akka mul'isanitti hanqinaaleen hedduun keessatti kan argamu ta'uun hubachuun danda'ameera.

Inni biraan, akkuma ragaaleen afgaaffii barsiisotaafi bargaaaffii barattootaarraa argame mul'isutti, hanqinaaleen dhiyaannaa uumamteefi hortee dhamjechoota kitaabilee barnoota Afaan Oromoo keessatti kan argaman ta'uu hubachuun danda'ameera. Hanqinaaleen ibsaman kunneenis armaan gaditti ibsamaniiru.

- Haalli dhiyaannaa uumamteefi hortee dhamjechoota Afaan Oromoo kitaabilee barnoota Afaan Oromoo Kutaa 11^{ffaa} fi 12^{ffaa} Bara 2005 qophaa'an keessatti dhiyaatan haala fedhii barachuu barattootaa keessatti uumuu danda'uun waan hindhiyaanneefi barattoota barsiisotarratti hirkatoo kan isaan taasisuu danda'u ta'uu argannoo kun ni eera. Sababni isaas, maalummaa uumamteefi hortee dhamjechootaa kitaabilee barataa keessatti haala hubannoo ga'aa ta'e kennuu waan hindandeenyeefidha. Kanaafuu, barattoonni dirqama qabsiisa barsiisaan mataduree kanarratti isaanii kennu akka eeggatan kan isaan taasisu ta'uu isaati. Akkasumas, gilgaalota qabiyyeewwan uumamteefi hortee dhamjechootaarratti hundaa'anii kitaabilee barattootaa keessatti dhiyaatan hojjechuuf illee barattoota wanti kallattii qabsiisu baay'ee hinmul'atu. Kun immoo, akka ragaan barsiisotaafi barattootaarraa argame ibsutti ofiin barachuu barattootaarratti dhiibbaa kan geessisan ta'uu ragaaleen argame kun nimul'isu. Karaa birootiin, uumamteefi horteen dhamjechoonni kitaabilee barataafi qajeelcha barsiisaa keessatti dhiyaatan iddoo hedduutti walhinsimani.

- Kun immoo, barsiisonni hubannoo walfakkaataa hintaane barattootaaf akka kennaniif karaa kan banu ta'uufi adeemsa baruu barsiisuu qabiyyee barnootichaa irratti dhiibbaa kan geessisu ta'uu argannoon barsisotaa ni ibsa.
- Kana malees, uumamteefi horteen dhamjechoonni kun kitaabilee barnootaa keessatti dhiyaatan moggaasa adda addaa qabu. Fakkeenyaaf, yaaasaa/ uumamtee jechuun kitaabilee keessatti bakka tokko tokkotti dhiyaataniiru. Moggaasa adda addaa qabaachuun keessattuu uumamteen dhamjechoota Afaan Oromoo kunneen barsiisonnis ta'e, barattoonni moggaasicha akka waan yaadrimee garaa garaa qabanitti hubachuun qabiyyee barnootichaaf hubannoo adda addaa qabaachuun waan danda'aniif qabiyyee barnootichaarratti dhiibbaa geessisu akka danda'u argannoon barsiisotarraa argame ni ibsa. Akkumas, kitaabilee kanneen keessatti maalummaan uumamteefi hortee dhamjechoota Afaan Oromoo bal'inaafi gadi-fageenyaan waan hin ibsamneef, barattoonni mata-duree qabiyyichaan walqabatan barbaacha kitaabilee wabii dubbisuurratti yeroo isaanii akka qisaasessan ta'uu argannoon barsiisotaa niibsa.
- Akkuma kanas, sakatta'a kitaabilee barataafi qajeelcha barsiisotaa keessatti taasifameen yeroo ilaalamu, qabiyyeewwan uumamteefi hortee dhamjechootaa osoo xiyyeeffannoon itti hin kennamiin kan bira darbame ta'uutu kitaabilee barataafi qajeelcha barsiisaarratti qaaccessa taasifameen ragaan barsiisotaan lafa kaa'ameera.
- Haaluma walfaakkaatuun, kitaabileen barataafi qajeelcha barsiisaa walsimuu dhiisuun ammoo dabalataan qabiyyeewwan uumamteefi horteen dhamjechoota Afaan Oromoo barsiisoota adda addaa gidduutti bifa garaa garaatiin hubatmuu waan danda'uuf, argannoon barsiisotaas dabalee ni ibsa. Addaa addummaan kun ammoo barattoota sadarkaa tokkorra jiran gidduutti garaa garummaa kan uumu ta'uu hubachuun nama hin rakkisu.

Walumaa galatti, qorannicha gara xumuraatti fiduun cuunfaa argannoo hanqinaalee dhiyaannaa uumamteefi hortee dhamjechoota Afaan Oromoo kitaabilee barnoota Afaan Oromoo Kutaa 11^{ffaa} fi 12^{ffaa} bara 2005 qophaa'an keessatti mul'atan irratti hundaa'uun yaadni furmaataa kennameera.

5.3. Yaboo

Kutaalee kana keessatti yaadolee cuunfaafi argannoo keessatti ibsaman irratti bu'uureffachuun yaadni furmaataa haala dhiyaannaa uumamteefi hortee dhamjechoota Afaan Oromoo kitaabilee barnoota Afaan Oromoo Kutaa 11^{ffaa} fi 12^{ffaa} bara 2005 qophaa'an keessatti dhiyaatan ibsamaniiru.

Yaadoleen furmaataa kennaman kunneen dhiyaannaa uumamteefi hortee dhamjechoota Afaan Oromoo kitaabilee barnoota Afaan Oromoo keessatti argaman hanqinaalee kan qaban waan ta'aniif, akkaataa ittiin dhiyaachuu qabaniin akka dhiyaatan kan keessatti ibsamaniidha. Kanamalees, hanqinaaleen dhiyaannaa uumamteefi hortee dhamjechootaa kitaabilee barnoota Afaan Oromoo keessatti mul'atan kanaaf tooftaaleen fooyya'insa dhiyaannaa qabiyyee uumamteefi hortee dhamjechootaa maal ta'uu akka qaban wantoonni furmaata nita'u jedhaman haala armaan gadiitiin ibsamani jiru. Yaadoleen furmaataa kennaman kunneenis, inni jalqabaa namoota qaamolee kitaabilee barnoota Afaan Oromoofi sirna barnoota Afaan Oromoo kutaalee kanneenii qopheessaniif kennamudha. Itti aansuun immoo, barsiisota barnoota Afaan Oromoo sadarkaa kana barsiisaniifi barattoota gulantaa kana barataniif ni fayyada jedhamee amanama.

Galma ga'insa adeemsa baruu barsiisuu qabiyyeen barnootaa tokko haala barbaadameen hojiirra oolchuuf haalli dhiyaannaa kitaabilee barnootaa iddoo guddaa qaba.

- Akaakuun uumamteefi hortee dhamjechoota Afaan Oromoo bakka galumsaan, tajaajilaafi qabiyyee irratti hundaa'uun qoodamuu akka qaban bakka galumsaan: duree, duubeefi naannee; tajaajilaan: fufii uumamteefi hortee; bu'uura qabiyyeen: fufii tajaajil-tokkee, fufii tajaajil heddeefi fufii dhokatee kallattiin uumamteefi hortee dhamjechootaa agarsiisuu keessatti qaban adda bahee KB keessatti dhiyaachuun bu'aa akka qabu qopheessitoonni sirna barnootaafi kanneen kitaabilee caaslugaa addaa qopheessan hubannoo keessa galchuun yoo qopheessan gaariidha.
- Haalli dhiyaannaa uumamteefi hortee dhamjechoota Afaan Oromoo kitaabilee barnoota Afaan Oromoo Kutaa 11^{ffaa} fi 12^{ffa}a bara 2005 qophaa'an keessatti dhiyaatan maalummaa isaaniirraa kaasani haala saphaan hubachuun akka

danda'amuutti qophaa'anii dhiyaachuu qabu. Kanaaf, qopheessitoonni kitaabilee barnoota Afaan Oromoofi sirna barnoota Afaan Oromoo qopheessan maalummaa uumamteefi hortee dhamjechoota Afaan Oromoo haala salphaa ta'eefi hubatamuu danda'uun qabsiisaafi fakkeenya hubannoo kennuu danda'aniin deeggaranii osoo dhiyeessaniiru ta'ee ofiin barachuu barattootaa keessatti faayidaa olaanaa qaba.

- Akkaataa uumamteefi hortee dhamjechoota Afaan Oromoo boqonnaa muraasaafi yaada gadi fageenya hinqabneen osoo hintaane, boqonnaalee kitaabichaa giddu galeeffachuun walitti fufuun gurmaa'anii osoo dhiyaataniiru ta'ee haala salphaa ta'een barattoonni hubachuu waan danda'aniif galma ga'insa qabiyyee barnootichaatiif bu'aa guddaa qaba.
- Qindoominni dhiyaannaa uumamteefi hortee dhamjechootaa boqonnaarraa gara boqonnaatti, kutaarraa gara kutaatti salphaarraa gara cimaatti bifa walitti fufinsa qabuun osoo qindaa'ee dhiyaatee adeemsa baruu-barsiisuu caasaa afaaniitiif iddoo olaanaa waan qabuuf ciminaan itti yaadamuu qaba
- Haallii dhiyaannaa qabiyyeewwan uumamteefi hortee dhamjechootaa kitaabilee barataa Afaan Oromoo keessatti dhiyaataniifi qajeelcha barsiisaa keessatti dhiyaatan yoo walsimanii qophaa'uudhaa baatan qabiyyee barnootichaa hojiirra oolchuu keessatti garaagarummaan uumamuu nidanda'u. Kanaafuu, qopheessitoonni kitaabilee barnoota Afaan Oromoo qopheessan hanga danda'ametti kitaabni barataafi qajeelcha barsiisaa akkaataa walsimachuu danda'aniin ofeeggannoon qopheessanii adeemsa baruu barsiisuuf akka dhiyaatu taasisuu qabu.
- Gilgaalonni qabiyyeewwan uumamteefi hortee dhamjechootaa bu'uureffachuun kitaabilee barnoota kanneen keessatti dhiyaatan osoo fakkeenya adda addaatiin deeggaramanii dhiyaataniiru ta'ee, qabiyyichi hanqina tokko malee galma barbaadame ga'uu nidanda'a. Kana jechuunis, gilgaalota qabiyyee uumamteefi hortee dhamjechootaatiin walqabatan dhiyeessuun dura maalummaa uumamteefi hortee dhamjechootaa, tajaajila isaanii, tokkummaafi garaagarummaan uumamteefi hortee dhamjechootaa dursee bal'inaafi haala hubannoo kennuu danda'uun kitaabicha keessatti dhiyaachuu qaba. Bifa kanaan kan dhiyaate yoo ta'e, barattoonni

haala salphaa ta'een gilgaalota kitaabicha keessatti uumamteefi horteen walqabatanii dhiyaatan dalaguu ni danda'u.

- Qopheessitoonniifi fooyyessitoonni sirna barnoota Afaan Oromoo uumamteefi hortee dhamjechootaa wixineessan gahee dhiyaannaa uumamteefi hortee dhamjechoota Afaan Oromoo kitaabilee barnoota Afaan Oromoo keessatti adda baasuun qopheessuu qabu. Qabiyyee barnootaa tokko hojiirra akka oolu gochuu keessatti maalummaan qabiyyichaa adda bahee beekamuu qaba. Haaluma kanaan uumamteefi horteen bifa gilgaalaatiin kitaabilee kanneen keessatti adda bahanii uumamteen dhamjecha Afaan Oromoo isaan kam akka ta'an, haala sagantaa adeemsa baruu barsiisuu barnootichaa irratti dhiibbaa geessisuu hindandeenyeen qophaa'anii dhiyaachuu qabu.
- Uumamteefi horteen dhamjechoonni Afaan Oromoo haala uumamaafi hormaata jechoota Afaan Oromoo keessatti tajaajila adda addaa qabaachuun isaanii beekamaadha. Haaluma kanaan, uumamteefi horteen dhamjechoonni uumama jechootaafi hormaata jechootaaf tajaajilan adda bahanii kitaabilee kanneen keessatti dhiyaachuu qabu. Akkasumas, jechoonni bu'uuraa ykn jechoonni haadhooniifi fufiileen uumamteefi horteen kitaabilee kanneen keessatti akka gilgaalaatti dhiyaatan ulaagaa ittiin adda bahanii beekaman waliin kitaabilee barnoota Afaan Oromoo keessatti dhiyaachuu qabu. Kanaafuu, qopheessitoonni qabiyyee uumamteefi hortee dhamjechootaa kitaabilee barnoota Afaan Oromoo keessatti sagantaa barnootaatiif qopheessan haala uumamteefi hortee dhamjechootaa kun jechoota bu'uuratti maxxanuun jechoota haarawwaa itti uumuu danda'aniif tajaajila caaslugaa itti agarsiisu adda baasanii osoo kan dhiyeeffamu ta'ee hubannoo qabiyyee barnootichaa irra caalaa mijataa taasisa.
- Uumamteefi horteen dhamjechoonni Afaan Oromoo jechoota adda addaarratti fufamuun kanneen uumamaniifi horanidha. Kunis, adeemsa uumamaa keessatti kanneen garee jechootaa kan jijjiiran yoo ta'u, gareen jechootaa horan ammoo tajaajila caaslugaa garaagaraa kanneen akka koorniyaa, ramaddii, maayii, danoomina, haala raawwiifi kkf agarsiisuuf kan oolanidha. Kanaafuu, qopheessitoonni kitaabilee barnootaafi sirna barnootaa Afaan Oromoo qopheessan haala dhiyaannaa uumamteefi hortee dhamjechoota

Afaan Oromoo haala ofiin barachuu barattoottaarratti dhiibbaa geessisuu hindandeenyeen xiyyeeffannoo itti kennuu qopheessuu qabu.

- Uumamteefi horteen dhamjechoonni kitaaba kana keessatti argaman karaa kallattii ibsaafi fakkeenya adda addaa kennuun kan dhiyaate waan fakkaatuuf osoo walsimachuun karaa alkallattii xiyyeeffannoo keessa galchuun afoolawwan adda addaa kanneen akka baacoo, oduu durii, mammaaksaafi kanneen biroo keessatti haammatamee barattoota, barsiisotaafi dubbistoota waan ofitti hawwatuuf, haala salphaa ta'een uumamteefi hortee dhamjechootaa akka adda baafataniif gargaara waan ta'eef qopheessitoonni sirna barnootaafi kanneen kitaabota adda addaa qopheessan osoo hubannoo keessa galchuun qopheessanii gaariidha.
- Kitaabni barattootaaf qophaa'u daree keessatti waliin mari'achaa ykn haasa'aa akka baratan kan taasisu yoo ta'e gaariidha. Kunis, caasaa afaanii qofa barsiisuu osoo hintaane dandeettii dhaggeeffachuufi dubbachuu akka gabbifataniif kan haala mijeessu waan ta'eef itti yaadamee qophaa'uun gaariidha
- .Kitaabni barnootaa yeroo qophaa'u qabiyyee isaa keessatti wantoota qabatamaa naannootti argaman aadaafi duudhaa hawaasaa barsiisu waliin waliin walqabsiisuun dhiyeessuun gaariidha.
- Karaa biraatiin, osoo silabasiin barnootichaa kitaabilee barataafi qajeelcha barsiisaa waliin wal bira qabamee qaaceffameera ta'ee qorannichi irra jireessaan bu'a qabeessa taasisuu danda'a ture. Kanaafuu, milkaa'ina adeemsa baruu barsiisuutiif silabasiin barnootichaa manneen barnootaa keessatti hojiirra ooluu qaba.
- Ogeessonni xinqooqa Afaan Oromoo quuqamanii waa'een afaanichaa isaanitti dhaga'amu kitaabilee wabii adda addaa barreessaa turaniifi barreessaa jiran dhaabbilee maxxansaafi raabsaa, akkasumas BBO waliin ta'uudhaan manneen barnootaatiif akka raabsan tattaaffii cimaa taasisuutu irraa eegama.
- Barsiisonni Afaan Oromoo barsiisan dandeettii isaanii gama qabiyyee uumamteefi hortee dhamjechootaatiin qaban cimsachuuf kitaabilee wabii garaagaraa dubbisuun dandeettii isaanii guddifachuuf carraaqii taasisuutu irraa eegama. Akkasumas, haamilee barattoota isaanii kakaasuufi

dadammaqsuun afaan isaanii xiyyeeffannoo guddaa itti kennuu haalaan akka baratan gargaarsa gochuufii qabu.

Walumaa galatti, hanqinaalee haala dhiyaannaa uumamteefi hortee dhamjechoota Afaan Orommoo kitaabilee barnoota Afaan Oromoo Kutaa 11^{ffaa} fi 12^{ffaa} bara 2005 qophaa’anii adeemsa baruu barsiisuutiif dhiyaatan keessatti argaman sirreessuuf, kitaabileen barnootaa amma qophaa’anii hojiirra ooluuf jiran keessatti haalli dhiyaannaa uumamteefi hortee dhamjechootaa xiyyeeffannoo keessa galuun milkaa’ina galma ga’insa barnootichaaf xiyyeeffannoo guddaa taasisuun gulaalamanii dhiyaachuu qabu.

Wabii

- Abarraa Nafaa (ed). (1996). *Caasluga Afaan Oromoo*. Finfinnee: Komishinii Adaafi Tuurizimii Oromiyaa.
- Abdulsamad Muhammad.(1994).*Seerluga Afaan Oromoo*.Caffee Oromiyaa:Finfinnee.
- _____. (1998). *Seerluga Afaan Oromoo*. Mana Maxxansaa Boolee.
- Addunyaa Barkeessaa. (2010). *Natoo: Yaadrimee Caasluga Afaan Oromoo*. Finfinnee: Mega Printing Press.
- _____. (2009). *Terminology-related Problems in Teaching Afaan Oromoo*. German: VDM Verlag Publishing House.
- _____. (2011). *Akkamtaa: Qorannoo hujoo Afaan Oromoo Keessatti*. Finfinnee: Efficiency Printing Press.
- _____. (2011). *Sanyii: Jechaafi Caasaa Isaa*. Finfinnee: Alem Printing Plc.
- _____. (2012). *Natoo: Yaadrimee Caasluga Afaan Oromoo*. Finfinnee: Mega Printing Press.
- _____. (2018). *Semmoo: Bu'uura Barnoota Afaaniifi Afoola Oromoo (max. 3^{ffaa})*. Oromiyaa, Finfinnee:
- Abarraafi et al. (1998). *Caasluga Afaan Oromoo*. Finfinnee: Far East Trading Plc.
- Asafaa Tafarraa, (2009). *Eela: Seenaa Oguma Oromoo*. Finfinnee: Far East trading PLC.
- Askale Lamma. (1998). "Some points on Oromo Orthography" Interdisciplinary Seminar of the Ethiopian Studies (1st) Nathareth, pp 323-337
- Anderson, S.R. (1992). *Amorphous Morphology*: Cambridge Univrsity Press.
- Atkins J. et al. (1995). *Skill Development Methodology (Part-I)*. Addis Ababa: Addis Ababa printing Press.
- Bauer,L.(1983). *English Word Formation*. Cambirdge:Cambridge University.
- _____. (1988). *English Word Formation*. Cambridge University Press
- _____. (1986). "*The Phase Structure of Ethiopian Oromo*" London: University of London, School of Oriental Studies (PhD dissetion).
- Beekamaa Likkaasaa. (2004). *Seer-luga Afaan Oromoo*. Finfinnee, Dhaabbata maxxansaa Artistikii.

- Biirroo Aadaafi Tuuzimii Oromiyaa. (1999). *Wiirtuu, Barruulee Qormaata Waaltina Afaan Oromoo, Jildii 8*.
- Bender, M and Mulugeta, E. (1970). “*Descriptions of Representative Language in Bender, (1970). Language of Ethiopia. (Part x chapter two) AA: AAU. PP 1-30*
- Berg, B. (2001). *Qualitative Research Methods for the Social Sciences*. California State University, Long Beach.
- Brown, et al .(1989). *Curriculum and Intraction In To Method of Teaching*. London: Mc millan Campany.
- Catherine, G.M. (2001). *Agrammatical Sketch of Witten Oromoo. RUDIER KEPPER VERLAG.OLNISBN 3-89645-0395*.
- Ceele-Murcia, M (1991) “*Grammer Pedagogy in second Forein Language*” Vol. 25 No3 pp 459- 480 online: [htt/www. Jostor](http://www.Jostor)
- Chomsk, N. (1957). *Systantic Structure*. The Hague Mounon.
- _____. (1965). *Aspects of the theory of syntax. Cambrige: MIT Press*.
- Crystal,D.(1987).*The Cambridge Encyclopedia of Language*. Cambridge:Cambridge University Press.
- Dastaa Dassaalany. (2002). *Bu’uura Qorannoo*. Addis Ababa: Dhaabbata Maxxansaa Boole.
- Duulaa Dilboo. (2016) ”*Qaaccessa Qabiyyee Dhamjechoota Afaan Oromoo Kitaaba Barataa Kutaa12^{ffaa}”* Universiitii Finfinneetti Waraqaa Qorannoo Digirii 2^{ffaa}(MA) (Kan hinmaxxanfamne).
- Fedhasaa Taaddasaa. (2017). *Bu’uuraalee Ogbarruu Oromoo*: Finfinnee, Oromiyaa: Dhaabbata Maxxansaa IIsabaa Publishing.
- Freeman, L. (2000). *Techniques and Principles in Language Teaching*. United Kingdam: Oxford University Press.
- Feyisa Demie (1996). “*Historical challenges in the Development of Oromoo Language and Some Agenda for Future Research.*” *Journal of Oromo studies, Murfrees boro MiddleTennessee*.
- Filee Jaallataa. (2015). *Seerluga Oromoo*. Finfinnee: Mana Maxxansaa Raajii.
- Finch, G.(2005). *Key Concepts in Language and Linguistics*. (2nd ed.).Houndsmils Basingstoke, Hampshire. New York: Palgrave McMillan.

- Fromkin, V. (2003). *An Introduction to language*. 7th.(edt).United State: Haine andThomson
- Gabbaaroo Tulluu (2007).*Caasluga Afaan Oomoo*-11 Barnoota Barsiisotaa Finfinnee: Yunivarsitii Kolleegii Aalfaa
- Gragg, Gene, B. (1982). *The Oromoo of Wollega; in Bender.1976. The Non-Semitic Languages of Ethiopia*.East Lasting: Afrikan study center. Michigan stste University, pp.166-194
- Gragg, G. (1976). “*Oromo of Wollega.*” In The Non Semantic Language of Ethiopia, ed. and African Studies Vol.xliv part 3 University of London.
- Geert E. Booij. (2007). *The Grammar of Words: An Introduction to Linguistic Morphology*, 2nd ed. Oxford University Press.
- Geetaachoo Rabbirraa. (2004). *Seerluga Afaan Oromoo*. Dhaabbata Maxxansaa Meeggaa.
- _____.(2009). *Furtuu: Seerluga Afaan Oromoo*. Finfinnee: Dhaabbata Maxxansiisaa Kuraaz Intarnaashinaal.
- Green Baum and Nelson. (2002). *Introduction to English Grammar (2nd ed)*. ,Longman : Person Education Lmt.
- Gurmeessaa Tuujjubaa (2014) “*Qaacceessa Caasaa Jechaafi Hima Afaan Oromoo Kitaabilee Baumsaafi Kitaabilee Wabiirratti kan xiyyeeffate*” Yuunivarsiiti Finfinee: Waraqaa Qorannoo Digirii 2^{ffaa} (MA) Guuttachuuf (Kan himaxxanfamiin).
- Good, C.V. (1973).*Dictionary of Education*. New York: Mc Graw Hill Book Company.
- Hamid Muude.(1995). *Hamid Muude’s Oromo Dictionary. Vl. 1*, Atlanta: Sagalee Oromoo Publishing, Inc.
- Harmer, J. (1987). *Teaching and Learning Grammar*. UK: Longman York press.
- _____.(1991). *The Practice of English Language Teaching*. UK: Longman.
- _____. (1997).*The Practice of English Language* .UK: Longman York Press ork press.
- Haspelmath, M.(2002).*Undersstanding Morphology.2nd (ed)*. Hodder Arnold.
- Horn by, A.S. (2005). *Oxford Advanced Learner’s Dictionary (7th Ed)*. Oxford: Oxford University press.
- Jaarraa W.Bfi W.B Yaadatu. (2000). *Bantuu Haaraa: Caaslugaafi Ogbarruu Afaan Oromoo*. Finfinnee: Printing Press.

- Katamba, Francis.(1993). *Morphology*.Great Britain, the machmillan Press.Ltd.
- Krippendoff, K.(1980). *Content Anallaysis: An introduction to it Methodology*, Beverly Hills, CA: Sage.Lyons, John. (1981). *Language And Linguistics An Introduction*, Combridge: Cambridge, University Press.
- Kumar, R. (2005). *Resaerch Medhodology. Astep By Guide for Beginners*. London: Sage Publication.
- Lyons, John.(1981).*Language and Linguisticcs. An Introduction*.Cambridge:Cambridg Universit- y Press.
- Mahaad Amiin Muddee. (1995).*Oromo Dictionary, English Oromo*. Vol.Atlanta, Georgia: Sagalee Oromo Publishing.
- Maccarty, M. (2002). *Issues in Applied Linguistics*. Cambridge University Press.Matthews, P. H.(1991). *Morphplogy. (2nd Ed)*. Cambridge University Press.
- Mahaad Amiin Muddee.(1995).*Oromo Dictionary,English Oromo*. Vol.Atlanta, Georgia: Sagalee Oromo Publishing. .
- Matthews, P. H. (1991). *Morphology. (2ndedt.)*. Cambridge:Cambridge University press.
- Mc Donough, J. and Shawa, C. (1993). McDougal, L. (1989). *Littell English, Orange Level. Analyzing Word Parts to Determine Meaning*. New York: United State of America.
- Mc Carthy, Michael.(2001).*Issues In Applied Linguistics*. Cambridge: Cambridge University Press
- McDougal, L. (1989). *Lit tell English, Orange Level*. Analyzing Word Parts to Determine Meaning. New York: United State of America.
- Mc Graw Hill /Glencoe Hill/. (2000). *Grammar and Composition Hand Book*. New York. United states of America.
- Misgaanuu Gulummaa. (2012). *Biiftuu Guddina Afaanii*.Finfinnee: Subi printing press.
- Mitikkuu Dibbeessaafi Tashoomee Egeree. (1992). *Xinjecha: Seerluga Afaan Oromoo Hidhaa 2ffaa*. Barnoota Fagoo Dhaabbata Mala Qunnamtii, Ministera barnootaa.
- O' Grady, W. and Dobrovolsky. M. (1996). *Contemporary Linguistics Analysis, an Introduction (3rd. ed)*. Ternto Copp Clarch Ltd.
- Owens, J. (1985a).*The Grammar of Harar Oromo*. Humburge: Hemut Buske Verlage Humbrge
- Radford, et al. (1999). *Linguistics: Introduction*, Cambridge: Combridge University Press.

- Richards, J.C. (2001). *Curriculum Development In Language Teaching*. Cambridge: Cambridge University Press
- Richards, J. C. and W.A. Renandya. (2002). *Methodology In Language Teaching*: Cambridge University Press.
- Saamu'eel Nagaasaa. (2007). *Dhiyaannaa Barnoota Caasluga Afaan Oromoo Kitaaba barataa kutaa 10ffaa keessatti*. Waraqaa Qorannoo Digirii 2ffaa Yuun. Finfinnee.
- Sharma, K. and Tuteja, T. (2005). *Teaching of Language and Linguistics*. Delhi: Ajay Verma. Stern, H.H. (1993). *Fundamental Concepts of Language Teaching*. Oxford: Oxford University Press.
- Stern, H.H. (1983). *Fundamental Concepts of Language Teaching*. Oxford: Oxford University Press
- Sukkaaree Baqqalaa. (2016). "Qaaccessa Dhiyaannaa Qabiyyee Dhamjechaa: Kitaabilee Barnoota Afaan Oromoo Kutaa saglaffaafi Kurnaaffaa" Universiitii Finfinneetti Waraqaa Qorannoo Digirii 2^{ffaa} (MA) (Kan hinmaxxanfamne).
- Tamane Bitama. (2000). *A Dictionary of Oromoo Technical Terms*. Oromo English. Berlin: Rudiger Kopp verlage Colin.
- Tashoomaafi Amaanu'eel. (2009). *Seensa Afaaniifi Xinqooqaa: Hidhaa 1^{ffaa} Barnoota Fagoo*. Yuunvarsiiitii Jimmaa (Kan hinmaxxanfamiin).
- Tilahuun Gemta. (1994). "Qubee Afaan Oromoo: Reason's for Choosing the Latin Script for Developing an Oromo Alphabet" *Journal of Oromo Studies* VL. 1 No. 1 pp36-40
- Xilahuun Gamtaa. (1995). *Seera Afaan Oromoo*. Finfinnee: Mana Maxxansaa Daldalaa.
- Tolamariyam Fufaa. (2011). *Seera Afaan Oromoo I. Dhaamsa Gaaffii Dhamjechaa*. Addis Ababa: Addis Ababa University.
- Wardaugh, R. (1977). *Introduction Of Linguistics 2nd. (ed)*. New York: Mc Graw Hill Company
- Weber, R.P. (1990). *Basic Content Analysis (2nd.ed)*. New York, CA. Sage.
- Yule, G. (1996). *The Study of Language. 2nd. (EDT)*, Cambridge: Cambridge University Press.

Dabaleewwan

Dabalee A

YUNIVARSIITII FINFINNEETTI, KOLLEEJII NAMOOMAAQORANNOO AFAANOTAA, JORNAALIZIMIIFI QUUNNAMTII MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFU FOOKLOORII

I.Mirkaneeffannaa Qaaccessa Kitaabilee Barataafi Qajejcha Barsiisaa, **Barsiisonni** Akka Guutaniif Dhiyaate

Kaayyoon mirkaneeffannaa kanaa haalaa dhiyaannaa qabiyyee uumamteefi hortee dhamjecha Afaan Oromoo kitaaba Barataafi qajeelcha barsiisaa Kutaa 11^{ffaa} fi 12^{ffaa} irratti qorannoo gaggeessuufidha. Kanaaf, gaaffilee dhiyaataniif deebiin qulqullinaafi amanamummaadhaan kennitan fiixaan ba'insa qorannoo kanaatiif gumaacha guddaa qaba. Kanaafuu, shakkiifi ofqusannaa tokko malee akka deebistan abdiin isinirraa eegamu guddaa ta'uu isaa ibsaa deeggarsa gootan hundaaf galatoomaa!

Qabxii mirkaneeffannaa kana keessatti ittiin dhimma bahame qabxiilee afur kanneen haala argama dhamjechootaa waliin walqabatani mul'atani.

4. Haala baay'ee gaarii

2. Giddu galeessa

3. Haala gaarii ta'een

1. Gadaanaan

Kan ibsaman yoo ta'an haala argama isaanii ilaachisee jala isaaniitti mallattoo ($\sqrt{\quad}$) kaa'i.

Qajeelfama: Dhimmoonni qaaccessa kana keessatti hammataman haala dhiyaannaa dhalatoaafi hortee dhamjechoot kitaabilee barataafi qajeelcha barsiisaa Afaan Oromoo Kutaa 11^{ffaa} fi 12^{ffaa} bara 2005 qophaa'an irrattidha. Kan qaaceffamu ammoo haala dhiyaannaa uumamteefi hortee dhamjechoonni Afaan Oromoo kitaabilee kanneen keessatti argaman haala maaliin akka dhiyaataniifi maal akka fakkaatan kan ilaalludha.

Kaanaafuu, haalli dhiyaannaa uumamteefi hortee dhamjechoonni Afaan Oromoo kitaabilee barataafi qajeelcha barsiisaa Kutaa 11^{ffaa} fi 12^{ffaa} boqonnaalee garaa garaa keessaatti argaman haala akkamiin akka dhiyaatan walitti cuunfuun qabxiilee gabatee armaan gadii keessatti dhiyaatan irratti hundaa'uun deebii sirriidha jettan kennaa. Qabxiilee gabatee mirkaneeffannaa keessatti dhiyaatan mul'istoota lakkoofsa 1-4 ibsaman ofkeessaa qabu.

2.1 Haala dhiyaannaa uumamteefi hortee dhamjechootaa kitaaba barataa keessatti

Lakk.	Qabiyyeewwan				
		4	3	2	1
1.	Haala dhiyaannaa uumamteefi hortee dhamjechootaa				
1.1	Haalli dhiyaannaa uumamteefi hortee dhamjechootaa akkamitti akka barataman fakkeenya bal'aan qajeelcha barsiisotaa keessatti ibsamaniiruu?				
1.2	Haalli dhiyaannaa uumamteefi hortee dhamjechootaa kitaaba barattootaa keessatti dhiyaataniifi qajeelcha barsiisotaa keessatti dhiyaataniin walsimuu?				
1.3	Qindoominni dhiyaannaa uumamteefi hortee dhamjechootaa maal fakkaata ?				

Haala dhiyaannaa uumamteefi hortee dhamjechootaa kitaaba barataa keessatti

Lakk.	Qabiyyeewwan	Mul'istoota			
		4	3	2	1
2	Haala dhiyaannaa uumamteefi hortee akaakuu dhamjechootaa				
2.1	Uumamteefi horteen dhamjechoota Afaan Oromoo isaan kam akka ta'an addaan ba'anii ibsamaniiruu?				
2.2	Akaakuun uumamteefi hortee dhamjechoota Afaan Oromoo kitaaba barataafi qajeelcha barsiisotaa keessatti dhiyaataniin walsimuu?				
2.3	Uumamteefi hortee dhamjechoota kanneenii ifaan ifatti kitaabicha keessatti adda bahee ibsameeraa?				
2.4	Akaakuun dhiyaannaa uumamteefi hortee dhamjechoot Afaan Oromoo kitaabicha keessatti dhiyaate maal fakkaata?				

Haala Uumama Jechoota Afaan Oromoo

Haala uumama jechoota Afaan Oromoo ilaalchisee gareen jechaa haarawwaa itti uumamu kitaaba barnoota Afaan Oromoo keessatti maal akka fakkaatu adda baasuuf sakatta'insi kitaabaa taasifameera. Yaada kana mirkaneeffachuuf qabxileen sakata'insi irratti taasifame yaada kana mirkaneeffachuuf gabatee(4.1) keessatti erga erga adda bahee ibsameen booda qaaceffameera.

Lak.		Mul'istuu			
		4	3	2	1
3	Haala hormaata jechootaa				
3.1	4.1 Haala jechoonni fufiilee adda addaa maxxanfatanii jechoota haaraa itti uuman kitaabicha keessatti ibsameeraa?				
3.2	Haala fufiileen hundee jechaatti maxxanuun garee jechootaa jijjiiruun itti danda'an kitaabicha keessatti ibsameeraa?				
3.3	Jechoota bu'uuraa isaan kamitti fufiilee maxxansuun jechoota haarawwaa ijaaruun itti danda'amu kitaabicha keessatti ifaan ifatti ibsameeraa?				

Haala dhiyaannaa hormaata jechoota Afaan Oromoo qajeelcha barsiisaa keessatti

Lakk.	Qabiyyeewwan	Mul'istoota			
		4	3	2	1
4	Haala dhiyaannaa hormaata jechoota Afaan Oromoo				
4.1	Haala jechoonni fufiileen adda addaa maxxanfatanii jechoota haarawwaa itti uuman kitaabicha keessatti ibsameeraa?				
4.2	Haala fufiileen hundee jechaatti maxxanuun hiika jijjiruu ykn garee jechootaa jijjiiruun itti danda'an kitaabicha keessatti ibsameeraa?				
4.3	Akkaataan dhiyaannaa hortee dhamjechoota Afaan Oromoo jechoota garaagaraa ijaaruun tajaajila caaslugaa itti agarsiisan kitaabicha keessatti ibsameeraa?				

Dabalee B
YUNVARSIIITII FINFINNEE
KOLLEEJII NAMOOMAA, QORANNOO AFAANOTAA, JORNAALIZIMIIFI
QUUNNAMTIITTI MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFII
FOOKLOORII

Afgaaffii Barsiisotaa

1. Uumamteefi horteen akaakuun dhamjechoota Afaan Oromoo kitaaba barataa keessatti dhiyaatan fedhii barachuu barattootaa nikakaasuu?
2. Haalli dhiyaannaa uumamteefi hortee dhamjechootaa kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa keessaa walsimuu?
3. Akaakuun uumamteefi hortee dhamjechootaa kitaabilee kana keessatti hammatamaniiruu?
4. Miidhaa hanqinaalee dhiyaannaa uumamteefi hortee dhamjechootaa baruu barsiisuu keessatti fidu jiraa?
5. Hanqinaaleen haala dhiyaannaa uumamteefi hortee dhamjechoota Afaan Oromootiif ka'umsi maal ta'uu danda'a?
6. Haalli dhiyaannaa dhalaoofi hortee dhamjechootaa kitaabilee barnootaa keessatti hammatamanii qabiyyee barnootichaa guutuu taasisuu?
7. Hanqinaalee dhiyaannaa uumamteefi hortee dhamjechoota Afaan Oromoo maqsuuf yaadni furmaataa maali

Dabalee C

YUNVARSIIITII FINFINNEETTI KOLLEEJII NAMOOMAA, QORANNOO AFAANOTAA, JORNAALIZIMIIFI QUUNNAMTIITTI MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFII FOOKLOORI

3. Bargaaffii Barattootaaf Dhiyaate

Kaayyoon bargaaffii kanaa haalli dhiyaannaa uumamteefi hortee dhamjecha Afaan Oromoo kitaaba barataa kutaa 1^{ffaa} fi 12^{ffaa} irratti qorannoo gaggeessuufidha.

Deebiin isin kennitan hubannoo barnoota dhlatoofi hortee dhamjecha jechaa argattan waliin gonkumaa kan walqabatu miti. Garuu, gaaffilee dhiyaataniif deebii qulqullinaafi amanamummaadhaan kennitan fiixaan ba'insa qorannoo kanaatiif gumaacha guddaa qaba. Kanaafuu, shakkii, ofqusannaa tokko malee akka deebistan abdiin isinirraa eegamu guddaa ta'uu isaa ibsaa, deeggarsa gootan hundaaf galatoomaa!

Kanatti aansuun, osoo gaaffii dhiyaataniif deebii hinkenniin dura odeeffannoo dhuunfaa keessan jalqabaa guutaa.

1. Maqaa mana barumsaa _____

2. Saala _____ Hub. Maqaa keessan barreessuun hin barbaachisu.

Qajeelfama: Gaaffilee armaan gaditti siif kennaman saanduqa deebii sirrii qabata jettutti mallattoo (✓) deebii kee agarsiisi. Akka gaariitti Hammana miti Hanga tokko Homaa

1. Yommuu qabiyyee dhiyaannaa uumamteefi hortee dhamjechoota Afaan Oromoo Kutaa keessatti barattu hubanno qabiyyichaa bal'inaan argatteetaa?

Eeyyee; akka gaariitti Homaa

Hanga tokko Giddu galeessa

2. Qindoominni dhiyaannaa uumamteefi hortee dhamjechootaa kitaabichaa keessatti sirriitti mul'ataa?

Eeyyee; akka gaariitti Hammana miti

Eeyyee; hanga tokko Homaa

3. Haalli dhiyaannaa hortee dhamjechoota Afaan Oromoo caasluga agarsiisuun tajaajilan kitaaba barattootaa keessatti dhiyaatee argamaa?

Eeyyee; akka gaariitti Hammana miti

Eeyyee; hanga tokko Homaa

4. Haalli dhiyaannaa uumamtee uumama jechootaa keessatti akkaataa dhamjechoonni garaagaraa garee jechaa duraan ture jijjiiruudhaan garee jechaa haaraa uumuuf Afaan Oromoo keessatti tajaajilan kitaaba barattootaa keessatti adda bahee nimul'ataa?

Eeyyee; akka gaariitti Hammana miti

Eeyyee; hanga tokko Homaa

5. Gilgaalota kitaabaa keessatti dhimmoonni uumamteefi hortee jechoonni jechaafi dhamjechootan walqabatan qabiyyee barnootichaaf gahaadhaa?

Eeyyee; akka gaariitti Hammana miti

Eeyyee; hanga tokko Homaa

6. Maalummaa uumamteefi hortee dhamjechaa ilaalchisee ibsi kitaaba barnoota Afaan Oromoo Kutaa 11^{ffaa} fi 12^{ffaa} keessatti kennamee gahaadhaa?

Eeyyee; akka gaariitti Hammana miti Eeyyee; hanga tokko Homaa

Waraqaa Mirkaneeffannaa

Ani qorataan maqaafi mallattoon koo armaan gadi eeraame, qorannoo kun hojii koo ta'uu isaafi kanaan duras Yuunivarsiitii kamiyyuu keessatti kan hindhiyaanne ta'uusaa; wabiilee qorannoo kanaaf dubbisee haala seera qabeessa ta'een fudhadhee wabii keessatti kaa'uu koo nan mirkaneesse.

Maqaa _____

Mallattoo _____

Guyyaa _____

Ani Dr. _____ barataan kun hojii isaa ofittisuuf dhiyaachuu isaa mallattoo kootiin mirkaneesseera.

Maqaa Gorsaa _____

Mallattoo _____

Guyyaa _____